DHANGAA DHALOOTA QUBEE:
Tumsa Haaromsa Seenaa Oromoo

JILDII-I

Barreessaan:
Gazzahaany Lammii Hordofaa (MA)

Gulaaltonni:
1. Beekan Gulummaa, Kaadhimamaa PHD
2. Tasfaayee Birhaanu, Kaadhimamaa PHD
3. Milkeessaa Miidhagaa, Kaadhimamaa PHD
4. Faajjii Caalaa (MA), Barsiisaa Saayinsii Siyaasaafi Hariiroo Addunyaa

☞Sadarkaan barnoota gulaaltotaa kan yeroo kitaabicha gulaalaniiti (2014)

Bara 2017
Dirree Dhawaa, Oromiyaa

Mirgi guutuun kan barreesaati!
All rights reserved!

Copy right © 6411 Gazzahaany Lammii Hordofaa

Kitaaba kana eeyyama barreessaatiin ala karaa kamiinuu seeraan ala baay'isuufi raabsuun seera duratti nama gaafachiisa.

Yaada, gaafiifi qeeqa dubbistootaf:-
Mermeertun: 0921-89-83-22
Fuul-barruun: Gezahegn Lemi Hordofa
Imeeliin: bokkuugadaa0@gmail.com

Yaadachiisa: Haala addaatin yoo hinibsamne, kitaaba kana keessatti lakkoofsi baraa hundi akka lakkoofsa Gorgooriyoositti barreeefaman.

Yaada Gulaaltotaa

"Uummanni Oromoo aadaafi seenaa Afrikaa irra darbee Addunyaaf fakkeenya ta'u qaba. Ta'us, seenaan kun galmee seena addunyaa irraa baroota dheeraaf ugguramee tursiifameera. Seena Itoophiyaa jedhame mana barnootaatti ijoolleen oromoo kan baratan seenaa kalaqaa dabtaroonni habashaa barreessaniidha.Kun ammoo iddoo tokkotti dhaabatee dhalonni lafaa dhufaan seena isaa qulqulluu ta'e barachuu qabu.Kanaaf ammoo tumsa haaroomsa seenatu barbaachisa. Kitaabni seenaa kan Barsiisaa Gazzahaany Lammiitin barraa'ee kunis gumaacha olaana tumsa kanaati. Kitaabni kun Kitaabota muraasa seenaa Oromoo irratti Afaan oromootiin baarraa'aniifi ani dubbiserra qabiyyeefi dhiyeessaan caaleen arge. Oromoon seenaa isaa caalatti baruu barbaadu kamiyyuu yoo dubbise waan guddaa irraa akka baratu nan abdadha."

Tasfaayee Birhaanu Birmajii, Univarsiitii Bonnitti
qorataafii barataa PHD

Duuba deebi'anii seenaa sakkata'uun fuulduraaf aggaammii jabeeffachuufidha. Dhaloonni amma jiru ilaalcha dadhabaa dur ture maqsinee abdii egeree saba bal'aa tumsuuf dantaa dhuunfarra kan waloo xiyyeeffachhudha qabna.Inni nu ta'uuf jennu kan taanee darbine sana hodhee fayyisee biiftuu ifni ishee wal irraa hincinne kan xiyyi walqixxummaa ardii mararraa akka aduu saafaa bobeesitu agarsiissun abjuu dhaloota qubee ammaa kanaadha.Kan darbe hindarbatan jenneerraati. Kitaabni hayyuu keenya kun seenaa yaadachiisaa furmaata mala dhoofsisa. Hunduu dubbisuu qabna.

Beekan Gulummaa Irranaa

Galata

Galanni duraa kan Waaqayyooti. Waaqaa gaditti:-

1ffaa Qareeyyii Oromoo mirga saba isaanii kabajachiisuf jecha qabeenya, ogummaa, dhiiga, lafeefii lubbuu isaanii aarsa taasisun xiyyoo sabboonummaa natti agarsiisan hunda, keessattuu warreen aarsan isaanii gurra sabaa jalaa dhokate kanneen akka Yaadatee Daamasaatif;

2ffaa Firoota, hiriyyoota, fi namoota kitaaba koo jalqabaa Fulbaana bara 2015 mata-duree **"Tooftaalee Cimsannaa Dandeettii Barnootaa"** jedhuun maxxansiise dubbisuufi gurguruun akkasumas warreen bifa garaagaraatin qophii kitaaba kanaa keessatti qooda fudhatan hunda, addatti Warquu Bayyanaa, Faajjii Caalaa, Gammachis Teessoo, Cimdii Guddisaa, Kumaa Hindhee, Abdallaa Ijaaroo, Dabalee Lammii, Lammaa Tasammaa, Leensa Gudataa, Farihaa Abdurahaaman, Beekan Irranaa, Milkessaa Midhagaa, Tasfayee Birhaanuu, Lammaa Daadhii, Gammachuu Gutamaa, Taamirat Bayanaa, Leemanee Muusaa, Jananaa Katamaa, Darajjee Katamaa, Shiffarraa Katamaa, Laggasaa Mul'isaa, Heeyyii Kaawoo, Taayyee Damee, Yoomiyyuu Mul'ataa, fi haadha-warraa too aadde Maartaa Katamaa Tufaa guddaan galateefadha.

Namoota yeroofi haloota garaagara keessatti faallaa koo dhaabbachuun xiiqii sabboonummaa onnee koo keessatti dagaagsanis akkasuma. Dhuma irratti Miseensota dhaloota qubee hanqinoota hojjii kiyya irratti mullatan guutuufi qajeelchun sochii haaromsa seenaa Oromoo "dhaloota garaa mutaatin" jalqabame kana fiixan baasuf jiran hunda gamanumaan galateefadha.

Galatooma!

Yaadannoo

Kitaabni kun 1ffaa namoota ajaja eenyuutuu osoo hineegatin fedhaafi kakka'uumsa mataa isaanitin aarsaa Oromummaan isaan irraa gaafatu hunda gaabii tokko malee baasan hundaaf, 2ffaa abbaa koo obbo Lammii Hordofaa isa yeroon mana hidhaa keessa turetti godaanuu isaatiin gaggeessaa abbummaa narraa dhabeef, 3ffaa Harmee too ishee miixattee nadeessee nuffii malee natti dadhabdee naguddiste aadde Meetii Gosayee Barruutif, 4ffaa intala too Moonanus Gazzahaanyif, akkasumas maatiifi hiriyyoota koo hundaaf yaadannoo bara bara naf haa ta'u.

QABEENTAA

Mata-dure	Fuula
Galata……	4
Yaadannoo……	5
Gabatee qabeentaa……	6
Seensa……	11
Boqonaa Tokko:	
Milluu Seenaa Ummata Kuushfi Kuushummaa Oromoo	
1.1 Seensa……	46
1.2 Hundee Dhaloota Ummattoota Kuush……	49
1.3 Daangaa Qubsuma Ummattoota Kuush Durii……	73
1.4 Mootummoota Ummattoota Kuush Durii……	76
1.5 Qaroomina Ummattoota Kuush Durii……...	103
1.6 Sababoota Kufaatii Mootummoolee Ummattoota Kuush Durii……	125
Boqonaa Lama:	
Oromummaafi Seenaa Eenyummaa Oromoo	
2.1 Yaad-rimee Oromummaa……	137
2.2 Moggaasa Maqaa Sabaa Oromoo……	144
2.3 Hidda Dhaloota Oromoo……	146
2.4 Biyya Dhaloota/Qubsuma/ Saba Oromoo……	148
2.5 Biyya Oromoo: Oromiyaa……	188
2.6 Afaan Oromoo……	192
2.7 Siyaasaa Oromoo: Sirna Gadaa……	194
2.8 Amantii Oromoo……	213
2.9 Aadaa Oromoo……	230
2.10 Dhaha Oromoo……	235
2.11 Sona Oromoo……	240

Boqonaa Sad:

Seenaa Warraaksa Qolannaa Roorroo Bar-dhibbee 16ffaa

3.1 Seensa…… 259
3.2 Sababoota Ka'uumsafi Kaayyoo Warraaksichaa… 264
3.3 Qophiifii Adeemsa Warraaksichaa…… 291
3.4 Bu'aalee Warraaqisichaan Argaman…… 304

Boqonaa Afur:

Jijjiirama Dhufuu Sirna Jireenya Oromoo (1700-1840)

4.1 Seensa…… 308
4.2 Haala Jireenya Oromoota Kaabaa…… 311
4.3 Haala Jireenya Oromoota Lixaa…… 332
4.4 Haala Jireenya Oromoota Giddu Galeessaa…… 335
4.5 Haala Jireenya Oromoota Bahaafi Kibbaa-bahaa… 336

Boqonaa Shan:

Seenaa Ijaarsa Impayeera Itoophiyaa

5.1 Itiyoophiyaafi Itiyoophiyaanummaa…… 383
5.2 Kaayyoo Ijaarsa Impayeera Itoophiyaa…… 396
5.3 Duula Ijaarsa Impayeera Itoophiyaa…… 423
5.3.1 Duula Axee Teewodiroos (1840-1868)…… 424
5.3.2 Duula Axee Yohaannis (1872-1889)…… 438
5.3.3 Duula Nugus Takla-Haymaanot(1870-1882) 442
5.3.4 Duula Amaarran Shawaa (1703-1889)…… 450

Boqonaa Ja'a:

Sirnoota Bulchiinsa Impayeera Itoophiya

6.1 Sirna Bulchiinsa Axee Miniliik-II (1889-1913)…… 477
6.2 Sirna Bulchiinsa Lij Iyyaasuu (1913-1916)…… 484
6.3 Sirna Bulchiinsa Axee Hayla-Sillaasee-I (1928-1974) 527
6.4 Sirna Bulchiinsa Weerartoota Xaaliyaanii (1936-41) 531
6.5 Sirna Bulchiinsa Mootummaa Dargii (1974-1991)… 534

Boqonnaa Torba:

Seenaa Qabsoofi Sochii Haaromsa Eenyummaa Oromoo

7.1 Seensa…… 541
7.2 Sababoota Ka'uumsa Qabsoo Oromoo…… 544
7.3 Akeeka Qabsoo Oromoo…… 586
7.4 Seenaa Qabsoo Oromoo…… 587
7.4.1 Qabsoo Hawaasa Oromoo…… 588
7.4.1.1 Seenaa Qabsoo Oromoota Kaabaa…… 588
7.4.1.2 Seenaa Qabsoo Oromoota G/Galeessaa 600
7.4.1.3 Seenaa Qabsoo Oromoota Liixaa…… 621
7.4.1.4 Seenaa Qabsoo Oromoota Bahaa…… 628
7.4.1.5 Seenaa Qabsoo Oromoota Kibbaa…… 630
7.4.2 Qabsoo Hayyoota Afaanifi Seenaa…… 634
7.4.3 Seenaa qabsoo Artistoota Oromoo…… 647
7.4.4 Seenaa Qabsoo Waldaa Maccaa-Tuulamaa 654
7.4.5 Seenaa Qabsoo Jaarmiyaalee Siyaasaa… 659
7.5 Milkoomina, Hir'inootafi Gufuuwwaan Qabsoo Oromoo 670
7.5.1 Milkoomina Qabsoo Oromoo…… 670
7.5.2 Hir'inoota Qabsoo Oromoo…… 671
7.5.3 Gufuuwwaan Qabsoo Oromoo…… 679

Boqonnaa Saddeet:

Kallattii Godaansa Egeree…… 698
Barruulee Wabii (References)…… 724

Gabateewwan

# Ga.	Ibsa gabaaba	Fuula
1	Barreessittoota Habashaa……	38
2	Hidda latiinsa sanyii namaa	54
3	Caasaa hawaasa Kuushota Kaamet durii	63
4	Ramaddii Sanyii dhala namaa	64
5	Ramaddii hundeewwaan Sanyii namaa	65
6	Gareewwan Kuush kaaba baha Afriikaa	69
7	Qubsumaa Ummattoota Kuush Durii	75
8	Mandarootafi magaalota ummattoota Kuush duriitiin ijaaraman keessaa muraasa	111
9	Weerartootafi koloneefatoota Kaamet	129
10	Ibsitoota Oromummaa Oromoo	138
11	Biyyoota dhaloota saba Oromoo akka	182
12	Biyya Dhaloota Saba Oromoo akka	185
13	Odaalee sirna gadaa Oromoo	202
14	Caffeewwam sirna gadaa Oromoo	203
15	Moggaasa Paartillee Gadaa Oromoo	211
16	Sadarkaalee gadaa Oromoo	212
17	Ayyaanota Amantii Waaqeffannaa	220
18	Ji'ootafi waqtillee dhaha Oromoo	239
19	Qulqulloota Saglanifi hojjii isaanii	273
20	Mootota Amaarafii Paartilee Gadaa Oromoo	302
21	Caasaa Hawaasafi Sirna Bulchiinsa Oromoo	310
22	Hidda latiinsa Baalabbaatota Yajjuu	326
23	Hidda Latiinsa Baalabbaatota Walloo	331
24	Qondaaltoota Oromoo giddu galeessaa	335
25	Hidda latiinsa baalabbaatota Gondor	426
26	Hidda latiinsa baalabbaatota Gojjam	445
27	Hidda latiinsa baalabbaatota Amaraa	456
28	Dubartoota Lij Iyyaasuun fuudhe	501
29	Gochoota murruqii saba Oromoo irratti	549
30	Qondaaltota Oromoo maqaan isaanii jijjiirame	558
31	Maqaalee biyya Oromoo	559

32	Baayy'ina Bataskaanota Ortodoksii	565
33	Haala dachee Oromiyaa itti qoodatan	567
34	Haala lafafi nama Oromoo itti qoodatan	569
35	Seenaa Saamicha beeladotaa	570
36	Akuukuwwaan Soomana W/Ortodoksii	576
37	Maqaalee tabootota waldaa Ortodoksii	584
38	Miseensota Koree W/Maccaa Tuulamaa	655
39	Miseensota Waldaa Maccaa Tuulama	660
40	Hundeesitootafi Miseensota	666
41	Baay'ina meesha waraana Miniliik	683

Kaartawwan

# Ka.	Ibsa gabaaba	Fuula
1	Kallattii qubsuma ilmaan Noohi ……	53
2	Kallattii godaansa isa duraa……	59
3	Qubsuma Kuushoota kaaba baha Afriika….	84
4	Bulchiinsa mootummoota Aksumifi Saabaa	103
5	Daangaa qubsuma saba Oromoo…….	188
6	Biyya Oromoo……	190
7	Daangaa bulchiinsa mootummaa kiristaanaa.....	275
8	Daangaa bulchiinsa mootummaa Habashaa	286
9	Kallaattii sochii warraaksa qolannaa roorroo	303

Seensa

Dhalli namaa bara nama ta'ee addunyaa kana irratti uumamee kaasee sadarkaa dhuunfaattis ta'ee sadarkaa gareetti bu'aa ba'ii baayy'ee keessa darbeera.Dhalli nama bara durii keessa sanyiifi kutaadhaan osoo wal hinqoodin jireenyaa waloo walii wajjiin jiraata akka ture raagama. Haa ta'u malee, adeemsa yeroo keessa mana-manaan, balbala-balbalaan, gosa-gosaan, lammii-lammiin, biyya-biyyaan wal qooduun afaan, aadaa, amantiifi falaasama jireenya mataa mataa isaa uumachaa dhufe.

Gareewwan sanyii namaa bifa akkasiin falaasama jireenya mataa isaanii uumatanii jiraata turan keessaa gareen ummattoota Kuush warra angafaati. Sabni Oromoo akka saba ummattoota Kuush durii irraa late tokkoottis ta'ee; akka saba baroota kumaatamaaf ummattoota Kuush biroo irraa adda foxxoquun qophaatti of-danda'ee jiraachaa ture tokkootti saba seenaa guddaa guutumaa hawaasa addunyatiif fakkeenya ta'uu danda'u qabuudha.

Sabni kun saba yoo xiqqaate naannoo bara 1,000 (dh.k.d) kaasee eenyummaafi falaasama jireenyaa kan mataa isaa ta'e horateera. Afaan, aadaa, amantii, duudhaa, dhaha, sona, sirna siyaasaa, sirna dinagdee, saayinsii waraanaa, walumaagalatti heera, seerafii safuu madaala jireenyaa ittiin eegatu kan mataa isaa ta'e uummachuun birmadummaafi nageenya isaa eegatee jiraataa turera.

Haa ta'u malee, kaaba-baha ardii Afriikaatti seenuufi babbalachaa dhufuu falaasama amantii ummattoota baha giddu-galeessaafi sirnoota bulchiinsa weerartoota Giriikoo-Roomaatiin wal-qabatee sirnoonni, falaasamni jireenyaafi nageenyi hawaasa Oromoo sadhata sadhataan boora'aa adeeme. Weerartoonnifi deeggartoonni sirnoota kanneenii adeemsa yeroo keessa naannicha keessatti hundee ega gad-fageefatanii booda ummattoota naannicha keessa jiraataa turan hunda irratti (saba Oromoo dabalatee) dhiibbaa uumuu jalqaban.

Keessattuu, naannoo bara 1270 (dh.k.b) kaasee dhiibbaan saba Oromoo irratti ta'aa ture caalatti hammaataa dhufe. Barri 1270 yeroo gareen shiftootaafii Qeesotaa saba Amaaraa nama Yuknoo-Amlaak (Tasfaa Iyyaasus) jedhamuun hoogganamu mootummaa ummata Agawuu fonqolchuun aangoo siyaasaa kiristaana-Habashaa itti qabataniidhan. Seenaan siyaasa Amaaraa bara Yuknoo-Amlaak irraa akka jalqabu himama.

Bara mootummaan Amaraa hundaa'ee, Yuknoo-Amlaak bu'ura duudhaa amantii kiristaanaafi afoola kibra-Nigisitiin mootii Habashaa ta'ee muudamee kaasee qondaaltonni Habashaa daangaa bulchiinsa isaanii gama kibbaatti babal'ifasuuf jecha hawaasa Oromoofi ummata naannicha keessa ture irratti dhiibbaa guddaa taasisaa dhufan. Baroota wal-fakkaatoo keessa humnoonni amantii Islaamaa gama bahaa, lixaafi kibbaa turanis daangaa isaanii babal'ichuuf jecha saba Oromoo irratti dhiibbaa wal-fakkaata uumaa akka turan niyaadatama.

Dhiibbaan humnootni amantii kun lammeen saba Oromoo irratti raawwataa turan bara bulchiinsa Axee Amda-Tsiyoon(1314-1344)fi Axee Zara-yaaqob(1434-1468) keessa caalatti hamaa ture (Girma Awgichew, 2009).

Hawaasni Oromoo goloota Oromiyaa garaagara keessa turan dhiibbaa humnoota alagaa kallattii hundaan itti hammaachaa dhufe san tokkummaan ofirraa faccisuuf jalqaba bar-dhibbee 15ffaa keessa Madda Walaabuutti walga'anii sirna gadaa isaanii deebisanii haaromsatan.

Haaromsi sirna gadaa Madda Walaabuu kunis hawaasa Oromoo haalonni jireenyaa gargar facaasee bulchiinsa gadaa tokkichaa jalatti deebisee walitti fiduun tokkumse.Tokkummaan haaromsa sirna gadaa Madda Walaabuutin argame kun saba Oromoo humneessuun warraaksa qollannaa roorroo taasisuuf dandeesise.

Sabni Oromoo warraaksa qollannaa roorroo naannoo woggoota dhibba tokkoof taasisetti milkaa'un humnoota diinaa kallattii hundaan itti dhufan san cabsee ofirraa deebisuun birmadummaa isaa deebisee gonfate. Daangaa isaas isa duraa caalatti bal'iffate. Bal'achaa dhufuun daangaa bulchiinsa Oromoo kun uumamu konfadireeshinii Booranafii Bareentuummaatiif sababa ta'e.

Adeemsa yeroo keessa jijjiiramaa dhufuun sirna jireenyaafi baayy'achaa dhufuun Konfadeshiinoota Oromoo (abbootii gadaa gosaa) laafa dhufuu bulchiinsa sirna gadaatiifii tokkummaa dhabu qondaaltota Oromootiif deebi'e sababa ta'u himama. Gariin abbootii gadaa Oromoo waliin duuluufi waliif duulu dagatanii wal irratti duulu jalqaban.

Haalli naannoo jalqaba bar-dhibbee 19ffaatii kaasee mootota Oromoo Shanan Gibee, Oromoota Walloofi gosoota Oromoo Tuulama (Galaanifii Abbichuu) gidduu ture seenaa kanaf ragaadha.

Kanas ta'ee san, sabni Oromoo moo'icha warraaksa qollannaa roorrootiin booda hanga walakkaa bar-dhibbee 19ffaatti birmadummaa isaa eegatee mootummaa mataa isaatiin buluu danda'eera.

Warraaksi qollannaa roorroo naannoo bar-dhibbee tokkoof adeemsifame sun sochii walabummaafii birmadummaan saba Oromoo ittiin mirkanaa'e qofa osoo hintaane ta'ii olaantummaa sabni Oromoo naannicha keessatti qabus ittiin mirkanaa'e ture jechuun nidanda'ama.

Wiirtuun siyaasa Habashaalee iddoowwan garaagara afuritti: (Gondor 1632-1853, Goojjam 1760-1931, Tigree 1872-1889 fii Manz 1693-1889)tti addaan kan ciccite dhiibbaadhuma warraaksi qollannaa roorroo Oromoo uumeen.

Wiirtuulee siyaasaa Habashaa dhiibbaa warraaksi qollannaa roorroo Oromoo uumeen hundeefaman afran keessaa inni yerootti guddaa ture wiirtuu Gondor ture. Wiirtuun kun bara bulchiinsa Axee Bakkaafatii kaasee hanga bara kufaatii Raas Alii-II (1721-1853)tti, woggoota dhibba tokkoo oliif gara caalu too'annaa Oromoota Yajjuu jala akka ture seenaan ragaa baha.

Ta'us, walakkaa bar-dhibbee 19ffaatin booda baalabbaatonni Habashaa (Amaaraafii Tigree) kiristaanummaa dahoo godhatanii deeggarsa koloneeffattoota Awwurooppaatin ega humnoomanii booda martinuu bakkuma jiranii wal-duraa duban hawaasa Oromoo irratti duula labsan.

Moo'ichas argatan. Warraaksa qollannaa roorroo bar-dhibbee 16ffaatiin booda qondaalli Habashaa hawaasa Oromoo irratti moo'icha guddaa argachuu jalqabe Kaasaa Hayiluu (Axee Tewodiroos booda)ti.

Kaasaa Hayiluun duula bal'aa baroota 1842 fi 1855 gidduu irratti taasiseen olaantummaa Oromoonni Walloo naannicha keessatti qabaacha turan cabsuu danda'e. Duulli isaa Oromoota Yajjuu masara Gondor gaggeessaa turan irratti jalqabe bara 1868 duula mootummaa Ingiliiziin gaara Maqdalaa irratti dhuma argate. Axee Teewudiroos waraana Oromoota Walloo giiftii Warqituun durfamaa turen akka ajjeefame maddeen seenaa baayy'een ragaa bahu. Du'a Axee Teewudiroos booda yeroo gabaabdufillee ta'u hawaasni Oromoo naannicha keessa jiraatu aar-galfii argaate ture.

Ta'us, naannoo bara 1872 kaasee baalabbaanni Habashaa kan biraa Kaasaa Mircaa jedhamu (Axee Yohaannis boodaa) biyya Tigree irraa ka'uun rasaasa isaan waliin Axee Teewodiroos irratti duuluu isaatif loltoota Ingiliizirraa tolaan gurrate Oromoota Raayyaafii Walloo irratti roobsuu jalqabe.

Ilmaan Oromoo kumaatamatti lakkaawwaman dhuman, kanneen kuma dhibbaan lakkaawwaman biyya isaanirra baqatan, gariin osoo hinjaalatiin gabbarufidhaan biyyuma abbaa isaanii irratti waan qaama-qalbii isaanii irraatti fe'ame hunda baacha jiraachuf dirqaman.

Warra biyya dhiisanii baqatan keessaa gariin gama Suudan dhaquun Mahaaddistootatti makaman. Kaasaa Mircaanis bara 1889 keessa Matammaa irratti humna waraana Islaamaa, Mahaaddistoota Suudaniin mormaa citee muka irratti fannifame.

Axee Yohaannis duula balleessii Oromoo ofiin raawwataa tureen alattis baalabbaata Goojjam Nugus yeroosii, Takla-Haymaanot baroota kudhanii oliif Oromoota Macca irratti duulchiseera.Nugus Takla-Haymaanot ofuma isaatifu nama dhiiga Oromoo qabu ta'us weerara saba Oromoo irratti adeemsisaa turen Abbishee Garbaa dabalatee lubbuu gootota bayy'ee galaafateera.

Duulli Nugus Takla-Haymaanot saba Oromoo irratti raawwata tures waraana Raas Gobana Daaccitiin bara 1882 Imbaaboo irratti kola'e.Yeroo san keessa ummanni Oromoo osoo tokkummaa hinhaaromsatin, mootummoota alagaarra deeggarsa hinargatin, waraanaa amayyaawaa hinhidhatin,... weerara humnoota alagaa kallattii hundaan:

bahaan weerara Turkoota, lixaan Mahaadistota Suudan, kaabaan immoo kiristaanoota Habashaa.... itti dhufaa ture baroota dheeraadhaf dandamatee ture. Haa ta'u malee, gara booddeera weerara Axee Miniliik waraana, looltoota, gorsa ogummaafi deeggarsa siyaasaa mootummoota biyyoota garaagara:Xaaliyaanii, Ingiliizi, Faransaay, Ameerikaa, Raashiyaafii Iswiidin faatin humnoome dandamachu dadhabuun dhuma bar-dhibbee 19ffaa keessa guutummaa guututti harka koloneeffattoota Habashaatto kufuuf dirqame.

Qondaaltonni, loltoonnifii dabtaroonni gita-bittoota Habashaas olaantummaa saba Oromoo irratti argatan eegatanii turuuf jecha sabboontotafii guutummaa hawaasa Oromoo irratti gochoota gara-jabeenyaa raawwachuu jalqaban.

Duula bal'aa saba Oromoo seenaafi eenyummaa isaa waliin balleessuuf raawwatame kanaan lammiilee Oromoo miliiyoonotatti lakka'aman afaan qawweefii dhukkuboota daddarboo garaagaraatiin dhuman. Kumaatamoonni qaama hir'atan.Kuunis kolaafaman.

Kumaatamoonni akka loonitti garbummaan gabaatti gurguraman.Hawaasni Oromoos roorroo kana jalaa bahuuf haala, bakkafi yeroo osoo hinfilatin cichanii qabsaa'un sadarkaa har'a irra jirru kanaan nu ga'aniiru.Haa ta'u malee, har'as taanan qabsoon Oromoo rakkinootafii hir'inoota garaagaratin danqame turuu isaarra kan ka'e lafa yaadame qaqqabuu hindandeenye.

Kitaaba kana keessatti ragaale barruulee seenaa saba Oromoo irratti lammilee ambaa, Waldaa Qorannoo Oromoo, Biroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa, qorattoota dhuunfafi barattoota Oromootiin maxanfaman, himtee manguddootafi maddeen biroo keessatti caqafaman gabaabnan dhiyyataniiru.

Akkuma gabatee qabeentaa keessatti ibsame kitaabichi boqonnaalee gurguddoo saddeet of-keessaa kan qabu yoo ta'u bal'ina qabiyyee isaa irraa kan kitaabichi Jildiilee lamatti adda hiramuun dhiyaateera.

Jildiin inni duraa milluu seenaa ummattoota Kuush durii, eenyummaa saba Oromoo, seenaa warraaksa bar-dhibbee 16ffaa fi haala jireenya hawaasa Oromoo baroota 1700-1840 gidduu ture irratti irratti xiyyeeffata. Jildiin lamaffaan immoo seenaa ijaarsaa impaayera Itiyoophiyaa, sirnoota bulchiinsa ishee fi irratti seenaa qabsoofi warraaksa haaromsa eenyummaa Oromoo irratti xiyyeeffata. Dubbisa gaarii!

Kaayyoo Kitaabichaa

Kitaabni kun kaayyoowwan gurguddoo armaan gadiitiif qophaa'e. Isaanis:-

1ffaa. Beekumsa Seenaa Oromoo Tiksuufi Jajjabeessu

"A people without the knowledge of their past history, origin and culture is like a tree without roots." Marcus Garvey

Dhalli namaa bara duriitii kaasee maloota garaagara fayyadamuun Seenaa jireenya isaa dhaloota irraa dhalootatti dabarfataa turera.Siidawwaan qaroomina bara durii, Fakkiiwwan holqoota keessaa, afoolli hawaasaa, aadaanifii hog-barruuwwan seenaa ragaalee haqa kanaati.

Ragaaleen muxxannoo jireenyaa dhaloota kaleessaa ibsan kunneen osoo jiraachu baatanii Seenaa Eenyummaa Sanyii ofii hubachuun ulfaata ture. Seenaa Sanyii ofii wallaalun qaama-qalbii namaa sakaalee, Sammuu hadoochuun kaayyoo dhalootafii mulata jireenyaa nama wallaalchisa. Dhaabbatatti ajjeesuun akka Raas Goobana Daaciifii Fiit-waraarii Habta-Goorgiis Dinagdee faa Raammoo foonii taasisuun deebise of nama nyaachisa.

Faallaa kanaatin, seenaa ofii baruun kalee ofii yaadachaa, jireenya har'aa madaallachuun boruu ofii raagachuu nama dandeesissa.Seenaa saba ofii baruun eenyummaa ofii nama barsiisa.Firaaf diina adda baafachuuf nama gargaara; sab-boonummaa dagaagsa. Humnoomse nama jabeessa.

Gabaabumatti, sabni Oromoo dhiibbaa kallattii garaagara irraa itti dhufaa jiruufii itti dhufuuf jiru hunda dandamachuun eenyummaa isa eegatee jiraachuuf of-ta'ee jiraachuu qaba.

Of-ta'anii jiraachuun immoo seenaa, amantii, duudhaa, sona, siyaasaa,… akkasumas jabeenyafi laafina ofii qixa sirriin adda baafatanii beekuu gaafata.Bu'uruma haqa kanaatin kaayyoon kitaaba kanaa inni duraa ilmaan Oromoo hundi seenaa saba isaanii qixa sirriin adda baafatanii beekan eenyummaa isanii eegatanii akka jiraatan onnachiisuudha.

2ffaa. Seenaa Dhokate Baasuufi kan Dabe Qajeelchuu

Haqni seenaa saba Oromoo irratti har'a gurraa qabnu kun baroota dhihoon dura gurra ummata hinturre. Haqni har'a gurraa qabnu kunis boru haqa biraatin bakka bu'uu mala. Hundaafu, bu'aaleen qorannoowwan Saayinsii Xindaa hanga bara si'anaatti jiran burqaan Sanyii dhala-namaa kaaba-baha ardii Afriikaa ta'uu aggarsiisu.Naannoon kaaba-baha ardii Afriikaa kun baroota miliyoonan lakka'amaniif ummattoonni hidda dhaloota garaagara qaban lafa jireenyaa tureera.

Haa ta'u malee, seenaan ummattoota kanaa qixa-sirriin qoratamee bifa hayyootafi barressiittoota seenaa walii galchuu danda'uun itti kaawwame hinjiru. Seenaan saba Oromoos akkasumas.Sabni Oromoo saba sirna siyaasaafi bulchiinsaa, amantii, tarsimoofi tooftaalee waraana, sirna dinagdeefi ijaarsa jaarmiyaalee hawaasa, falaasama jireenya mata isa uumate ittiin jiraachudhaan seenaa boonsaa qabuudha.

Ta'us, sabni Oromoo woggoota 130 darbaniif gabrummaa koloneeffattoota Habashaa jala waan turef dhimma jireenyaa isaa irratti murteeffachuufis ta'ee Seenaa Eenyummaa isaa qixa-sirriin galmeefate kaawwachuuf hincarraamne.

1960 moota keessa qareeyyiin Oromoo kanneen akka: Hayla-Maariyaam Gammadaa, Hayilee Fidaa, Maammoo Mazammir, Seeyfuu Tasammaafi Baaroo Tumsa faa seenaa saba isaanii qoratanii barreessuuf yaalanis gidiraafi hammeenya keettota sirna gabroomfatootin irratti raawwatameen wixinee isaanii osoo galmaan hingahatin mullataafii jaalala saba isaaniitif qaban waliin soora biyyoo ta'aniiru.

Irra caalli barruulee seenaa saba Oromoo irratti jiran barreessittoota alagaatin barreefaman jechuudha.Jarreen keessaa dabtaroota Habashaa, ergamtoota waldaalee kiristaana, Abuurtota, Dippiloomatotafi Loltoota Awwuuroppaafii hayyoota Arabaa akka fakkeenyatti kaasuun nidanda'ama.

Hedduun barreessittoota alagaa kunneen beekumsa, dandeettii, ilaalcha, akeeka (ergama)fi gahuumsa/naamusa ogummaa qaban irratti hundaa'un seenaa saba kanaa qeeqaafii dorgommii tokko malee akkafii gara barbaadanitti jallisanii barreessaa turan. Akka ibsa hayyootatti barreessitoonni alagaa seenaa ummata tokkoo sababoota waliigalaa lamaf barreessu.

Sababni jalqabaa seenaafi eenyummaa ummata sanaa tiksuu yoo ta'u inni lammaffaan seenaa ummata sanii dabsuufii dhoksuun eenyummaa isaa jalaa dhaalu ykn dhaalchisuudha.Akka carraa ta'ee irra caalli barruullee seenaa saba Oromoo irratti jiran kaayyoo isa lammaffaadhaf kan qophaa'aniidha.Yaada kana ifa gochuuf barruulee lammiilee alagaatin qophaa'an kanneen gabaabnaan haa ilaallu.

Barruulee Barreessittoota Habashaatin Qophaa'an

Barreessittoonni Habashaa seenaa saba Oromoo barreessuu kan jalqaban naannoo bara 1480 (dh.k.b) yeroo barruu "Kibra Nagist" jedhamu afaan Arabaa irraa gara afaan Gi'iizitti hiikaa turanii kaasee akka ta'e raagama.Jecha "Gaallaa" jedhu akka maqaatti saba Oromoo ibsuuf faayyadamu kan jalqabe koree hiiktuu barruu kanaa ta'uu Jeneraalli Raashiyaa Iskindir Bulaatovich (1897/2005) jedhamu barreeseera.

Dubbii keenya irratti kitaabni "Kibra Nagest" jedhamu kun *'asoosama siyaasaa'* ykn 'meesha weerara qor-qalbii' hayyoonni Arabaafii Giriikoo-Roomaa tokkummaafii of-damaqiinsa ummattootaa Kuush ittiin quucarsuuf kalaqaniidha.Seenaan siyaasaa Impaayera Itoophiyaafii ummattoota ishee bu'ura kitaaba kanatiin kan barraa'e ta'uu isaatin haqa ummattoota biyyatti kanaa qixa sirriin kan hinibsine ta'uusa wal nama hingaafachiisu.

Koree hiiktuu barruu "Kibra Nagest"tti aane namni seenaa saba Oromoo barreesse jedhamu Moloksee waldaa Ortodoksii Habashaa Aabbaa Bahiree jedhamuudha. Akka ibsa Liqa-A'ilaaf Balaay Mokonninitti (2007) Aabbaa Bahireen nama naannoo bara 15o8 kutaa biyya Daamot (Goojjam har'aa) keessatti dhalateefii; umrii daa'imummaa isaatti Molokosuun bataskaana "Birbir Maariyaam" isa kutaa biyya Gaamoo Goofa keessatti argamu tajaajilaa turedha. Aabbaa Bahireen naannoo bara 1522, yeroo Oromoonni manaafii qabeenya isaa ibiddaan jalaa guban gara lafa dhaloota isaatti baqatee deebi'e.

Aabbaa Bahireen dhimma saba Oromoo irratti galmee seenaa barreessan nama jalqabaa yoo ta'u yeroos dhalatee nama woggaa 14 akka ture amanama. Barruun Aabbaa Bahireen seenaa saba Oromoo irratti mata-duree "Zeenawu Lagaallaa" jedhuun barreesse sun afaan Gi'iizitin kan qophaa'e yoo ta'u bara barruun kun itti barraa'e irratti odeeffannoowwan garaagaratu jira.

Pirofeesari Mahammad Hassan (1994:1) bara kana 1593 ta'uu ibse.Maddeen bara kana 1578tti akeekanis jiru. Hayyoonni seenaa barruun sun akeeka siyaasaatiif bar-dhibbee 19ffaa keessa dabtarootafii qabdoota oolmaa qondaaltota Habashaatiin kalaqame male barruun seenaa bar-dhibbee 16ffaa keessa nama Aabbaa Bahiree jedhamun qophaa'e sirrimayyuu hinturre jedhanii amananis danuudha.Kanas ta'ee san, barruu maqaa aabbaa Bahireetin qophaa'e kana irratti hanqinoota bayy'eetu mula'ata.

1ffaa. **Garaagarummaa yeroo:** barri Aabbaa Bahireen barruu kana itti qopheesse giddu-galeessaan naannoo bara 1578 yoo ta'e, dhalatee woggaa 14ffaa isaatti waan barreessef barri dhaloonni isaa naannoo bara 1564 ta'a jechuudha.Warraaksi qollannaa roorroo immoo kan jalqabe saniin dura.Aabbaa Bahireen kallattiifi haala sochii hawaasa Oromoo jalqaba irraa kaasee doowwachuuf carraa hinarganne jechuudha.Barruun isaa odeeffannoo sadarkaa lammaffaa irratti hundaa'u isaati.

2ffaa. Garaagarummaa bakkaa: warraaksi hawaasa Oromoo yeroos kallattii hedduun irra caala kutaalee Impaayera Itoophiyaa haaraa kan uwwise ture.Haala sochii lafa bal'aa san irratti ta'aa ture hunda daa'imni woggaa 14 tokko irra naanna'ee hubachuu attamitti danda'e? Dhuguma yeroos daa'imni umrii 14 barruu xiinxila bal'aa akkasii qabu barreessuu danda'aa?

3ffaa. Garaagarummaa afaan waliigaltee: Aabbaa Bahireen Moloksee waldaa Ortodoksii Habashaati. Barruu isaa kan qopheesse afaan Gi'iizitiini.

Haala sochii hawaasa Oromoo irratti odeeffannoo eessaa, attamitti, afaan kamiin, eenyurraa funaanate?.....

Gabaabumatti, barreessan barruu sanii eenyuyyuu ta'u barruun sun wal-diddaa saba Oromoofii ummata Habashaa gidduu ture bu'ura godhachuun kaayyoowwan gurguddoo armaan gadiitiif kan qophaa'e ta'uu dagatamuu hinqabu.Isaanis:-

1ffaa. Jabeenyafi laafina caasaa, tooftaalee waraanaafii sirna bulchiinsa Oromoo xiinxaluun qondaaltota Habashaatti beeksisuu,

2ffaa. Saba Oromoo doofaa, gara-jabeessafii bineensa hameenya raawwachuun gammachiisu fakkeessanii dhiyyeessun ummata addunyaa biraa deeggarsa siyaas-dinagdeefii hariiroo diploomasii akka hinhoranne danquu,

3ffaa. Hir'inoota waraana Habashaa adda baasanii kaa'uun tarkaanfiin sirreefammaa akka fudhatamu gorsa lachuu;

4ffaa. Saba Oromoo tuffatanii of-tuffachiisuun haamilee isaa cabsuu ykn Onnee dhorkuudha.

Walumaagalatti, barruun maqaa aabbaa Bahireetin qophaa'e kun haala sabni Oromoo itti cabu fala dhahuun fedha ummanni Habashaa Oromoofii Oromiyaa irraa qabu milkeessuuf waan qophaa'ef seenaa Oromoo bakka bu'uu hindanda'u.

Kun osoo kanaan jiruu, barreessittoonni Habashaa kanneen akka Alaqaa Astima Giyoorgiis Gabra-Masii (1897?), Alaqaa Afawaq Gabra-Iyyasuus (1909), Alaqaa Tayyee Gabra-Maariyaam (1922), Alaqaa Kidaanawald Kiflee (1948), Bilaaten Geeta Mahaatama-Sillaasee Walda-masqal (1962) fi kkf Seenaa haqa saba Oromoo bakka bu'u qoratanii barreessuu caala barruu maqaa Aabbaa Baahireetiin qophaa'e kana faana dhahuun dagalchanii jabeessuun seenaa sobaa kana saba Oromoo irratti fe'uuf yaalaniiru.

Barreessittoonni kun saba Oromoo tuffatanii of-tufachiisuufii of-jibbisiisuudhaan hamilee isaa cabsanii harka kennachiisuf aabbaa Bahiree caala carraaqan. Carraaqiwwan barreesitoonni Habashaa kaayyoo waloo isaanii kana galmaan ga'achuuf taasisaa turan keessaa kanneen armaan gadii akka fakkeenyatti kaasuun salphaadha. Isaaniis:-

1. Maqaa "Oromoo" jedhu laggachuun saba Oromoo maqaa biraatin waamu (Geetachoo Hayilee, 2006,);
2. Wal-qixxummaa dhala namaa haalun Saba Oromoo garboota Ummata Habashaa tajaajiluuf uumaman fakkeesanii dhiyyeessuu (Kibra-Nagast, 1480);
3. Saba Oromoo diina saba Amaaraa fakkeesanii dhiyyeessuu (Alaqaa Kidaana-Wald Kiflee, 1948).
4. Saba Oromoo ilmaan Seexanaafii cubbamtoota kiristaanota Habashaa xurreesuuf uumaman fakkeesanii dhiyyeessuu (Ra'iya Maariyaam, 1966)
5. Namummaa Oromoo haalun Qurxumii galaana yaate fakkeessanii dhiyyeessuu (Alaqaa Taayyee, 1922);
6. Saba Oromoo galtuu biyya hinqabne fakkeesanii dhiyyeessuu (Alaqaa Taayyee, 1922);
7. Saba Oromoo uumama doofa humaa hinbeekne, bineensa gara-jabeeyyii dhiiga qulqullootaa dhangalaasuuf uumame fakkeesanii dhiyyeessuu (Aabbaa Bahiree, 1522,78,93?);

8. Saba Oromoo, hawaasa aadaa, Seenaafii eenyummaa hinqabne akkasumas guutummaa hawaasa Oromoo dhukkubsattoota dhukkuba Qorcii fakkeesanii dhiyyeessuu (Alaqaa Afawarq Gabra-Iyasuus, 1909:46,109);
9. Saba Oromoo saba Waaqa hinbeekne, amantii hinqabne fakkeesanii dhiyyeessuu (Atsima-Goorgiis, 1897);
10. Seenaa sabni Oromoofii ilmaan Oromoo kaaba baha ardii Afriika keessatti qabu akka nama dagateetti irradarbuu, filatanii barreessuu (Taaddassaa Taamirat, 1972);
11. Seenaa hawaasni Oromoo Impaayera Abyiisiniyaafii Itoophiyaa haaraa keessatti raawwatee dabre haalu. Fakkeenyaf bara Oromoonni Walloo (Yajjuu) mootummaa Abyiisiniyaa olaantummaan gaggeessa turan (1721-1855) bara-dukkanaa, bara seenaan humaatu itti hinhojjatamin,… jedhanii waamu.

Dabtaroonni bara keenyaa kanneen akka pirofeesar Masfin Walda-Maariyaam, Taklee Yashawuu, Yaared Xibabuu, Saamu'eel Alamaayoo (2005), pirofeesar Geetachoo Hayilee (2006)fii Amsaaluu Gabrakidaan faas fayidaawwaan ummanni isaanii Oromoofii Oromiyaa irraa argataa jiran kun akka itti hinhir'aneef jecha haqa saba Oromoo ukkaamsuudhan seenaa warri isaanii sobaan fagan san nurratti haaromsachuudhaaf wixirfataaru.

"ድግስ ደግሰን ለእንግዳ
ታርዶ ነበር ፍሪዳ
በጣም እማረ ጮማው
ተሰግሚ ሆነ ለሰው
ሥጋ ለመብላት ስንጥር
ያጥንት ጨርሶ እንደይተር::"

Habtamu Ayaaleewu (2006:53)

Dabtaronni Habashaa kunneen Seenaa saba Oromoo dhoksuufii dabsuudhaan doofummaa, gara-jabeenyummaa, galtummaa, gad-aantummaafii hameenya saba Oromoo sobaan ol kaasanii lallabuudhan alatti seenaa haqaan eenyummaa saba Oromoo ibsu humaatu itti hindaballe.

Hayyuun Seenaa Gabruu Taaraqe (1991) jedhamu hojjiilee dabtaroota kanneenii yeroo dheeraadhaf ega xiinxalee booda; "wanti qeessoonni Abyisiniyaa qonnaan bultoota isaanii ittiin caalan yoo jiraate; afaan Gi'iizitiin qaddasuufii barreessuu danda'uu isaanii qofaadha. Kan kana irraa hafe isaanis qonnaan bultoota beekumsa ammayyaa hinqabneedha" jechuudhan hojjiin jarreenii qorannoo seenaatiif madda odeeffannoo ta'uu akka hinqabne ifatti ibseera (Walda-Yohaannis Warqineh fii Gammachuu Malkaa, 1986:15).

Lak	1	2	3	4	5
Maqaa Gootuu	Abbaa Bahiree	Alaqa Aksuma-googsi Gabra-Mikaa'il	Alaqa Afaanqu Gabra'iyeeus Danqee	Alaqa Tayyee Gabra Maariyaam Kidaana-Maariyaam	Alaqa Kidaanawold Kifilee
Suuraa Barreessitoota	?				
Iddoo Dhaloota	Geojjam		Geojjam	Gondar	Bulgaa
Bara jireenya	?		1860-1939	1853-1916	
Gahee Amantii	Molokotee Waldaa Ortodoksii	Misoonsa Waldaa Kaatolikii	Misoonsa Waldaa Kaatolikii Roomaa	Misoonsa Waldaa Ewvaldaa	Molokotee Waldaa Ortodoksii
Gahee Siyaasa	Qabduu oolmaa weerartootaa Habeshaa	Eegduu nageenya mootummaa Minilik	Dippiloomaasii mootummaa Minilik	Dippiloomaasii mootummaa Minilik	Eegduu nageenya mootummaa Hi'Silaasee
Maqa-dhuma Barnoota	Zeena La Gaallaa (1893?)	Ye Gaallaa Tarik	Daagumaan Aate Menilik	Ye Itoppiyaa Hizib Tarik	Matsahafa Sarzaaruu
	Waraana gabaa'oota Oromoo biiftuu gara lafa dhaloota isaatti dhufaatii baqaqsanuu keessa waraanicha naannoo bara 1893 irra Ga'iizitiin barreessite.	Ajajjiin deeggarsa Aate Menilik turan kanaanuu bu'uureffachuu sirnicha mootummaa jedhu barmaile garaagarsa afaan Ga'iizitiin barreessite.	Ajajjiin deeggarsa Aate Menilikiin bara 1879 gara Xaaliyaanii dalanuu bara 1909 Seenaa Negusiidaa achumaatti marsaasiise	Ajajjiin deeggarsa Aate Menilik erga angatee gara deeme Awurroooppaa bara 1902 magaala deebi'uu bara 1922 magaala Asmaraatti marsaasiise.	Bara 1920 qaqa Ras Tafarii Gadaamii Waldaa Ortodoksii Habashaa Yerusaalem keessa ture "Der'ee Sulxaan" jedhamu keessa bakkeen galmee jechootaa Alaqa Kifilegeorgis Waldebbiiwoo (1877-1930) Roomaatti marsaasiisuf yaala ture fayyeesse qophaawsuu bara 1948 magaala Dirree Dhaawaatti akka marsaafamu taa'e.

Gabatee-1: Barreessittoota Habashaa keessaa muraasa isaanii

Gabaabumatti, Seenaan sabnifii biyyi keenya hanga ammatti addunya irratti ittiin beekamaa turan seenaa haqaa osoo hintaane Asoosama Siyaasaa dabtaroota waldaa Ortodoksii Aleksaandariyaatiin kalaqamee; dabtaroota waldaa Ortodoksii Itoophiyaatiin gulaalame irratti kan hundaa'e jechuudha.

Pirofeesar Masfin Waldamaariyaam mataa isaa (2005:67) beekes ta'ee osoo hinbeekin seenaan Itoophiyaa hanga ammatti gurraa qabnu hundi seenaa dhugaa osoo hinta'in hibboo deebii sirrii hinaragatin ta'uusaa akka armaan gadii kanatti ibsera:

"በኢትዮጵያ ረጅም ታሪክ ውስጥ ብዙ እንቆቅልሾች አሉ፤ የታሪክ ምሁረኑ እንዱንም ተጋፍጠው በጥልቀት ለማጥንትና እንቆቅልሹን ለመፍታት እስከ ዛሬ አልሞከሩም፤ እነዚህን እንቆቅልሾች በሙሉ አልዘረዝርም::"

*Barreesitoonni Oromoo hadoodan (Brain washed Oromos), eenyummaa isaanii dagachuun yaadan Amaaroman (Orom-Amaaronni, Amarized Oromos) kanneen akka Alaqaa Nagaroo (185?) fi Yilmaa Dheeressaa (1959) faas beekanis haa ta'u wallaalanii; afoola dabtaroonni Habshaa fagan kana dhugeeffachuun faallaa haqa saba isaanii dhaabbachaa turan.

Barruulee Ergamtoota Awwuuroppaatin Qophaa'an

Basaasatonni (Abuurtonni, Jawaartonni, miisiyoononnifii qondaaltonni waraana biyyoota kiristaanaa) bar-dhibbee 16ffaa keessaa kaasee yeroo garaagaraatti gara biyya keenyaa dhufuun seenaa saba Oromoo irratti barruulee garagara qopheessaniiru. Haa ta'u malee, irra caalli kaayyoofii qabiyyee barrulee isaanii kan barreesittoota Habashaarra garaagarummaa hedduu hinqabu.

Akkuma beekamu ergamtoonni kunneen gama biyya keenyaa kan dhufan kaayyoo mull'ataafii kaayyoo dhokataa qabataniiti.Kaayyoo mull'ataan isaanii kiristaanummaa babalisuun doofummaa balleessuu kan jedhu yoo ta'u kaayyoo dhokataan immoo maqaa kiristaanummaatin eenyummaa ummata Afriikaa barbadeessuun gabrummaadhaf isaan qopheessudha. Kaayyoo isaanii kanas fiixan baasuf ummattoota Afriikaa maqaa garaagaraa itti moggaasuun gargaar qoodanii isa tokko faarsaaa isa tokko busheesun walitti buusaa turan.

Fakkeenyaf, ergamtoonni waldaa kaatolikii isaan marsaa duraa kanneen akka Manoel Almeida (1580-1646)fi Aabbaa Balthazar Teller (1595-1675) Habashoota qabatanii ummata Oromoo cabsuu waan karoorfataniif hawaasa Oromoo doofaa, gara-jabeeyyiifi ergamatoota Seexanaa fakkeesanii dhiyyeessaa turan.

Qorattoonni, Abuurtonnifii qondaaltonni waraana koloneeffattotaa Awwurooppaa kanneen akka James Bruce (1730-1794), John Bucholzer (1917-2004)fi Edward Ullendorf (1920-2011) faas hojii firoota isaanii faana dhahuudhan odeeffannoo haqa saba Oromoo waliin wal-falleessu baayy'ee nuuf galaasan.

Ilaalchifii akeekni dhufaati isaanii ijaa-qalbii isaanii waan haguugef irra caalli jarreen kanaa seenaa saba Oromoo Abbaa seenicharraa qoratanii hubachuu caalaa barruulee dabtaroota Habashaatiin kalaqamaniifi afoola isaanii kallattumaan fudhatanii gara afaan isaaniitti hiikuun ummata addunyatti lallaban.

Gariin isaanii immoo odeeffannoo hanquufi ilaalcha dhuunfaa isaanii madda godhachuun seenaa haala qabatama saba kana waliin hidhata wahillee hin qabne baayy'ee raagan. Gama biraatin ergamtoonni waldaa kaatolikii isaan marsaa lammaffaa kanneen akka: Guglielmo Massaja (1809-1889), Antoine d'Abbadie (1810-1897)fi ergamtoonni waldaa warra Wangeelaa kanneeen akka Hiob Ludolf (1624-1704)fi John Ludwing Krapf (1810-1881) ffaa fiixan bahiinsa hojjii isaanitiif saba Oromootti fayadamuu waan barbaadaniif seenaa, aadaafi afaan Oromoo irratti qorannoowwan garagara gaggeessuun odeeffannoowwan haqaa dhaloonni har'aa silaa bira gahuu hindandeenye baayy'ee galmeessanii nuuf kaa'aniiru.

Akka waliigalatti, irra caalli barruulee seenaa Oromoo irratti barreessittoota alagaatin qopha'an kunneen (1) ragaalee seenaa irratti hinhundoofne (2) Seenaafi haqa saba Oromoo kunuunsuf kan qopha'anii miti (3) Seerafi sirna qorannoo seenaa irratti kan hunda'anii miti. Barruuleen kunneen seenaa saba Oromoo qixa-sirriin bakka bu'uu hindanda'an jechuudha.

Bu'uruma yaada kanaatin kaayyoon kitaaba kanaa inni lammaffaan akka qabdoonni oolmaa mootota Habashaafii keettonni isaanii jedhan osoo hinta'iin Itoophiyaan durii biyya Ummattoota Kuush turuushee, sabni Oromoos saba seenaa guddaa qabu ta'uusa, akkasumas Impaayerri Itoophiyaa haaraa biyya humna waraanafii seenaa dharaa irraa ijaaramte ta'uu ishee ifatti beeksisuudha.

3ffaa. Firoomafii Michummaa Ummattootaa Jabeessuu

Seenaa jireenya isaa keessatti dhalli namaa waliigalee nagaafi jaalalan walii wajjin jiraachu caala gareewwan garaagaratti wal-qoode wal-waranafii dabareedhan wal-balleessaa turuu isaa argina.Ispeenonnifi Poorchugaalonni ummattoota Ameerikaa kibbaa weeraruun dhaalaniiru. Ingiliizonnifi Faransaayonni ummattoota Ameerikaa kaaba weeraranii dhabamsiisun biyya isanii dhaalaniiru. Ingiliizonni ummattoota Awustiraaliyaa weeraruun dhaalaniiru.

Ummanni Yihuud ummata Kana'aan barbadeessun dhaalaniiru…..Ummata keenya irrattis duulli kaayyoo wal-fakkaata qabu woggoota 1000 oliif irratti taasifama turera. Godaansini seenaa (historical trauma) kun hariiro sabni keenya ummattoota ollaa isaa jiran waliin qabu irratti dhiibbaa fideera.Kaayyoon kitaaba kanaa inni saddaffaan Seenaa darbeerraa muxxannoo fudhachuun biyya lammiileen hundinuu waliigalanii wal-quxxummaafii jaalalan walii wajjiin keessa jiraachuu danda'an ijaarachuu akka barbaachisu dhaamsa dabarsuudha.

4ffaa. Guddina Hog-barruu Oromoo keessatti qooda fudhachuu

Afaan Oromoo yeroo dheeraadhaaf afaan barreeffamaa ta'uurraa ugguramuufi irra caalan seenaa saba kanaa dhugaa irratti hundaa'e kan barreefame afaan Faranjiitin waan ta'ef, seenaan saba Oromoo odeeffannoo haqaa irratti hundaa'efi bal'ina seenaa sabichaatin wal-gitu bifafi hamma barbaadamuun dhaloota sabichaa bira gahu hindandeenye.

Bu'uruma haqa kanaatin kaayyoon kitaaba kanaa inni dhumaa hanqina og-barruu seenaa Oromoo irratti mula'atu furuu keessatti qooda fudhachuufii namoota seenaa saba Oromoo irratti qorannoo bal'aa taasiisu barbaadaniif yaada bu'uraa kaa'uun sochii haaromsa Oromummaa Oromoo ariifachiisuudha.

BOQONNAA TOKKO:

MILLUU SEENAA UMMATTOOTA KUUSH DURII

1.1 Seensa

Bara dhalli namaa hawaasomee jireenya waloo waliin jiraachu jalqabee kaasee ummattoonni ykn saboonni hidda dhaloota garaagaraa qaban kutaalee addunya garaagaraa keessa (walii wajjinifi wal-cinaa) qubatanii jirachaa turaniiru.

Ta'us, walxaxiinsa haala jireenya seenaa dhala namaafi logummaa barreesittoota seenaa irraa kan ka'e seenaan ummattoota (saboota) kanneenii qixa-sirriin qoratamee bifa hayyoota, barreesittoota seenaafii guutummaa hawaasa addunyaa walii galchuu danda'uun itti kaawwame hinturre.

Har'as uumamera jechuuf ulfaatadha.Seenaan ummattoota Kuush duriis haqa kanarra seenaa addaa hinqabu. Gareewwan ummattoota Kuush bara duriitii kaasee biyyoota garaagara keessa jiraata turan warra kaan biratti maqaalee garaagaratin waamama turan.

Maqaalee kanneen keessaa: “Kaam/a”, “Haam/a”, “Kuush”, “Kuusaa”, “Kaamet”, “Itiyoophis”, “Sa’udii”, “Suudan”,fi kkf caqasuun nidanda’ama. Jechoonni afaan garaagara kunneen lakkoofsan haa bayy’atan malee hiikaa tokkicha/wal-fakkaata akka qaban raagama.

Jechoonni afaanota garaagaraa kunneen hiikaa/yaad-rimee ‘Ummata bifa Gurraachaa, ykn biyya ummata bifa Gurraachaa’ jedhu of-keessaa qabu.Hiikan kallattii jechoota kanaa bifafi biyya ummattoota Kuush irratti xiyyeeffata.

Gurraachummaan bifaa mallattoolee ummanni Kuush addunya irrattiin ittiin beekamu keessaa isa duraa ta’uun beekamadha.Kana yoon jedhu horteen ummata Kuush hundi bifa “Gurraachaa” qabu ykn ummanni bifa gurraachaa hundi hortee ummata Kuush duriiti jechuu kiyyaa miti.Fakkeenyaf, ummanni Beerbeer biyyoota Kaaba ardii Afriikaa keessa jiraatan dhalootan hortee ummata Kuush durii irraa lataniyyuu bifti isaanii Adiidha.

Akkasuma warri bifaan gurraachomanii hortee ummata biraa ta'anis jiraachu malu.Biftifi bocni dhala namaa dhibbaa haala qilleensaa, lafa qubsumaafii sirna jireenyaatin adeemsa yeroo keessa akka jijjiiramu raagama. Gama biraatin, hayyoonni seenaa hiikaa maqaa ummata kanaa hariiroo bifa ummatichaafii falaasama jireenya isaa gidduu ture/jiru waliin walqabsiisanis jiru.

Akka xiinxala garee kanaatti maqaan Kuush jedhu jechoota afaan Kuushota Kaamet (Misir) durii **'Kaa'** fi **'Maa'** jedhaman irraa late.Afaan Kuushota Kaamet duriitin 'Kaa' jechuun ummata jechuu yoo ta'u, 'Maa' jechuun immoo 'Waaqa' jechuutti hiikama. Kaamaa ykn Kaam jechuun "Ummata Waaqa" jechuu ta'uu isaati.Hayyuun biyya keenya, Looret Tsaggayyee Roobaa Qawweessas bifuma wal-fakkaatun maqaaleen ummanni Kuush ittiin beekamu kanneen jechoota afaan Kuushota Kaamet durii, **"Kaa"** fi **"Saa"** jedhaman irraa akka latan ibsera.

1.2 Hundee Dhaloota Ummattoota Kuush

Wantoonni ruuda kana keessa jiran martinuu bakka, yeroofii haala itti uumaman qabu. Seenaan eenyutuu lafa ka'iitii abbaa Seenaa sanarraa jalqabu barbaachisa.Madda dhaloota ummattoota Kuush hubachuuf seenaa dhaloota Sanyii namaa iyyaafachuu feesisa jechuudha. Bu'urumaa yaada kanatiin mata-duree kana jalatti ibsafii xiinxila hidda dhaloota Sanyii namaa irratti qaamolee garaagaratiin kennamantu dhiyyaata. ilaallu.

Dhalli namaa hawwii madda isaa beekuuf qaburraa kan ka'e; baroota dheeraadhaf hundee dhaloota isaa baruuf bifa garaagaratiin yaaliiwwan garaagara taasisaa turera. Yaaliiwwan kanneen keessaa inni duraa yaaliiwwan karaa aadaa (amantii)tiin taasifamaa turaniidha.Inni itti-aanu yaaliiwwan karaa Saayinsii ammayyaatiin taasifamaa turan/jiraniidh.Yaaliiwwan karaa lameenuu keessatti; falaasamaa bu'uraafii xiyyeeffannoo isaanii irratti hundaa'un ibsi garaagara kennamu malu.

Kanaaf, dubbisa keenya keessatti wal-diddaa xixxiqoo ibsoota garaagaraa kanneen gidduu jiraan caala; yaad-rimee waliigalaa isaanii irratti xiyyeeffachuun gaarii ta'a.

1.2.1 Hidda Dhaloota Ummattoota Kuush Akka Ibsa Amantiitti

Akka ibsa falaasama amantiitti, dhalli namaa yeroo murtaa'e wahii keessatti iddoo murtaa'e tokkotti humna Waaqayyootiin uumame jedhamee amanama. Baayyinni ibsoota gama kanaan jiranii baayyina akaakuu amantiiwwaan addunyaa kanarra jiraan waliin wal-kiphuu malu.Ibsoota kanneen hunda mata-duree kana jalatti dhiyyeessuun waan hinyaadamne.

Kaayyoo kitaaba kanaatif ibsa falaasama amantii kiristaanaa, isa seenaa ummattoota biyya keenya keessatti gahee guddaa taphataa ture/jirun akka fakkeenyatti kaasuu fedhe. Akka ragaa seenaa macaafa qulqulluutti, sanyiin namaa hundaatuu nama "Addaam" jedhamu irraa late (Hojii ergamoota 17:26).

Akka falaasama amantaa warra kanaatti; seenaan dhalli namaa addunyaa kana irratti qabu woggoota 7,500 hincaalu. Dhaloota kiristoosin dura naannoo bara 5,500tti Waaqayyoo nama jalqabaa, "Addaam" jedhamu uume. Itti aansuun dubartii jalqabaa, "Heewwan" jedhamtu uume. Addaam gaheessa woggaa 30 ta'ee kan uumame yoo ta'u; Heewwaan immoo shammarree woggaa 15 taatee akka uumamte amanama.


Addaamiifi Heewwaan walitti hirkatanii dhala walirraa godhatan. Horteen isaaniis wal horanii addunya irratti ega bayy'atan booda seerafi abboommii Waaqayyoo eeguu diduun dhaloota kiristoos dura naannoo bara 3844 dheekkamsa Waaqayyootin rukkutaman.

Yeroon kun dhaloota Addaam booda naannoo bara 1656 ta'uu isaati. Dheekkamsi Waaqayyoo kun bokkaa guyyootafii halkanoota 40f walitti fufee rooben kan raawwate yoo ta'u hortee Addaam keessaa nama qulqulluu "Nohi" jedhamufii maatii isaa qofati bishaan badii sanarraa kan hafan ta'uu amanama.


Dooniin maatiin Nohi bishaan badii jalaa itti oole sun yeroo amma kana biyya **Armeeniyaa** naannoo *Tulluu Araarat* jedhamutti argamti jedhame yaadama.Ilmaan Nohi bishaan badii san jalaa bahan lakkoofsan sadi yoo ta'an, isaanis **Kaam, Seem** fi **Yaafet** jedhamu (Seer. Um. 10:1).

Akka amantaa Kiristaanatti ijjolee Nohi sadeen kanatu wal horee biyya lafaa guute jechuudha. Hiddi dhaloota ummattoota Kuush ilmaan Nohi sadeen keessaa isa Kaami jedhamutti hidhata. Kaam ilmaan afur: **Kuush, Misraayiim, Fux, fi Kana'aan** jedhaman hore (seera um. 10:6-10).

Ilmaan Nohi afran keessa inni angafaa, Kuush jedhamu aangoo Abbaa isaa dhaaludhan ardilee addunya irratti Impaayera guddaa ijaarate.Inni Misraayiim jedhamu biyya yeroo amma Misir ykn Ijiipit jedhamtu keessatti; Fux biyya yeroo amma Liibiyaa jedhamtu keessatti; Kana'aan immoo biyya yeroo amma Israa'el jedhamtu keessatti mootummaa mataa mataa isaanii ijaaratanii jiraata akka turan amanama.



Kartaa-1: Kallattii qubsuma ilmaan Noohi




Gabatee-2: Hidda latiinsa ummata Kuush akka madden caafata qulqulluutti (Seera uum. 10:7-8, Macaafa seenaa Baraa isa duraa, 1:1-4)

*Maqaaleen Macaafa qulqulluu keessatti tuqaman bifa fakkeenyatiin maqaa nama dhuunfaa fakkaatanii dhiyyaataniyyu maqaaleen kunneen maqaa ummataa, sabaa, gosaa, ykn hawaasaa ta'uu malu. Akkasumas, Kaamifi Kuush Abbaafi ilma osoo hintaane maqaalee garaagara ummanni tokkichi ittiin waamamaa ture ta'uutu hubatama.Dubbii keenya irratti haqummaa odeeffannoon macaafa qulqulluu irratti qeeqota gurguddootu ka'a. Fakkeenyaf, seera um. 11:31 irratti Taaraa (abbaan Abrahaam)fi maatinsa "Ur" biyya Kaldootaatii ka'anii gara biyya Kana'aanitti qajeelan jedha. Maddeen seenaa immoo warri Kaldiis magaala Ur kan to'atan kufaati Impaayera Assiriyaa booda naannoo bara 612 (dh.k.d)ti jedhu. Bara Taaraa faa magaalli Ur kan warra Sumeer turte jechuudha.Kuutaan macaafichaa bara dhihoo keessa nama seenaa barasii hinbeeknen ykn beekaa wallaalen barreeffame jechuudha.

1.1.2 Hidda Dhaloota Ummattoota Kuush Akka Maddeen Saayinsiitti

Odeeffannoowwan qorattoonni seenaa sanyii namaa, gama Saayiinsiitiin jiran irraa bahan dhalli namaa addunya kana irratti seenaa baroota miiliyoonan lakka'aman kan dabarse ta'uu agarsiisu.Akka ibsa warra kanaatti dhalli nama uumamoota xixxiqqoo kanneen akka Jaldeessaafii Qamaleeffaa irraa ka'uudhan adeemsa yeroo dheeraa keessa, tirinnaa suuta-suutatiin sadarkaa amma irra jiru kanarra ga'e.

Jalqaba irratti qaamni dhala nama akkuma bineensota biroo rifeensaan kan uwwifame yoo ta'u; fuulli isaas battee ture jedhama. Fuunyaan bal'aafi mataa xiqqaa kan qabu yoo ta'u; haalli sochii isaas akkuma bineensota biroo miila afuriin akka ture tilmaama.



Qorattoonnifi hayyoonni Seenaa dhala namaa adeemsa guddina Sanyii namaa kana yeroodhan gargar qoodanii dhiyyeessu. Yeroo woggoota miiliyoona 4.5 hanga 2.5 gidduu turetti bineensonni dhala namaa fakkaatan ardii addunyaa (Afriikaa) keessatti mul'achuu jalqaban jedhu. Naannoon 90% bineensota kanneen balaa garaagaraatiin addunya kanarraa akka barbadaa'an raagama.

Bineensonni kunneen qorattoota seenaa sanyii namaa biratti maqaa "Hoomoonids" jedhuun beekamu. Akka gabaasa argannoo qorattoota xindaatti sanyii warra "Hoomoonidis" kun naannoo woggoota miiliyoona 2.5 har'aatii kaasee boca dhala nama qabachaa dhufan.

Qorattoonni xindaa (hayyoonni Arkiyoolojii) dhakkala (haftee lafee, foosilii) warra kanaa maqaa "Australopithecus" jedhuun waamu. Gulantaa dheerina umrii isaanii irratti hundaa'un "Hoomoonids" iddoowwan gurguddoo sadeen armaan gadiitti addaan hiramu. Isaanis:-

(1ffaa) **Hoomoohabilis:** Sanyii Hoomoonidsii hanga naannoo woggoota miliyoona 2.5 fi 1.8 har'aa gidduu addunya kanarra jiraacha turaniidha.

(2ffaa) **Hoomoo-Iraaktas:** Sanyii Hoomoonidsii woggoota mil. 1.8 fi 1.5 har'aa gidduu addunya kanarra jiraata turaniidha.Hoomoo-Iraaktas warra yeroo jalqabaatiif akka nama ammayyaatti miila lamaan dhabatanii tirachuu jalqaban ta'uu raagama.


(3ffaa) **Hoomoo-Saappiyaansi:** Sanyii Hoomoonidsii woggoota miiliyoona 1.5 har'aatii kaasee hanga ammaatti jiraata jiraniidha.

Hoomoo-Saappiyaansi jechuu nama ammayyaa akka jechuutti hiikama. Gabaabumatti, dhalli namaa adeemsa tirinnaa yeroo dheeraa booda yeroo woggoota miiliyoona 1.5 fi 0.5 har'aa gidduu turetti amala namoomaa horachaa dhufe.

Naannoo woggoota 500,000 har'aatii kaasee bifa, bocaafii amala nama ammayyaa horachaa dhufuun Qurxummii galaanaa, Baalafii firii mukaatiin cinaatti dhakaa, muka, lafee bineensotafi biyyee suphee irraa meshaalee bineensota bosonaatin adamsaniifi ittiin wal-waraanan garaagara tolfachuu jalqaban.Ibiddas abuurani.

Baroota 400,000 hanga 30,000 turan gidduutti afaan waliigaltee, aadaa waliin jireenya, sirna Waaqeffannaafi qoodannaa gahee hojii akka horate tilmaamama.

Lafa jireenyaf mijatu barbaachaf ardii Afriikaa gad dhiisuun kutaalee addunyaa garaagara keessa faffaca'an. Haa ta'u malee, naannoo bara 14,000 har'aa haalli qilleensa addunyaa gar-malee ho'aa dhufuun Cabbii galaanafii lafa baddaarra ture hunda baqsee gara bishaanitti jijjiire. Irra caalli biyya lafaas lolaadhan uwwifame.



Kaarta-2: Kallattii godaansa isa duraa

(Carroll Quigley, 1979:188)

Addunyaan har'a irra jiraata jirru tunis boca ammayyaa kan qabattee dhiibbaa lolaan kun uumeen akka ta'e raagama. Lakkoofsi lubbuu-qabeeyyii addunyaa kanarra turaniis balaa lolaan kun fideen gar-malee akka hir'ate amanama.

Akkuma armaan dura kaasuuf yaale, barri kun seenaa macaafa qulqulluu keessatti "Bara Bishaan Badii" ykn "Bara Nohi" jedhamun beekama. Hayyoonni ammayyaa immoo "Bara Cabbii", ykn "Ice Age" jedhuuni.Akka seenaa macaafa qulqulluutti barri bishaan badii kun woggoota 5859 (3844+2015) har'aatiin dura ta'uusaati. Tilmaama lamaan kana gidduu garaagarummaa woggoota 7,000 (14,000-5859) oltu jira.

Maddeen amantiifi madden Saayinsii giddutti garaagarummaa akkasii arguun waan haaraa miti. Sanyiin dhala namaa lolaa bishaan bara cabbii kanarraa hafanis iddodhuma jiraniitti suuta-suutaan wal-horanii bayy'achaa dhufan.Haalli qilleensaas suuta suutaan jireenyaf mijataa deeme.

Dhalli namas carraa kanatti fayadamuun naannoo bara 10,000 har'aatii kaasee bineensota garaagara madaksee horsiisu jalqabe.Gareedhan godoo ijaaratee dangaa murtaa'e tokko keessa tasgabaa'e walii wajjiin jiraachuu waan jalqabef biqiloota bosonaas naannoo jireenya isaatti fidee oomishuun itti fayadamu jalqabe.

Yeroos dhalli nama; sanyii, amantii, saala, daangaa ykn ulaagaa biraatiin osoo wal hinqoqqooduu jireenya waliinii walii wajjiin jiraacha ture.Dhalli namaa sanyiifii kutaadhaan gareewwan garaagaratti wal qoqqooduu kan jalqabe naannoo bara 5,000 har'aatiin duraa kaaseeti (Chris Herman, 2002).


Hayyuun seenaa addunyaa maqaansa armaan olitti xuqame kun kitaaba isaa "A People's History of The World" jedhu keessatti akka ibsetti jalqabbiin yaad-rimee "Nuufii Isaanii", ykn wal-qoqqoodiinsa dhala nama hundeeffamuu magaalotafii mootummoolee waliin wal qabata.

Akkuma yaadatamu woggoota 5,000 har'aatiin duraa mootummoonni garaagara kutaalee addunyaa garaagara keessatti hunda'anii turan.Akka carraa ta'ee, irra caalli mootummoota bara durii kanneen akka mootummoota: Kameet (Misir), Kaanset (Nubiyaa), Sumeer (Meesoopotamiyaa), Puunti, Dama'at, Aksum, Saabaafi Hindii faa woggoota 6000-3000 gidduu (dh.k.d) ummattoota Kuushiitu hundeesse.

Qaroominni Addunyaa tanaa baroota 8000-5000 har'aa gidduu ummattoota Kuushin akka bu'ureefame ragaalee hedduutu ibsa.Yoon akkas jedhu, kuushotaan ala qacceen ummatoota biraa hundeeffama mootummoota kanneen keessatti qooda humaatuu hinqaban jechuu koo miti.

Caasaan hawaasaa, sirni siyaasaafi amalli mootummoota bara sanaa isaan bara si'anaa waliin wal fakkaachuu baatanis naannoo bara 5000 har'aatii kaase ummattoonni biroo (Akkaadiyaa, Assiyiriyaa, Armaaniyaa, Giriik, Ariyaan, Yihuud … dagaagina qaroomina addunyaa tanaatif qooda guddaa gumaachaniiru.

Bara keessa jirru kanatti dameewwan Saayinsii seenaa dhaloota sanyii nama qorataan hedduutu jiru.Kanneen keessaa barnoota seenaa (History), barnoota Xindaa (Archeology), barnoota aadaa, amantiifii Hawaasummaa (Antheropology), barnoota Baayolojii, barnoota saayiinsii Siyaasaafii barnoota afaanii (Language & Luiguistics) faa akka fakkeenyatti kaasuun nidanda'ama.



Diyaagiraamii/gabatee-3: Caasaa hawaasa Kuushota Kaamet durii


Muxxannoo hanga ammatti jiru irratti hundaa'un Saayinsoota kanneen gareewwan gurguddoo lamatti addaan foonee ilaallu dandeenya.Gareen qorattoota jalqabaa dheerina, hamma, bifa, boca fuulafii funyaanii, amala rifeensa mataa, haalluu ijaa, nyaara ijaafii furdinna hidhii irratti xiyyeeffachuun sanyii dhala namaa akaakuu garaagaratti qoodu.

Maqaa Qoratoota	Lakk. Sanyii dhala namaa	Maqaalee Sanyii Dhala Namaa
Linneus(1735)	6	Yuuroopuus, Asaatakuus, Affar, Ameerikuus,Feruus,Monstirosuus
Buffon(1749)	6	Laplaandar, Tartar, Eesiyaa, Yuuroopiyaa, Itoophiyaa, Ameerikaa
Blumenbach(1795)	5	Kookasiyaa, Mongoliyaa,Itoophiyaa, Ameerikaa, Maalay
Cuvier(1828)	3	Kookasooyid, Nigrooyid, Mongolooyid
Biasutti(1959)	53	----------

Gabatee-4: Ramaddii Sanyii dhala namaa

Sanyii ummata bifa gurraachaa maqaalee: Affar, Itoophiyaafii Nigroo jedhaniin ibsaman.Maqaan Kookasooyid jedhu Sanyii uummata Adii kan bakka bu'uudha.

Mongolooyid immoo Sanyii Ummata bifa Keelloo gama baha giddu-galeessaa, baha fagoofii Ameerikaa kibbaa keessa jiraatan bakka bu'a. Odeeffannoon gabatee armaan gadii keessa jirus yaaduma kana jabeessa.



Diyaagiraamii-5: Ramaddii hundeewwaan Sanyii namaa

Gama kanaan ummanni Kuush garee sanyii ummata bifa gurraachaa jalatti kan rammadamu ta'ee maqaa Naayiloo-Hamaatasii jedhuun ibsame. Ta'us, garaagarummaan bifafi bocaa sababa garaagarummaa haala qilleensatiin dhufuu danda'uu waan ta'eef rammaddiin akkasii kun hundee dhaloota ummata tokkoo qajeellotti ibsu dhiisu mala (Michael H. Hart, 2007:xx).

Bifti Sanyii namaa inni jalqabaa gurraacha akka ture qorattoota hedduun raagameera. Sanyiin ummata bifa Adiis ta'ee kan bifa keelloo bara Cabbii (Ice Age) keessa bifti isaanii osoo hinjijjiiramin dura gurraalee (Kuushota) akka turan raagama.Seenaan ummata Kuush seenaa ummata addunyaati kan jedhamuufis kanumaafi.

Gareen qorattoota seenaa saanyii namaa inni lammaffaan wal-fakkeenya afaan waliigaltee, Aadaa, Duudhaa, Seenaafii Lafa qubsuma ummattoota irratti xiyyeeffata.Gareen qorattoota kanaa Afaan dubbii qofa irratti hundaa'uudhan ummattoota addunyaa gareewwan garaagara hedduutti addaan qoqqoodu.

Gareewwan kanneen keessaa: garee afaanota Indoo-Awwurrooppaa dubbatan, garee afaanota Afroo-Eesiyaa dubbatan, garee afaanota Awustiroo-Eesiyaa dubbatan, garee afaanota Afriikaa dubbatan jedhamuun beekaman akka fakkeenyatti kaasuun nidanda'ama.

Akka ramaddii warra kanaatti ummanni Kuush garee afaanoota "Afroo-Eesiyaa" dubbatan jalatti ramadamu. Afaanonni ummattoota Kuush yoo xiqqaate ardii Afriikaafii ardii Eesiyaa keessatti dubbatamu jechuudha.

Haqni kun barreessitoota Giriikoo-Roomaafii keettota isaanii seenaa ummattoota Kuush; seenaafi daangaa Kuushota Kaanset (Nubiyaa) qofan murteessuf yaalaniif deebii gaarii ta'a. Barruulleen seennesitoonni Giriikoo-Roomaa seenaa ummattoota Kuush irratti qopheessan akeeka dhokatoo, logiifii hanqinoota jajjaboo garaagara of-keessaa waan qabaaniif haqa ummattoota Kuush waliin kan wal-faallessu malu.

Seenaan ergamtoonni siyaasaafii dabtaroonni amantii alagaa hanga ammatti dhimma ummattoota Kuush irratti barreessaa turanis haqa Seenaa ummattoota Kuush qixa sirrii ta'een hinibsan. Kun akkuma jirutti ta'ee, gareewwan qorattoota kanaa keessaa qorataan Greenberg jedhamu bara 1963 keessa lafa qubsumaafii wal-fakeenya afaan sabootaa kuush bu'ureeffachuudhan Kuushoota Kaaba-baha ardii Afriikaa keessatti argaman gareewwan gurguddoo shananitti addaan qoqqooduun dhiyyeesera.

Akkuma gabatee armaan gadii keessatti ibsame Greenberg (1963) ummanni Oomootik garee ummata Kuush ta'uu isaa ragaa bahera. Newman (1980) immoo yaada Greenberg faalleessuudhan garee ummata Kuush naannoo laga Oomoo qubatee argamu ummattoota Kuush biroorraa qophaatti fottoksuun; akka garee tokkootti adda baasee "ummata Oomotik" jechuuuun maqaa lagaatiin moggaase.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa

Lak.	Gareewwan Ummata Kuush	Sabootaa Kuush	Daangaa Qubsumaa
1	Kuushoota Kaabaa	Beejaa, Kunaamaa, Baaniyaafii Blin	Suudan, Itoophiyaa fii Ertiriyaa
2	Kuushoota Giddu-Galeessaa	Qimaant, Hamataang, Awiingifii Agawuu	Itoophiyaa (naannoo Amaaraa)
3	Kuushoota Kibbaa	Tussii, Maasayi, fi kkf	Sumaaliyaa, Keenyaa, Tanzaniyaa, Yugaandaa, Ruwaandaafii Burundii
4	Kuushoota Bahaa		
4.1	Kuushoota Kaaba Bahaa	Afaarüfi Sahoo	Jibuuti, Itoophiyaa fii Ertiriyaa
4.2	Kuushoota Kibba Bahaa	Sumaalee, Reendalee fii Baayisa	Jibuuti, Sumaaliyaa, Keenyaafiitoophiyaa
4.3	Kuushoota Baha Giddu-galeessaa	Koonsoo, Oromoo Gidoole, Geetoo fii Arbolee	Itoophiyaa, Keenyaafii Sumaaliyaa
4.4	Kuushoota Baddaa	Sidaamaa, Burjii, Kambaataa, Alaabaa, Haadiyaafii kkf	Itoophiyaa
5	Kuushoota Lixaa	Walaayitaa, Gaamoo fi kkf	Itoophiyaafii Keenyaa

Gabatee-6: Gareewwan Kuush kaaba baha Afriikaa (Greenberg,1963)

Haa ta'u malee, hayyoonni biroo kanneen akka Orel fi Stobova (1995) wal-fakkeenyafii garaagarummaa gareewwan lameen gidduu jiru yeroo dheeraadhaf erga qoratanii booddee ummanni naannoo laga Oomoo jiraatan kunneen hortee ummattoota Kuush ta'uu isaanii mirkaneessaniiru.

Wal-diddaan yaadaa hayyoota kanneen gidduu jiru akkuma jirutti ta'ee; ramadaniin afaan waliigalteefii lafa qubsumaa bu'ura godhatu kun hundee ummata tokkoo adda baasee hubachiisuf gahuumsa hinqabu jechuun nidanda'ama.

Maalif jennaan, ummanni dhiibbawwan garaagaraatiin gargar facca'ee yeroo dheeraadhaf kopha kophaa jiraataa ture tokko adeemsa yeroo keessa afaanoota garaagara uummachuu danda'a. Ummata gargar qoodamee walirraa ture haa hafuuti, ijjoleen lakkuu, garaa haadha tokkaa keessatti gadaamessa tokkicha boraafatanii waliin dhalataniyyuu bara ijjolummaa isaanitti gargar ba'anii iddoo garaagaraatti guddannaan afaan walii beeku dhiisu malu.

Kanaaf, adeemsi barreesitoonni alagaa ulagaalee garaagara uumudhaan; ummata keenya gargar qoqqoodanii walitti alagoomsuuf taasisaa jiran kun kaayyoo dhokataa of-keessaa qabaatefii qabaachuu baatee gad-fageenyaan xiinxalamuu qaba. Seenaafii jireeny ummattoota Kuush hayyootuma ummatichatiin qoratamuu barbaachisa.San ta'uu baannan; qorattoonnifii qondaaltonni alagaa fayidaa waloo isaanii eegsifachuuf jecha daboota garaagara raawwachu irraa of-qusatu jedhee hinyaadu.

Akka yaada waliigalaatti, maddeen falaasama amantii warra baha giddu-galeessaa maddi dhala namaa biyyootuma baha gaddu-galeessaa keessa akka ta'etti dhiyyeessu.Gabaasni qorannoowwan xindaa (archaeology) dhakkala garagara irratti taasifamaa turan immoo maddi dhala namaa biyyoota kaaba baha ardii Afrikaa kanneen akka Itoophiyaa, Keeniyaafi Taanzaniyaa keessa akka ta'etti sagalee wal fakkaatadhan mul'asaa jiru.

Barruulee amantii caala gabaasni qorannoowwan ragaa qabatamaa irratti hunda'anii amanamoo ta'uun wal nama hingaaffachiisu.Ta'us, qaccee keenya ekeraa dhakkala qorannoodhan argaman kanarra lakka'annee angafa ummata Addunyaa ta'uu keenya labsachuun dura maalummaafii eenyummaa dhakkala sana gad fageenyan baruu nu barbaachisu. Hayyoonni keenya jabaatanii irratti hojjanaan yeroon dhakkalli kunneen seenaa qaccee ummattoota Kuush waliin hidhata cimaa qabachuun itti qulqullaa'uu fagoo hinta'u.

Gabaabumaatti, bu'urri dhala namaa Addaami fi Hewwaan, Baakteeriyaafi Algee, Jaldeessafi Qamalee yoo kaa waan biraas ta'u ummattoonni Kuush, ummattoota addunya tana irratti seenaa guddaa qaban ta'uu isaanii dhugeeffatu.Qorannoon saayiinsii haqa kana faallessus hanga ammatti hinjiru.

*Barruuleen amantii; afoola, aadaa, duudhaafi falaasama hawaasaa amantiin sun keessaa maddeetiin, akkasumas akeeka, ilaalchafii sadarkaa beekumsa barreessittoota barruu sanaatiin waan daangefamaniif haqa guutummaa hawaasa addunyaa bakka bu'uu dhiisuu malu.

Rakkoo wal-fakkeenya dhabuufii wal-xaxiinsi seenaa jireenya dhala namaa uumeen qoratoonnifii hayyoonni ammayyaas madda dhalootafii hidda latiinsa Sanyii nama irratti odeeffannoo qajeelaafii amansiisa ta'e qabatanii as bahuu hindandeenye.Kanaaf, carraaqqiin dhalli nama gama hundaan hundee dhaloota isaa baruuf taasisa jiru xiyyooffannoofii deeggarsa guutummaa hawaasa addunyaa argachu qaban jedha.

1.3 Daangaa Qubsuma Ummattoota Kuush Durii

Ummanni Kuush angafa ummattoota addunyaa, ummata kamiinuu dura addunyaa kanarra jiraata ture ta'uu isaa qorannoowwan garaagaratiin mirkaa'era. Addatti, horteen Ummattoota Kuush woggoota 4,500,000 har'aa duraa kaasee kutaa lixa ardii Afriikaa naannoo maqaa Ashantii jedhamuun beekamu keessa jiraata turaniiru (Compbell M. Gold, 2010).


Baroota 60,000 darbaniif immoo sulula laga Mormor (Abbayyaa, Naayil, Happii) keessa jiraataniiru (Isheetu Irranaa Dibaaba, 2009). Qorattoonni biroo hedduunis ummattoonni Kuush waggoottan kumaatamanni darbaniif kutaalee addunya garaagara keessa jiraachaa akka turan tilmaamu.

Fakkeenyaaf, Dursiila Dunjee Hoostan (1926) qubsumni Ummattoota Kuush durii ardiiwwan gurguddoo addunyaa afur: Afriikaa, Eesiyaa, Awwurooppaafi Ameerikaa kibbaa akka uwwisu barreesiteeti.

Qorattoonni Seenaa Ummata gurraacha kanneen akka Itibari M. Zulu (2012), Robert Royal (1998), Gershom N. Amayo (2011), Chick Anta Diop(1987), Rodolph R. Windsor (2003), Chancellor Williams(1987), fi kkf bifuma wal-fakkaatun hanga naannoo bara 2000 (dh.k.d)tti ummanni Kuush kutaalee guutummaa ardii Afriikaa, baha ardii Awwurooppaa, Ameeriikaa kibbaa, baha giddu-galeessa, kibba baha ardii Eesiyaa(lafa gamoojjii Arabiyaa, Afgaanistaan, Hindiifi Paakistaan) keessa walabummaadhan jiraacha akka turan mirkaneessaniiru.

Magarsaa Qilxuu Katabee kitaaba isaa Oromoofi Oromiyaa (2012) jedhu keessatti kitaaba Dr. Tasammaa Ta'aa "Hundee Dhaloota Oromoo" jedhu madda godhachuudhan,"Ummanni Kuush dhaloota kiristoosiin dura baha Afrikaa hanga qarqara galaana Diimattifii gara Afrikaa kaabatiinis Morokoo makatee hanga biyyoota Atlaantikitti, gara Arabiyaatiin immoo Masoopotaamiyaa hanga Awurooppaafii giddugala Eesiyaatti babal'atanii jiraacha turan" jechuun ibsera.

Addatti, Pirofeesar Bahaaru Zawudee ummattoonni Kuush yoo xiqqaate waggoota 15,000'n darbaniif kaaba baha ardii Afriika keessa jiraataa akka turan raageera. Qorataafii barreessaan seenaa ummattootaa, Profeesar Kiristoofer Ehret jedhamus qorannoo saayinsawwaa firooma afaanii ummattoota Kuush irratti taasiseen ummattoonni Kuush kaaba baha ardii Afriika keessatti seenaa waggootaa 12,000 hanga 14,000 ga'u akka qaban tilmaameera.



Diyaagiraamii-7: Qubsumaa, Caasaa Bulchiinsa Ummattoota Kuush Durii (Martial de Salvic (1901/2008:31)

*Kuushonni baha fagoo, Awurrooppaa, Ameerikaafi Afriikaa gariin Caasaa kana keessatti hinhammatamne.

Hayyoonni seenaa hedduun ummanni Kuush angafa ummattoota addunyaa ta'uutti raagu.Ta'us, ummatoonni addunya kanarra jiran kan biroo hundi ummattoota Kuush irraa latan moo madda mataa mataa isaanii qabuu irratti waliigaltee irra hingahamne.

Ummattoonni Kuush durii kunneen lafa qubsuma isaanii kanarra qofaa isaanii jiraacha turan moo ummattoota hidda dhaloota biraa qaban waliin wal-makanii jiraachaa turaniinis akkasuma.Warri addunya tana kophaa isaanitti dhuunfachuuf jecha seenaa ummattoota Kuush awwaaluf yaala turan garuu hanga dhumatti hinmilkoomani.

1.4 Mootummoota Uummata Kuush Durii

Akka ragaalee maddeen seenaarra hubachuun danda'amutti, dhalli namaa naannoo woggoota 6,000 (dh.k.d) kaasee mootummoota ummataa, sabaa, qomoo, gosaafii hawaasa ijaarachuun ittiin bulaafii ittiin wal bulchaa turera.Haalli jireenya bara durii yeroo dheeraadhaf daangaa murtaa'a tokkicha keessa turuudhaf kan hinmijoofne waan turef motummooleen kunneen mootumoolee socha'oo ta'uu malu.

Socho'uurras dabree mootummooleen ollaa walii turan lafa jireenya mijatu barbaachaf ykn immoo olaantummaa tokko isa biraa irratti qabu mirkaneefachuf jecha dabareedhan wal waraanaa wal balleessaa turan.

"Aztecs attempted to destroy records of previous states when they conquered the valley of Mexico in the 15th C, & the Spanish attempted to destroy all Aztecs records when they inturn conquered the region in the 1620s (Chris Harman,2002)."

Haalotuma kanaan wal qabatee caasaafii daangaan bulchiinsa isaaniis yeroorra yerootti jijjiiramaa ture jechuudha.Inni guddaa ture xiqqaachuun; inni xiqqaa ture guddachuun injifannoodhan kan murtaa'u waan ta'eef maqaa inni tokko ittiin beekama ture inni biraa dhufee teessoo yoo qabatu maqaa biraa itti moggaase ittiin beekama. Sababoota motummooleen kunneen maqaalee garaagaratin beekamaniif keessaa tokko kana.

Seenaafi qaroomina inni tokko ijaare foyyeesanii itti fayadamuu caala hambaalee eenyummaa mo'amtoota ibsan hunda guutummaa guututti barbaadesanii kan ofiitiin bakka buusuunis turera. Kanas ta'ee san, seenaa ummattoota addunyaa keessatti, ummattoonni Kuush warra yeroo jalqabaatiif sirna mootummaa ijaaratanii ittiin bulanii wal-bulchan ta'uutu beekama.

Bu'uruma haqa kanaatin mootummoolee ummattoota Kuush bara qaroominaan dura sana keessa qaroomina maddiisiisun guutummaa hawaasa addunyaa dukkana wallaalummaa keessaa ifatti baasaa turan hedduu keessaa muraasa isaanii akka armaan gadiitti fakkunyummaa seenaatiif kaasu yaala.

1.4.1 Mootummaa Kaamet (5000-332)

Maqaan Kaamet jedhu jecha afaan ummata Kuush durii "Kaam" jedhurraa kan late yoo ta'u "Kaamet" jechuun "biyya gurraachotaa" jechuutti kala'a.Kaamet maqaa handhuuraa biyya kanaa ta'us, bar-dhibbee 5ffaa (dh.k.d) keessaa kaasee biitti tun maqaa seeneessaan Giriik durii Heerudutoos (484-425 B.C) jedhamu itti moggaase "Ijiypit" jedhuun caala beekamti.

Ijiypit jechuun "Kennaa laga Mormor, Naayil ykn Abbayyaa" jechuudha.Kaamet Ummata Oromoo biratti maqaa "Misir, Misiraa" jedhuun kan beekamtu yoo ta'u, Habashoota biratti immoo maqaa "Gibtsi" jedhuun caalatti beekamti.Yihuudonni immoo Fara'oon jedhuuni. Akka maddeen seenaa dhugaa bahanitti naannoo woggoota 8,000 har'aatii kaasee Kaamet keessa mootummoota xixxiqoo hedduutu turan.

Mootummooleen xixxiqqoon kunneen adeemsa yeroo keessa wal-liqimsaafii walitti dabalama deemun naannoo bara 4000 (dh.k.d) mootummoolee gurguddoo lama (mootummaa Kaamet kibbaafi mootummaa Kaamet kaaba) uuman. Mootummooleen Kaamet lameen kun baroota 3,200 fi 3,000 gidduu (dh.k.d) nama Narmeer, Minaas ykn Misraayiim jedhamun walitti dabalamanii mootummaa tokko jalatti buluu jalqaban. Magaalli Meemfis wiirtuu mootummaa Narmeer ykn Misraayiim turte.

"The Upper and Lower kingdoms of Kemet were rivals until the reign of King Menes (fl. C. 3100 B.C-3038 B.C), also known as Aha Mena and Narmer. He politically united Kemet, established a centralized government (c. 3200 B.C), and founded a capital named Memphis in his honor, between Upper and Lower Kemet.This political unification played a significant role in Kemet, which allowed economic, social, cultural, and governmental institutions to endure with comparatively little change for almost two thousand years. Thus a high culture emerged, hieroglyphic writing was introduced, commerce flourished, the great pyramids were built, and Kemet became one of the most advanced nations in the ancient world, (Itibari M. Zulu, 2012)."

*Akka Seenaa macaafa qulqulluutti Misraayiim ilmaan Kaami afran (Kuush, Misraayiim, Fux fii Kana'aan) jedhaman keessaa tokko ta'uun beekamaadha.

Seenaa mootummaa Kaamet keessatti yeroon bara 3200 hanga bara 2700 (dh.k.d) jiru **"Bara mootummaa Kaamet isa duraa"** jedhamee kan beekamu yoo ta'u, yeroon bara 2700 hanga bara 2181 (dh.k.d) jiru immoo **"Bara Ijaarsa Piraamidoota"** jedhamuun beekama.

Naannoo baroota 2181 fi 2050 gidduu gareewwan bulchiinsa magaala Teehebesifii magaala Meemfis gidduutti wal-waraansi guddaan ega ta'ee beeda **"Mootummaa Kaamet inni giddu-galeessaa" (**2050-1786) bifa haaraawwan deebi'e ijaarame.

Baroota 1786 fi 1550 gidduu Kaamet harka weerartoota Heksas jalatti kufte (Said M-Shidad Hussein, 2014).Ummanni Heksas hortee Ummata Seem lafa gamoojii baha giddu-galeessa keessa hojii horsiisa Hoolatiin jiraataa turan yoo ta'an, ummanni Yihuud qaccee ummata kanaa akka ta'e raagama.


Kuushonni Kaamet bara 1786-1550 gidduu tikfatoota Hoola gamoojii kanaan ega koloneefatamanii booda naannoo bara 1550 hooggansa "Ahmose-I" jalatti hiriiruun sirna bulchiinsa mootummaa Ummata Heksas ofirraa cabsaniiru. Seenaa Kaamet keessatti barri kun (1550-1090) "**Bara Mootummaa Kaamet isa Haaraa**" jedhamee beekama.

Bara 1550 kaasee ummanni Yihuud Kaamet keessatti ol-aantummaa siyaas-diinagdee argachuu hindandeenye. Kanarraan kan ka'e yeroo kana bara gabrummaa jedhanii waamu.*Ummanni Yihuud woggoota 430f gabrummaa mootummaa Kaamet jala turre inni jedhan bara aangoon humnaan saaman humnaan irra fudhatamee, 1550 (dh.k.d) kanaa kaasee ta'uu mala.


1550 irraa 430 yoo hir'isinne ummanni Yihuud naannoo bara 1120ti Kaamet keessaa yaa'an jechuudha.Barri kun bara isaanii Biyya Kana'aanota weeraran qabatanii mootummaa isaanii keessatti hundeeffatanii waliin wal sima.

*Dubbii keenya irratti ummanni Yihuud baqaanis ta'u (mac. Mootota isa lammaffaa, 25:25-26) weeraraf gama Kaamet hanga fedha ofiitin dhaqanitti yeroo biyya sana keessatti itti miidhamneera jedhan san "Bara Baqaa" jedhanii waamu qabu malee "Bara Gabrummaa" jedhanii waamun sirrii natti hinfakkaatu. Gabrummaan humnaan namatti dhufti malee jaalatanii itti hindhaqan.





Siidaafi Suura mootota Farahoon durii, Fiilmii "The Pyramid Code" jedhufii kitaaba Durisiila Dunjee "Wonderful Ethiopians: Ancient Cushite Empire" jedhurraa kan fudhatame



Kartaa-3: qubsuma Kuushoota kaaba baha Afriika (C. Williams, 1987: The Destruction of Black Civilization)

1.4.2 Mootummaa Kuushota Sumeer (5000-612)

"The major short-comings of European-oriented histories of Africa and the Middle East are largely what is **Omitted**. The stress is put on what ties together and supports white European culture with that of the Middle East. They usually omit any mention of the relationships between black African and Middle East Civilization (Steven Jacobs & Rudolph Windsor, 1971)."

Gareen Ummata Kuush, Sumeeriyaan jedhamuun beekaman naannoo bara 5,000 (dh.k.d) duraa kaasanii sulula lageen Tigriis fi Eferaatas keessa jiraata turan. Kuushonni Sumeer naannoo bara 3,500 (dh.k.d) mootummaa cimaa hayyoota seenaa biratti maqaa Meesoopotamiyaa jedhame beekamu ijaaratan (Gershom N. Amayo, 2011, Willis Huggin & John Jackson, 1937 Tamaam Haaji-Aadam , 2010:15). Mootummaan Meesoopotamiyaa mootummoota jajjaaboo bara durii addunya kana irratti beekaman keessa tarree duraa irratti kan argamuudha.

Mootummaa kana hundeessuun baroota dheeraaf gaggeessaa kan ture garee uummattoota Kuush baha gidduu-galleessaa keessa jiraata turan ta'uu ragaalee quubsatu jiru. Fakkeenyaf; macaafni qulqulluun (uma 10:8-12) haqa kana bifa shakkii hinqabneen akkasitti ibsa.

"Kuush, Naamrudin dhalche; Naamrudin kun biyya lafaa keessatti nama jabaa isa duraa ture……Innis jalqaba irratti mandaroota biyya Shiinar (Sumeer) isa "Baabiloon" jedhamee beekame keessaa Baabel, Erek, Akaadii fi Kaalne irratti mo'e.Biyya sanaa ba'ee biyya Asor dhaqee mandaroota Nanawwee, Rehobot-Irii fi Kalaa in ijaare.Dabalees mandaroota Nanawweefi Kalaa gidduutti Resen guddittii in ijaare."

Macaafni qulqulluun (uma. 2:10-13) ammas itti dabaluun "…. Eedan keessaa bishaan in burqa; bishaanichis achii ba'ee, gargar hiramee laga afur ta'e. Maqaan isa duraa Phiishon, innis guutummaa biyya **Hawiilaa** lafa Warqeen jirutti naanna'ee in yaa'a……Maqaan laga isa lammaffaas Giihoon, innis guutummaa biyya **Kuushitti** naanna'ee in yaa'a" yaada armaan olitti ka'e jabeessa.

Ta'us, barreesittoonni faallaa haqa seenaa ummattoota Kuush dhaabbaachun daangaa ummata Kuush ardii Afriikaa qofa keessatti murteessuu barbaadan tokko tokko laga "Giihon" jedhame kana laga Mormoritti hiiku. As irratti "Eedan", lafti laggeen kun keessaa maddaanifii Sanyiin dhala namaa (Addaamifi Heewwan) yeroo jalqabaaf keessa jiraachu jalqaban jedhame sun kutaa bulchiinsa mootummaa Meesoopotamiyaa durii, Iraaq har'aa keessatti argama.Lagni Gihoon jedhamu biyya Iraaq keessaa madda jechuudha.

Lagni Mormor immoo biyyoota Afiriikaa keessaa madda.Barreessittoonni kunneen akkaata Laggeen lameen garaagara kanneen laga tokkicha itti taasisan nuhubachiisu qabu jechuudha.Woggoota 5,000'n darban kana keessatti haalli teesuma lafaa yaada isaanii kana deeggaru Addunyaa irraa hinturre.

Gama biraatin, qacceen Hawiilaa, ilma Kuush (uma. 10:6) daangaa kaaba biyya Filisxemiyaati ka'ee hanga qarqara galoo galaana Peershiyaatti (Iraan) har'aatti qubatanii jiraata akka turan kan ragaa bahu tokko macaafa qulqulluudha.

Mootummaan Meesoopotamiyaa bu'aalee qaroomina ummattoota Kuush durii keessaa tokko turuu isaa shakkii hinqabu jechuudha.Mootummaan Meesoopotamiyaa kun bara durii maqaalee lafafi gosoota ummata Kuush naannicha keessa jiraata turan kanneen akka: Sumeerifi Hawiilaa jedhaman faadhan waamama ture.

Haa ta'u malee, yeroon booda maqaa "Baabiiloon" jedhuun caalatti beekamaa dhufe.Maqaan "Baabiloon" jedhu kun jecha afaan Hibruu "Babeel" jedhurraa kan late yoo ta'u, "tamjaaja'u, gara-wallaalu, raata'u" akka jechuutti hiikama (Rudolf W., 2003).

Hundeen jecha kanaa seenaa ijaarsa/diigamu Gimbii Baabyiloon waliin wal-qabaachu isaati.Ummanni Baabiloon yeroosii hammaa-ol qaroomurraa kan ka'e Waaqa waliin dorgamaa akka turanifi dheekkamsa Waaqatin afaan walii wallaalanii gargar facca'uu isaanii macaafa qulqulluutu kaasa (Um. 11: 1-9).

Hayyoonni seenaa ummattoota Kuush tokko tokko seenaa macaafa qulqulluu keessatti ibsame kun seenaa qondaallonni warra Yihuud ummattoota Kuush irratti weerara qor-qalbii raawwachuufi kalaqaan akka ta'etti dhiyyeessu.Gimbii Baabiloon kan jigse dheekamsa Waaqayyo osoo hintaane humna weerartootati jechuu isaaniti fakkaata.Hayyoonni hundee jecha kanaa afaan ummattoota Kuush durii waliin walitti hidhanis jiru.

Gabaabummatti, ummanni Kuush gama Baabiloon kun naannoo bara 4,000 (dh. k. d) kaasee magaalota akka: Eriduu, Lagaash, Nippuur, Kiishifi Ur jedhaman ijaaratanii biyya lafa tanaaf qaroomina ammayyaa maddisiisa kan turan yoo ta'u daangaan bulchiinsa Sumeerifi Baabiloon kutaalee kibba biyya Iraan, Afgaanistaani, Paakistaanifi kaaba-dhiha Hindii har'aa of-keessatti akka hammatu barreesittoonnifi qoratoonni garaagara qulqulleesaniiru. Baroota 3,500 fi 1792 gidduu wiirtuu siyaasaa Ummata Sumeer magaala Ur yoo ta'u bara bulchiinsa Hamoorabii keessa (1792-1750) gara magaala Baabiloonitti jijjiirame.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa



Siidaa "Gudea" nama naannoo bara 2090 (dh.k.d) mootii Mesopotaamiyaa ture barruu "The history of Mesopotamia" jedhurra kan fudhatame

Mootummaan biyyoota baha gidduu-galeessaa keessatti qaccee ummata Kuushin ijaarame mootummaa Baabiloon qofa miti. Ilmaan Kaam afran keessa tokko kan ta'e ummanni Kana'aanis hanga naannoo bara 1400 (dh.k.d) humna weerartoota ummata Yihuudin cabutti biyya yeroo amma Israa'el, Siiriyaa, Turkiifi Libaanon jedhaman keessatti mootummaa jaba ijaaratanii jiraata turan.

"Lafti warra Kana'aan Sidoonii ka'ee karaa Gerar irra hamma Gaazaatti, karaa Sodoom, Gomoraa, Aadimaafi Zebo'iim immoo hamma Laashaatti in bal'ata (uma.10:19)."

Bara 3200 (dh.k.d) kaasee ummanni Kana'aan naannoo kaaba Paalastayinitti magaalota akka Tayre fi Siidon (Ziidon) jedhamuun beekaman ijaaratanii naannicha keessa naagaadhan jiraata turan. Magaalli Siidon (Ziidon) jedhamu kun maqaa ilma Kana'aan isa angaafatiin kan mogga'e yoo ta'u ummanni Kana'aan kun maqaa "Foneeshiyaa" jedhuunis ni beekamu.

Ummanni Yihuud ummata Kana'aan Seexanaan wal fakkeessanii odeessuun magaaalota Kana'aannoonni woggoota kumaatamaf itti dadhabanii ijaaran kanneen akka Iyaarikoo faa hambafillee akka hinhafnetti barbadeessan.Kana'aannota baayy'ees lubbuudhan fixan.Garii isaaniirra qaama ciran (macaafa abboota firdii, 1:4-7).

Ummanni Yihuud waraana baroota dheeraaf (40) isaaniifi ummata Kana'aan giddutti ta'e kana akka waraana ijollee Waaqayyofii ilmaan Seexana giddutti ta'eetti lakkaa'u. Isaan ijollee Waaqayyo; warri Kana'aan immoo ilmaan Seexana ta'uu isaaniti.Odeeffannoon akkasii afoola weerartoonni uuman malee ta'ii seenaa akka hintaane beekamaadha.

1.4.3 Mootummaa Nubiyaa/Kuush/Kaanset

Gareen uummata Kuush biroo yoo xiqqaate naannoo bara 2300 duraa kaasee (dh.k.d) daangaa Ripabiliika Suudan har'aa keessatti mootummaa "Nubiyaa/Kuush/Kaanset" jedhame beekamu ijaarratanii ittiin bulaa turan. Maqaan "Nubiyaa" jedhu jecha afaan ummata Kuush durii "Nuubii, Nuubit" jedhu irraa kan late yoo ta'u, "Nuubii, Nuubit" jechuun 'magaala Warqeen keessaa burqu, lafa oomisha albuuda Warqee' jechuuti hiikama (Isheetu Irranaa, 2009:8).

Nubiyaan Kuush, Kaanaset, Akkaan ykn Suudan jedhamunis nibeekamti.Daangaan bulchiinsa mootummaa Nubiyaa durii biyyoota gidduu-galeessaafii Lixa ardii Afriikaa hunda uwwisu barreeffameera.Wiirtuun siyaasa Kuushota Nubiyaa inni jalqaba magaala Kaarmaa yoo ta'u, magaalota gama kibbaa gammoojjii saaratti ijaaraman keessa Kaarmaan angafaa akka turte galma'eera.Magaalli Kaarmaa (2300-1500) kaaba kutaa biyya Suudan har'aa keessatti hundoofte.

Haa ta'u malee, Kuushonni Nubiyaa dhibbaa gama kaabaa irraa itti dhufaa ture jalaa baqachuuf wiirtuu siyaasa isaanii gama kibbaatti sikfataa turan.Naappataa (1000-300)fi Meeroo'i (300-33 k.d) wiirtuulee siyaasa Kuushota Nubiyaa kibba magaala Kaarmaatti turaniidha.Yeroon akkas jedhu Kuushonni Nubiyaa humnoota weeraraa gama kaabaarra itti dhufaa turan falmaa hingaggeesine jechuu koo miti. Kuushonni Nubiyaa yeroo garaagaratti humnoota garaagara waliin waraanota gurguddoo hedduu taasisaniiru.

Kanneen keessaa: humnoota Kuushota Kameet, Giriiko-Roomaa, Abiyisiniyaa, Turkiifi Arabootaa akka fakkeenyatti kaasuun nidanda'ama.Fakkeenyaf baroota 1500-1000 gidduu (dh.k.d) Kuushota Kameetin moo'amaniiru. Baroota 750-663 gidduu (dh.k.d) Kuushota Kameet irratti olaantummaa argachuun masara Farahoon too'ataniiru.

Kana malees, Kuushonni Nubiyaa naannoo bara 330 (dh.k.b) weerara mootota Aksum jalatti kan kufan yoo ta'u qabsoo hamaa woggoota 200 oliif gaggeesaniin naannoo bara 520 mootummaa mataa isanii (kiristaanaa) ijaarachuun jiraata turan. Bar-dhibbee 15ffaa keessa (dh.k.b) yeroo harka weerartoota Islaamaatti kufan immoo kaaba kutaa biyya Suudan har'aa keessatti sultaanetii Islaamaa "Sinaar" jedhamu ijaaratan.Bar-dhibbee 19ffaa keessa immoo humna weerartoota Awwurooppaa jalatti kufan.Bayyachuun weerara humnoota ollaa kunneen laafaa dhufuufii diigamu mootummaa Kuushota Nubiyaatif sababa ta'eera.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa



Suura nama Nubiyaafi Boca naannoo awwaala mootootii Meeroo'i durii keessa qorannoo hambaa seenaatin argame

1.4.4 Mootummaa Kuushota Puunt (2600-1150 k.d)

Mootummaan Puunt Kuushota Kaamet biratti "Pwenet/Ta netjer" jedhame beekama. "Ta netjer" jechuun 'Dachee Waaqayyoo' akka jechuuti. Mootummaan Puunt gama kaabatiin hanga Kaamet, gama kibbaatin hanga Taanzaaniyaa (?), gama lixaatiin hanga Nubiyaa, gama kibbaatin galoo galaana diima kan uwwisu yoo ta'u, daangaan bulchiinsa isaa kaaba-baha Itiyoophiyaa, Eritiriyaa, Suudan(Beja lands), Jibuutifii Sumaliyaa har'aa akka uwwisu galmaa'era.Wiirtuun mootummaa Puunt durii, biyya yeroo amma maqaa "Sumaalee Laand" jedhuun waamama jirtu keessa akka ture raagama.

1.4.5 Mootummaa Kuushota Dama'at (3,800-100 k.d)

Akkuma mootummaa Puunt, mootummaan Dama'at qarqara galoo galaana diima irra kan ture yoo ta'u bara duriitii kaase bulchiinsa Kuushota Kaamet, Nubiyaafi Saabaa waliin hidhata guddaa qabaacha akka ture himama.Seenaa mootummaa kanaa irratti ragaa gahaan walitti qabamee hinkurfoofne. Ta'us, hambaawwan seenaa biyya Ertiriyaafi kuuta kaaba biyya keenyaa keessatti argaman bu'aa qaroomina mootumma kanaa ta'uutu raagama.

1.4.6 Mootummaa Kuushota Aksum (3,300d-700b)

"The attribution of the earlier Aksumite civilization to to the south Arabian immigrants has been questioned increasingly in recent works (Girma A., 2009:174").Dr. Ayalaa Bakaree barruu isaa "The Rise of The Aksum Obelisk is The Rise of Ethiopian History" jedhu keessatti Alaqaa Kidaana-Wold Kiflee madda godhachuun "Maqaan Aksum jedhu jecha bara dur ummanni Yihuud Ummata Kuush naannoo galoo galaana diima jiraata turan ittiin waama turan irraa kan maddeedha"jedheera.

Habtaamu Ayaalawu (2006:36) immoo mootummaan Aksum bishaan badii booda naannoo bara 531 ummata Kuushin akka hundoofte barreesera.Bara bishaan badii (3844) irraa woggoota 531 yoo hir'isne; mootummaan Aksum dh.k.d naannoo bara 3,300 hunda'e jechuudha.Akka maddeen Amantii kiristaanotaatti Kutaan bulchiinsa ummata Kuush qarqara galoo galaana diima qabate argamu kun ilmaan Kuush jahan keessaa (Saabaa, Haawiilaa, Sabtaa, Ra'imaa, Sabtekaas, Naamrudin) isa Sabtaa jedhamuun hunda'e.

Akka barreessaan warra Arabaa Shibaan Addi Diin (Arab-Faqii) jedhamu bar-dhibbee 16ffaa keessa (1591) kaa'etti siidaan Aksum bara namni Diizu Karnaayih jedhamu naannicha bulchaa ture ijaarame.Maqaan kun maqaa mootonni Kuush durii ittiin waamama turan akka ta'e tilmaama.Wiirtuun daldala qarqara galoo galaana diima, maqaa "**Aduulis**" jedhuun beekamus ummata Kuush duriitiin ijaarame (Raka 1986, Tamaam Haaji-Aadam, 2010:15).

Bifuma wal-fakkaatun Qeesis Kafyaalawu Marrahe (1999) mootummaan Aksum hortee ummata Kaam biyya Arabaarra ka'uun galaana diima ce'anii naannoo naannicha keessa qabatanii jiraacha turaniin hunda'edha. Mootummaan kun Kuushota galaana diima ce'anii dhufaniin moo isaanuma as turaniin ijaarameen gaaffii deebbii gahaa hinargati jiruudha.

Kana malees, qarqara galaana diima kaase hanga kibba siida Aksumitti bakkeewwan jechoota afaan Oromoofii afaanota ummata Kuush keessatti beekaman kanneen akka: "Raaree", "Ona", "Bobbaa Gaala", "Marsaa", "Malkaa Guraara", "Hiddii", "Xiyyoo", "Irreecha", "Malkaa Hobaa", "Doobbaa", "Raayyaa", "Cittuu-oota", fi kkf hedduutu jiru.Maddi jechoota kanas qoratamuu qaba.Bocni siidaa Aksumis raagaa biraati.Ammallee bar-dhibbee 7ffaa keessa yeroo maatiifi hordoftoonni Nabiyuu Mahaammad gara Itoophiyaatti baqataan namni yeroo san naannoo galaana diima bulcha ture "Baahira Nagaash" jedhama.

Baahira Nagaash baqattoota sana "Ashamaa" jedhee akka simate galmee yaadannoo mooticha irraatti galmaa'e jiraachu qoratoonni seenaa kanneen akka Profeesar Mohaammad Hasan ibsaniiru.

Jechi "ashamaa" jedhu kun immoo jecha hawaasni Oromoo nagaa wal-gafachuu ykn hojjiitti wal-jajjabeessuf dhimma itti bahuudha. Qaroominni Aksum ka'iiti humnoota Agaaziyaanin dura, naannoo bara 3000 (dh.k.d) ummatta Kuushin ijaaramee jechuudha. Weerartoonni Agaaziyaan bar-dhibbee 1ffaa dh.k.b Ummata Kuush weeraranii moo'un aangoo mootummaa Aksum humnan dhaalan.

Barreesitoonni ilaalcha qaroominni Aksum Ummata Habashaatiin hunda'e jedhu qaban bayy'een bara hundeefama mootummaa Aksum seenaa ka'iiti humnoota Agaaziyaan waliin walitti fiduun naannoo bara 100ti dh.k.b tilmaamu. Tilmaama Abbaa handhuurafi bara hundeefamaa motummaa Aksum irratti jiru sirreessun hariiroo mootummoota Puunt, Saabaa, Dama'at, Aksum, Kuush/Nubiyaafi weerartoota Agaaziyaan gidduu ture gad-fageenyan qoratachuu feesisa.

1.4.7 Mootummaa Kuushota Saabaa (2300 k.d-525 k.b)

Ummanni Saabaa gareewwan ummattoota Kuush keessaa tokko ta'uu isaanii Alaqaa Taayyee (1922:10)fi Balaay Mokonnin (2007:67) dabalatee barreessittoonni hedduun mirkaneessaniiru.Horteen ummata Kuush kun gammoojjii Arabiyaafii qarqara galoo galaana diima (Sa'ud Arabiyaa, Yemanifii Ooman) keessa baroota dheeradhaf jiraata akka turan seenaan macaafa qulqulluutis ragaa baha (um. 25:3-6, Iyoob 1:15, Yo'el 3:8).

Maddeen Kuushummaa ummata Saabaa ibsan keessaa tokko kitaaba mootota kiristaanaa "Kibra Nagast" jedhamuudha.Akka qabiyyee barruu kanaatti Solomoon, mootiin Yihuud giiftii ummata Saabaa Makda, Yooditi/Gudditti jedhamturra ilma "Miniliik-I" argate.

Yeroo Solomoon mootich ilma isaa kana muudu haati-warraa isaa kan biraa inni dhiiga Kuushota Kameet qabdu inaaffan guutamuun, "Gurbaan kun ilma dubartii warra Kuush, ilma dubartii ummata gurraacha Waaqayyo hinfudhinaa jedhee isin ajajeerra argatteef akkam aangoo guddaa akkasii kennita?" jettee mootichan marmite.

Mootichis "isin lachuu hortee Haam waan taataniif dhiigni ishee dhiiga keeti; qacceen ishee qaccee keeti" jechuun akka deebiseef gabaasa.Kanas ta'ee san, daangaan bulchiinsa Kuushota Saabaa gama kaabbatin hanga daangaa Perishiyaa, Iraan har'aa kan qaqqabu yoo ta'u, gama kibbaatin hanga qarqara galoo galaana Edanitti diriira. Ragaaleen seenaa hedduun Kuushonni Saabaa ka'iitii Araboota Adiitin dura, naannoo bara 2300, dh. k.d kaasee yoo xinnaatee woggoota 1400 oliif kutaalee biyyoota Arabaa garaagara keessatti mootummaa walabaa ijaaratanii jiraataa turan.

Hayyuun seenaa biyya keenyaa pirofeesar Takla-Tsaadiq Makuriyaa (1951:16) bara bulchiinsa Saabaa Aksumifii Yeeman mootummaa tokko jalatti bulaa akka turan yoo ibsu, Ji'oogiraafarri Giriik durii Pitoolomii jedhamu immoo biyya Kuushota Saabaa kana "Eudaimon Arabiyaa" jechuudhan ibseera. "Eudaimon Arabiyaa" jechuun Arabiyaa carroomtuu akka jechuuti. Kun immoo misooma biyya Saabaa Keessa ture agarsiisa.

Gareen Ummata Kuush kun gara booddeerra dhiibbaa kallattii kaabarraa itti agamaa ture jalaa gama kibbaatti baqachuun kutaa biyya Yeman har'aa keessa naannoo "Adeet ykn Edan" jedhame beekamu keessatti wiirtuu siyaasaa jabaa ijaaratanii jiraacha akka turan yaadatama.

Akka seenaa macaafa qulqulluutti mirgi Abbaa biyyumma Kuushonni Saabaa biyya Arabiyaa irratti qaban naannoo bara 1896 (k.d) yeroo abbaan hawaasa Islaamaa, Ismaa'el dhalate kaasee gaaffii keessa galuu jalqabe.

Akka madden seenaatti immoo olaantummaan Kuushonni Saabaa Arabiyaa keessatti qaban gaaffii keessa galuu kan jalqabe baroota 990-575 gidduu (dh.k.d) yeroo ummanni Aariyaan (Peerishiyaa) gama kaabaa irraan waraana hamaa irratti banuun gama kibbaatti of-jalaa baksuu jalqabanii kaasetti.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa



Kaarta-4: Bulchiinsa mootummoota Aksumifi Saabaa (Stuart Munro-Hay, 1991:9)

1.5 Qaroomina Uummattoota Kuush Durii

"The blacks were among the very earliest builders of a great civilization on this planet, including the development of writing, sciences, engineering, medicine, architecture, religion, and the fine arts (William, 1971:xv)"

Dhalli namaa uumamoota kennaa addaatiin faayamanii uumaman keessaa tarree isa duraa irratti argama. Kennaawwan uumamni dhala namaatiif arjoomte keessaa haalli uumama sammuu isaa kan jalqabaati. Sammuun dhala namaa sammuu lubbuu-qabeeyyiiwwan biroo hunda caala damaqaadha.Wantoota dhokatoo sammuun lubbuu-qabeeyyii biroo hubachuu hindandeenye hubata.Akka sammuun lubbuu-qabeeyyii biroo yaadu hindandeenyetti yaada.

Yaadawwan wal-xaxoo garaagara gad fageenyan hubachuu, xiinxalu, hereegu, raagufii madaalu danda'a. Dhalli namas haala uumama sammuu isaa kana fayadamuun bara addunyaa kana irratti uumamee kaasee sadarkaa Jireenya isaa foyyeeffachuuf jecha carraaqataa tureera. Carraaqqiiwwan taasisaa ture kanaanis beekumsa, dandeettii, ilaalcha, qabeenyafii wantoota jireenya isaatif tolan hedduu uummachuufi carroomera.Bu'aawwan dadhabbii isaa kanaanis rakkoolee jireenya isa keessatti isa qunnaman hedduu isaanii furachuu danda'eera.

Yaad-rimeen qaroominaas gahuumsa hawaasni tokko rakkooleefii gufuuwwan jireenya isaa keessatti isa qunnaman carraaqqii isaatin of-jalaa kaasuun sadarkaa jireenya isaa foyyeeffachuuf qabu kanan ibsama. Ta'us, ulaagaaleen madaala sadarkaa qaroomina hawaasa tokkoo haala, yeroofii bakkaan kan murtaa'an waan ta'eef jechi qaroomina jedhu hiika waltawaa hinqabu.

Bara dhagaa keessa bineensota garaagara dhagaadhan waqaranii ajjeesuun ykn dhagaa lama walitti waqaranii ibidda uumuu danda'uudhan madaalama ta'a.Sadarkaan qaroomina hawaasa tokkoo; seenaafii kuusaa bu'aalee carraaqqii dhaloota hedduutiin kan murtaa'u waan ta'eef qabxiileen kunneen bara ammaa keessa ulaagaalee madaala qaroominaa ta'uu hindanda'an.

Gabaabummatti, qaroominni bara durattii hayyootafii qorattoota Seenaa hedduu biratti ulaagaalee gurguddoo armaan gadiitin madaalama.Isaanis:-

1. Sirnoota Diinagdee
2. Hundeeffamaafii Babal'ina Magaalota
3. Sirna Siyaasaafi Bulchiinsaa
4. Sirna Ijaarsa/Caasaa Hawaasaa
5. Sadarkaa Dagaagina Saayiinsiifi Teeknolojii
6. Afoola, Aadaafi Duudhaa
7. Hog-Barruu
8. Amantii

- **Sirnoota Diinagdee**

Ummanni Kuush durii, ummata yeroo jalqabaatiif bineensota bosonaa, ija mukaa, baala biqilootafii Qurxumii galaana soorachurra tarkaanfatee sirnoota diinagdee garaagara abuure ta'uu ragaaleen seenaa dhugaa bahu.Sirnoota diinagdee ummattoonni Kuush durii hordofaa turan hedduu keessaa isaan armaan gadii akka fakkeenyatin kaasa.

☞ **Horsiisa Beeladootafi Oomisha Midhaan Nyaata**

Ummanni Kuush durii naannoo bara 5,000 (dh.k.d) kaasee bineensotaa bosonaa garaagara kanneen akka: Re'ee, Hoola, Harree, Gaala, Sareefi kkf madaksuudhan dhimmoota garaagaratiif itti fayadamaa turera. Ummanni kun yeroo duriitii kaasee bineensota jajjaboo rakkoo dandamachuu danda'an kanneen akka Gaalaa faas naalchuun dhimma geejibaatif itti fayadamaa tureera (Taaddasaa Taamirat, 1986).

Ummattoonni Kuush Iddoo garaagara keessa jiraata turan yeroo wal-fakkaata keessa biqiloota akka Garbuu, Qamadiifii Boqqoolo faa naannoo jireenya isaatti oomishuudhan ummata midhaan garaagara soorachuu jalqabeedha (Drusilla Dunjee, 1926).

☞ **Hojii Albuuda Baasuu**

Seenaa ummata addunyaa keessatti albuuda (soogidda) galaana diima keessaa baasuun soorachu kan jalqabe Kuushota Kaamet ta'uu galmaa'era. Kuushonni Nubiyaa, Dama'at, Ashantiifii Hinduu faas albuudota akka Warqee, Meetii, Madaabii, fi kkf baasuun dhimmoota garaagaratiif itti gargaaramaa turan.

☞ **Hojii Daldalaa**

Mootummoota Ummattoota Kuushiin ijaaraman kanneen gidduu hariiroon Siyaasaafii hawaas-dinagdee wal-xaxaa ta'e akka ture maddeen Seenaa nuuf mirkaneessu. Fakkeenyaf, M-Shidad Hussein (2014) barruu isaa mata-duree "The Ancient Kingdom of Punt and its Factor in Egyptian History" jedhuun maxxansiise keessatti baroota 2590 fi 1150 gidduu (dh.k.d) mootummoolee ummattoota Kuush kanneen akka: kameet, Nubiyaa, Puunt, Saabaa, Hinduufi biroo gidduu hariiroon daldalaa ho'aan kan ture yoo ta'u, wantoota yeroos daldalamaa turan keessaa: beeladoota, ilkaan Arbaa, Warqee, Meetii, Madaabiifii meeshalee waraanaa maqaa dhahuun akka danda'amu ibseera.

Kuushoonni Kana'aanis Naannoo bara 1500 (dh.k.d) kaasee doonii ijaaranii gurduruun addunya irratti beekamoo turan. Hambaaleen seenaa qorannoo Xindaatiin lafa keessaa qotamanii bahanis ummattoonni Kuush sulula laga Mormor keessa jiraataa turan naannoo woggoota 18,000-20,000 har'aatiin dura kaasee sirna qabiinsa hereegaa (accounting system) mataa isaanii uummatanii dhimma itti bahaa turuu isanii agarsiisa (www.mochasuite.com).

Hayyuun Kaamet durii "Imhotep" jedhamu immoo naannoo bara 3000 (dh.k.d) biqiloota garaagara irraa dhukkuboota 200 ol ta'aniif qoricha qopheessuun tajaajila wal'ansafii kunuunsa fayyaa hawaasaa kennaa turuu isaa beekameera.Abbaa Fayyaa kan jedhame garuu quxusuu isaatti.

Kana malees, sirni maalaqa dhimma daldalaatiif fayadamuu, sirni buusii laammilee biyyattii irraa walitti qabuun dhimma misooma waliigalaatiif oolchuu ykn sirni gibra walitti qabuu (taxation system) kan jalqabame Kuushota Keemetiin ta'uu maddeen Seenaa ragaadha.

Mootummoonni Kuush durii lammiilee isaanitiif carraa hojii uumuudhanis hojii gaarii dalaganiiru. Fakkeenyaf, ijaarsa Piraamidoota Kaamet qofa irratti si'a tokkicha hanga namoota 100,000 ol ta'an hirmaachaa akka turan raagama.

Gabaabumatti, hanga bara ka'iitii humnoota Giriikoo-Roomaa (800, dh.k.d)tti; beekumsa Saayiinsii uumamaafii Saayiinsii fayyaa, falaasama amantii, falaasama Siyaasaa, akkasumas ogummaa Artiifii Muuziqaa faa burqisiisudhaan ummanni Kuushoota waliin dorgomu danda'u hinturre jechuun nidanda'ama.

- **Hundeeffamaafi Babal'ina Magaalota**

Jechi qaroomina jedhamu jecha Afaan Ingiliizitiin "Civilization" jedhamu waliin hiika wal madaalu kan qabu yoo ta'u, jechi "*Civilization*" jedhu kun jecha Laatin "*Siivis*" ykn immoo jecha Afaan Arabaa "madiina" jedhurraa akka late tilmaama. "Siivis" jechuun "nama magaalaa" jechuu yoo ta'u, "Madiina" jechuun immoo "magaala" jechuutti hiikama. Kun immoo hariiroon magaalootafii qaroomina gidduu jiru hammam cimaa akka ta'e nu hubachiisa.

Seenaa isaa keessatti dhalli namaa naannoo tokko keessatti manneen jireenya wal cinaatti ijaaratee waliin jiraachu kan jalqabe naannoo woggoota 7,000 har'aatin duraa kaasee yoo ta'u, mandaroota amala magaala qaban ijaaru kan jalqabe immoo 5,000 har'aatii kaaseti.

Seenaa ijaarsa mandarootafi magaalatiin sadarkaa duraa irratti kan argamu immoo ummata Kuush ta'uu seenaatu ragaadha. "Ur, Nippur, Babylon, Memphis, Thebes, Napata, and Meroe founded by the non Indo – European people……."(Gershom N. Amayo, 2011).Odeeffannoon gabatee armaan gadii keessa jiru haqa kanaaf ragaa qubsa natti fakkaata.

#	Maqaa magaalota	Bara hunde. (dh.k.d)	Hundeesitoota	Biyya argamaa
1	Teehebes	3200	Kaamet	Kaamet, Misir
2	Meemfis	3100	Kaamet	Kaamet, Misir
3	Harappan	3000	Hindu	Indiyaa
4	Kiish	2800	Sumeeriyaa	Iraq
5	Giiza	2700	Kaamet	Kaamet, Misir
6	Lagaash	2500	Sumeeriyaa	Iraq
7	Uur	2500	Sumeeriyaa	Iraq
8	Mohenjo-Daro	2300	Hindu	Indiyaa
9	Aduulis	2300	Da'amat (Aksum)	Eritiriyaa
10	Karmaa	2300	Nubiyaa	Suudan Kaaba
11	Tayre	2300	Kana'aan	Israa'eel
12	Siidon	2300	Kana'aan	Israa'eel
13	Naappataa	1000	Nubiyaa	Suudan Kaaba

Gabatee-8: Mandarootafi magaalota ummattoota Kuush duriitiin ijaaraman keessaa muraasa

*Magaalonni yeroo ammaa warra lixaa biratti Seenaa baroota dheeraa qabaachuun farfaman kanneen akka Iyarusaalem bara 1400, Ateenis bara 1200, Roomaan immoo bara 1000 (dh.k.d) hunda'an.

- **Sirnoota Siyaasaafii Bulchiinsaa**

☞ **Sirna Ijaarsa Jaarmiyaalee Siyaasaa:**

Ummanni Kuush durii dhaloota Kiristoosin dura baroota 2084 fi 1825 gidduu sirna Gadaa ijaarratanii ittiin buluu akka jalqaban tilmaamama. Barreessan Iswinton jedhamu haqa kana akka armaan gadiitti ibseera."Egypt is the country in which we first find a government and political institutions established."

Mootummaafii jaarmiyaaleen Siyaasaa sirnawaa ta'an yeroo jalqabaatiif ummata Kaametiin uumaman jechuu isaati.Ummattoonni Kuush durii mootummoota dimokiraatawaa hedduu kutaalee addunyaa garaagara keessatti ijaaruun woggoota 6,000 oliif tursiisu danda'aniiru.Seenaa addunyaa kanaa keessatti ummanni mootummaa umrii ammanaa qabu ijaare hin jiru(Taabor Waamii, 2006).

Kuushonni Kaamet baroota 1504 fi 1482 gidduu (k.d) dubartii "HATSHEPSUT" ykn "Ateete" jedhamtuun bulaa turan. Kun immoo lammiilee Kuush durii gidduu wal-qixummaan Korniyaafi siyaasaa akka ture nu hubachiisa.

☞ Sirna Ijaarsa Raayyaa Waraana

Bara bulchiinsa Siisostiriis keessa Kaamet waraana lafoo 500,000, waraana Fardaa 25,000 fi Saragallaa Fardaan harkifamu 27,000 qabaacha turte.Bara san keessa Kaamet addunya irratti biyya akkaan sodaatamtuu akka turte seenaan nu yaadachiisa (Leelisaa Aada, 6413).

Ummanni Kuush durii oomisha meeshalee waraanafii tooftaalee waraanaatiin angafummaa kan qaban yoo ta'an; beeladoota akka Gaalafii Fardaa faas dhimma geejibafii waraanaatiif itti fayadamuu kan jalqaban Kuushota Kaamet ta'uu beekama.

- **Sirnoota Ijaarsa Jaarmiyaalee Hawaasummaa**

☞ **Sirna Kennamuumsa Tajaajila Murtii Haqaa** –

Seenaa dhala nama keessatti sirni mana murtii ijaarame tajaajila hawaasummaa kennuu kan jalqabe Kaamet keessatti ta'uu ragaalee seenaatiin mirkanaa'era. Kuushoonni gama baha giddu galeessattis naannoo bara 2150 (k.d) kaasanii "heera mootummaafi seera hawaasumma" seenaa hawaasa addunya keessatti yeroo jalqabaatiif bifa barreeffamaatin qopheessun ittiin bulaa turaniiru.

☞ **Sirna Dhiyyeessii Barnootaa**

Ummanni Kuush ummata qaroominni garaagara keessa madde ta'uu isarraa kan ka'e seenaa hawaasa addunya keessatti ummata wiirtuulee barnootaa isaan jalqabaa hundeesudhan barattoota addunya tajaajilaa tureedha. Gama kanaan qacceen ummata Kuush isaan zoonii lixa ardii Afriika keessatti argaman sadarkaa duraa irraa taa'u.

Fakkeenyaf Kuushonni biyya Maali ammaa keessatti argaman wiirtuu barnootaa, Yunivarsiitii "Tinbuktuu" jedhamu woggoota kumaatamaan duraa kasanii hundeessun qaroomina ummata Kuush itti dagaagsafii hawaasa addumyaatiif itti qooda turan. Kaamet durii keessattis dargagoota qareeyyii fedha barnootaa qaban hundaaf carraan banaa ture.

"The knowledge of knowledge, and its acquisition, should not be a mystery to the African, because historical evidence indicates that it was his/her ancestors, the ancient people of Kemet, "the black land", who built and operated the first major libraries and institutions of higher education in the world (Itibari M. Zulu, 2012)."

Harka warra Giriikitti kufuu isheetiin dura Kaamet barattoota biyyoota addunyaa hundaaf carraa barnootaa, Iskoolarshiippii kennaa turteetti.

Barattoonni Giriik durii kanneen akka Hoomeer, Heerudutoos, Hipokiraatas, Payitagoras, Sikuulus, Pilatoofii Aristootil faan warreen Kaamet keessatti barachuuf carrooman bayy'ee keessaa muraasa. Kaamet bara 332 (dh.k.d) barataa Aristootil, Aleksaandar ze gireeti jedhamuun jedhamuun ega qabamtee boodas kuusa qaroomina Ummata isheetiin barattoota guutummaa addunya qaraa turteetti (George G. M. James, 2009).

- **Sadarkaa Dagaagina Saayiinsiifii Teeknolojii**

☞ **Teeknolojii Oomisha Meeshalee Manaa**

Odeeffannoowwan qorannoo Xindaa (Arkiiyolojii) ummanni Kuush, ummata dhakaa, biyyoo supheefii jirma mukeenii, akkasumas lafee, gogaa, gaanfafii ilkaan bineensota garaagara irraa meeshaa manaafii faayoota adda addaa tolchuudhan itti fayadamu jalqabe ta'uu agarsiisu.Ummanni Kuush gogaa loonifii biqiltuu jirbii irraa uffata garaagara tolchee uffachuudhanis ummata jalqabaati.

☞ **Teeknolojii Hojii Sibilaa**

Kuushonni kutaalee addunyaa garaagara keessa jiraataa turan albuudota sibilaa, kanneen akka Warqee, Madaabiifii Meetii faa lafa keessaa baasuun baksanii dhimmoota garaagaraatiif oolchaa turaniidha.Hundeen moggaasa maqaa "Nubiyaa" haqa kanaaf ragaa qubsaadha.

☞ **Teeknoolojii Ijaarsaa**

Hambaalee qaroomina ijaarsa ummata Kuush durii keessaa Piraamidoonni Kaamet sadarkaa duraa irratti argamu. Mootonni Kuush durii yeroo Kaamet bulchaa turanitti magaalota kaamet durii kanneen akka: "Abu Rowash", "Giza", "Abu Garab", "Abusir", "Saqqara", fi "Dashour" jedhamanni keessatti Piraamidoota (siidaawwan awwaalcha hoggantoota hawaasaa) 228 ijaaranirru (Alamuu Yaadassa, 2012).

Sirni ijaarsa Piraamidoota kanneenii beekumsa Astiroonomii irratti kan hunda'e yoo ta'u, bara si'anaatti Piraamidoonni kun wiirtuuwwan turiziimii addanyaa kana irratti argaman keessaa sadarkaa jalqabaa irratti argamu.Mootummaa biyyattitifis madda galii guddaa ta'anii tajaajilaa jiru.

Ummanni Kuush durii siidawwan wal-fakkaatoo kutaalee addunyaa garaagara (biyyoota baha giddu-galeessaa, biyyoota qarqara galaanaa Medetiraaniyaanii, biyyoota qarqara galaana diima, biyyoota qarqara garba Hindii, biyyoota Ameerikaa kibbaa, biyyoota Afiirikaa lixaafii biyyoota Afriikaa kibbaa) keessatti ijaaraniiru. Ta'us, gariin siidawwan kanneenii waraanan diigamaniiru, gariin isaanii dheerina yeroo irraa kan ka'e lafa keessatti awwaalamaniiru.

Gariin isaanii immoo balaa uumamaafii nam-uumee hunda dandamatanii irraa hafuun guyyaa seenaan Ummata Kuush murtii haqaaf dhiyyaatu ragaa ta'uuf bara eegataa jiru. Kanneen keessaa piraamidoonnifii siidawwan Nubiyaa, Aksum, Akkaan (Afriikaa Lixaa), Meesopotaamiyaafii biyyoota Ameerikaa kibbaa keessaatti argaman fakkeenya gaariidha.

Caasaan ijaarsaa isaanii falaasamaa amantii kiristaanummaa (afoolaa ummata Yihuud) irratti kan hunda'e ta'us, Siidawwaan mootonni Zaaguwee (870?-1270) Walloo keessatti ijaaranis bu'aa qaroomina sirna ijaarsa ummata Kuush ta'uu dagatamuu hinqabu.

Tokkoo tokkoon gamoowwaan Laalibalaa kunneen dhagoota baaqerraa kan ijaaraman yoo ta'an, ijaarsi akkasii kutaa addunyaa kamuu keessatti akka hin argamne himama. Maasaroonni mootota Oromoota Macca, bar-dhibbee 19ffaa keessa ijaaramanis iddoowwan qorannoo sirna ijaarsa Ummata Kuush irratti taasifamaniin xiyyeeffannoo argachuu qabaniidha.

Addatti, maasaraan kumsaa Morodaa bardhibbee 19ffaa keessaa Leeqa-Naqamteetti ijaarame fakkeenya sirna ijaarsa ummata Kuush durii ta'uu mala. Caasaan ijaarsa Maasaraa kanaa falaasamaa mootummaa sirna gadaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef ummanni Oromoo siidaa kanaaf xiyyoofannoofii kunuunsa addaa taasisuu qaba jedheetiin yaada.

Kanneen alattis ummanni Kuush durii ijaarsa hidha bishaanii, ijaarsa riiqichaafii ijaarsawwan dandii geejibaatiin nibeekamu. Fakkeenyaf Kuushonni Kaametifii Kuushonni Nubiyaa laga Mormor (Abbayyaa) irratti hidhoota gurguddoo hedduu ijaarachuun hojii misooma jal'isiitiif dhimma itti bahaa turaniiru.

Kuushonni Saabaas bar-dhibbee 8ffaa keessa (k.d) hidha guddaa ijaaruun qonnaa jal'isii qotachaa turan.Hiinni kun baroota 525-590 gidduu (k.b) yeroo Kuushonni Saabaa harka weerartoota Agaaziyaan keessatti kufanii jiranitti akka jige galmaa'era.

☞ Beekumsa Astiroonomii

Bara qaroominan duraa keessa Kuushonni Kaamet guutuufii hir'achuu laga Mormor, Abbayyaa irratti hunda'udhan yeroo isaanii lakkaawwataa turan. Naannoo bara 4500 (k.d) kaasee tooftaa lakkoofsa yeroo beekumsa sirna soolarii ykn Astironomii irratti hunda'e uummatanii itti fayadama turan. *"By 4500 (before the Common Era) the Egyptians had measured the length of the year as 365 days – a level of precision far beyond what is necessary for survival (Alan Longstaff, 2005)."*

Tooftaan lakkoofsa yeroo inni haaraan kun haala ta'umsa Biiftu, Baatiifi Urjilee biroo irratti kan hunda'edha. Akka dhaha warra Kuushitti woggaan tokko ji'oota 12 of-keessaa kan qabu yoo ta'u; bayy'inni guyyoota ji'a tokko keessatti argamanii ta'iiwwan sirna soolarii keessatti raawwatan irratti hunda'a. Bayy'inni guyyoota ji'a (baatii) inni xiqqaan 27 yoo ta'u guddaan 31. Lakkoofsi guyyoota waggaa immoo isa kalaandara ammayyaa keessa jiran waliin wal fakkaatadha.

Bayy'iina guyyoota torbanii; torba akka ta'an kan murteessan immoo Kuushota Mesoopotamiyaati. Yaad-rimeen murtee kanaa seeraa "Hamuraabii" naannoo bara 2150 (k.d) dura tumame irraa kan fudhatameedha.Seerri kun lammiileen Baabiloon guyyoota jaha walitti aansanii yoo hojjatan guyyaa torbaffaa akka boqonnaa fudhatan kan eeyyamu ture. Seerri kun bu'ureefamuu falaasama amantii kiristaanatiin dura barreefamee hojiirra oole jechuudha.

Yaanni warri kiristaanaa seera uumamaa irratti barreessan kun kan seera kana irraa waraabame moo hundee mataa isa danda'e qabaa? Deebii isaa hayyootafi qorattoota dhimmi kun ilaalatufin dhiisa.

- **Afoola, Aadaafii Duudhaa**

Ummanni Kuush durii afoola ciccimaa haloota garaagara keessattifii dhimma itti bahu qabaachuun beekamaadha. Mammaaksi, Sheekkoon, Oduun dur, Hibboon, Eebbi, Abaarsi, Geerarsi, Sirboonni, Taphoonni ijollee afoolota Ummanni Kuush qabu keessaa akka fakkeenyatti dhiyyaachu danda'u.

Kanaan malees, ummanni Kuush durii Aadaa nyaataa-dhugaatii, Aadaa uffannaa, Aadaa fuudhaa-heerumaa, Aadaa ijaarsa manaa, Aadaa waliin jireenyaa, aadaa kunuunsa qabeenya uumamaa, aadaa walitti bu'iinsa karaa nagaatiin hiikuu,akkasumas sirnoota ayyaanefannaafii Waaqeffannaa, walumaagalatti, aadaafii duudhaa ittii jiraatufii ittiin beekamu kan mataa isaa uumatee qabaachuun beekamaadha.

- **Hog-Barruu**

Gareewwan Ummata Kuush durii kutaalee addunyaa garaagara keessa jiraata turan bakkuma jirnitti sirna barreeffama mataa mata isaanii uummatanii dhimma itti bahaa turaniiru.Fakkeenyaf; Kuushonni Kaamet sirna barreeffamaa "**Heerogiroofiksi**" jedhamu dh.k.d naannoo bara 3,200ti kaasee dhimma itti bahaa turaniiru. "The Egyptian language is the oldest written (via hieroglyphics) language in existence (McWhirter, 1982:166)."

"During the early periods of human civilization, the ancient Egyptian temples contained the first organized library collections. Hence, Egyptian librarianship has a 6,000 year continuous history (James, 1954, 46)." Kuushonni Sumeer (Meesoopotaamiyaa)'s yeroodhumma wal-fakkaata keessa sirna barreeffamaa "Kuniiform" jedhamu tolfatanii dhimma itti bahaa turaniiru.

Kuushonni Hinduu isaan sulala laga "Harappa" keessa jiraata turanis gosa sirna barreeffamaa "Loogofonetikis" jedhamu naannoo bara 2600 (dh.k.d) kaasee tolfatanii dhimma itti bahaa turaniiru.

Kuushonni Saabaas yoo xiqqate bar-dhibbee 15ffaa (dh.k.d) kaasee gosa sirna barreeffamaa"Symbolic Alphabet or Abugida" jedhamuun beekamu, isa afaanota Ummata Habashaatiif bu'ura ta'e kana bu'uruudhan itti fayadamaa kan turan yoo ta'u; Kuushonni Nubiyaa immoo sirna barreeffamaa Heerogiroofiksii Kuushota Kaametiin walitti dhiyyeenya qabutti fayadamaa akka turan hambaalee seenaa irraa hubatamaa jira.

- **Sirna Waaqeffannaa**

Bara dur, yeroo gariin ummata addunyaa uumama akka isaanitiif; gariin isanii immoo bu'aa ogummaa harka isaanitiif sagadaa turanitti; ummattoonni Kuush Waaqa Tokkicha qofa waaqessaa turaniiru. Seenaa dhala namaa keessatti Waaqa tokkicha waaqesuun bara bulchiinsa "Ameenhooteep IV", (1375-1358, k.d) Kaamet keessatti jalqabame (Tamaam Haaji-Aadam, 2010:19).

Hayyuun Seenaa ummata Kaami, "Itibari M. Zulu" (2012) yaada kana akkas jechuun ibse. "Amenhotep IV introduced monotheism to Kemet and the world." Falaasamni du'aan booda jiraachu lubbuutis kalaqa sammuu Kuushota Kaameti.

Seenaan ijaarsa Piraamidootas falaasama du'aan booda jiraachuu lubbuu kanaa waliin hidhata guddaa qaba. Gaggeesitoonni ummattoota Kuush durii iddoowwan garaagaratti Piiramidoota ijaarsisaa kan turan du'aan booda Lubbuudhan keessa jiraachuuf hawwaan akka ture amanama.Kufaatii qaroomina ummattoota Kuushin booda beekumsi Amantii beekumsa Saayinsii caala Iddoo argachaa dhufe (Caroll Quigley, 1979).

1.6 SABABOOTA KUFAATI MOOTUMMOOTA KUUSH DURII

- **Sababoota Keessaa**

Hanga naannoo bara 5,000 (k.d)tti ummattoonni Kuush akka saba tokkootti jireenya hawaasummaafii diinagdee wal-fakkaatu walii wajjiin dabarsaa turan (Alamaayyo Hayilee, 2007:14).

Haa ta'u malee, baroota 5000 fi 4000 gidduu (dh.k.d) sababoota uumamaafi nam-tolchee garaagara kanneen gad fageenyan qoratamuu qabaniin gareewwaan garaagaratti addaan qoqqoodamaa dhufuudhaan kutaalee addunyaa garaagara keessatti mootummoota mataa mataa isaanii ijaarratanii jiraachaa jalqaban.

Dhimmoota kufaatii mootummoota Kuush duriitiif akka sababaatti maqaa dhahaman keessaa tokko gargar faca'aa dhufuu ummatichaati.Gargar faca'uun ummataa karaa lamaan kufaatii ummata kanaatiif sababa ta'uu mala.

Karaan inni duraa humna ummanni kun qabaacha ture gargar bittineessuun irree ummatichaa laafisuun yoo ta'u, karaan inni lammaffaan gareewwan Ummata kanaa gidduutti garaagarummaa uumuudhan walitti isaan buusudhaan. Fakkeenyaf; baroota 1500 fi 1000 gidduu (dh.k.d) Kuushota Kaametifii Kuushota Nubiyaa gidduu wal-diddaa guddaatu ture.

Wa-diddaa mootummoota Kuush gidduutti ta'aa tureen cinaatti, kutaalee bulchiinsa mootummoota kanneenii gidduutti wal-diddaa cimaan ta'aa akka tures galmaa'era. Fakkeenyaf; baroota 2181 fi 2050 gidduu (dh.k.d) magaalota Kaamet, Teehebesifii Meemfis jedhaman gidduu wal-waraansi cimaan ta'aa akka ture yaadatama. Kuushota Hinduu gidduuttis akkasuma.

Gabaabumatti; jijjiiramaa dhufuun sirna jireenyaa, deebii dhabuun gaafilee qoodannaa aangoo siyaasaa, bu'ura misoomaa, tajaajila ummataafii, naamusa dhabuun qondaaltota siyaasaa kufaati mootummoota Kuushiif sababoota bu'uraa akka ta'an raagama.

- **Weerara Humnoota Ollaa**

Akkuman kutaalee armaan duraa keessatti dhiyyeessuuf yaale; ummanni Kuush durii ardiilee Afriikaa, Eesiyaa, Awwurooppaafii Amerikaa Kibbaa keessatti mootummoota gurguddoo yerootti akkaan beekaman hundeessuun hanga naannoo bara 800 (dh.k.d)tti morkii tokko malee bilisummaan keessa jiraachaa turan.

Ta'us, bara ka'iitii ummattoota Giriikoo-Roomaa (Aariyaan, Heksas, Yihuud, Heelaas, Laatiin, Yoqxanifii Arabaa) booda mootummoonni ummattoota Kuush durii kunneen ummattoota Giriikoo-Roomaa waliin wal-morkii hamaa keessa seenuuf dirqaman.Mootummoonni kunneen miira shakkii, sodaafii inaaffaa wal-irraatti horachaa deemuu irraa kan ka'e dabareedhan wal irratti duuluunii wal ballessuufii waliin baduu amaleefataa dhufan.

Akkuma jabeenya isanii morkatoonnifi diinonni isaas hedduutaa waan dhufaniif mootummoolee ummattoota Kuush kutaalee addunyaa garaagara keessa turan irratti dhiibbaan alaa hamaata dhufe.Addatti, jabeenya qabaachuu isaanirraa kan ka'e ijji guutuu ummata addunyaa mootummoota Kuush lameen (Kaamet fii Sumeer) irratti xiyyeefate.

"After the twentieth dynasty (1200-1085 B.C.), Kemet was subject to foreign domination by Libya, Sudan, Assyria, Nubia, and Persia, with only a brief period of independence in 405 B.C., which ended in 332 B.C. When Alexander, the "Great" (a former student of Aristotle), and his army invaded (Itibari M. Zulu, 2012)."

Odeeffannoon gabatee armaan gadii keessatti dhiyyate dhiibbaa mootummoota Kuush lameen kana irratti gama hundaan baroota dheeraadhaf gahaa ture waan ibsu natti fakkaata.

Lak	Kaamet		Sumeer(Meesoopotaamiyaa)	
	Weerartoota	Bara	Weerartoota	Bara
1	Hoksas	1786-1570 ቅ	Amooriyaatis	2000-1800 ቅ
2	Nubiyaa	750-715ቅ	Aariyaan	1800-1500 ቅ
3	Assiyiriyaa	665-? ቅ	Kaassatis	1550-612ቅ
4	Peershiyaa	525-402ቅ	Assiyiriyaa	725-525 ቅ
5	Peershiyaa	343-332ቅ	Giriik	330-226ቅ
6	Giriik	332-30 ቅ	Peershiyaa	226-146ቅ
7	Roomaa	30ቅ - 395 ድ	Roomaa	146ቅ -639 ድ
8	Peershiyaa	619-629ድ	Araba	639ድ -?
9	Araboota	642-1516ድ		
10	Turkii	1517-1798ድ	Ibsa:-	
11	Faransaay	1798-1801ድ	ቅ=dh.k.d	
12	Ingiliizi	1802-1937ድ	ድ=dh.k.b	

Gabatee-9: Weerartootafi koloneefatoota Kuushoota Kaamet

Kuushonni Hinduus bar-dhibbee 2ffaa keessa (k.d) harka weerartoota hortee ummata Aariyaanitti kufan (Michael H. Hart, 2007:xv). Kuushoonni Aksum naannoo bara 100 (k.d), Kuushoonni Nubiyaa naannoo bara 320 (k.b), akkasumas Kuushonni Saabaa naannoo bara 525 (k.b) wal-duraa duuban harka weerartoota Agaaziyaanitti kufan.

Ummanni Kuush dhiibbaawwaan kallattii hundarraa itti dhufaa turan kanneen hunda dandamachuudhan baroota dheeraadhaf turanis dhuma irratti hundi isaanituu harka morkatoota isaanitti kufan. Biyya, qabeenya, eenyummaafii Seenaa isaanis diinota isaanitiin dhaalamuun dirqama itti ta'e.Seenaan ummata Kuush durii bifa saniin raawwate jechuu dha.

Akka yaada waliigalaatti, haallifii sadarkaan horteen ummata kanaa yeroo ammaan tana gama siyaasaatiin, gama diinagdeetiin, gama hawaasummaafii gama qor-sammuutiin irra jiru kan nama yaaddessuudha.

Rakkoon ummata kanaa kan furmaata argatu carraaqiidhuma ummata kanaatiin waan ta'eef; hayyoonni, qondaaltonni hawaasichaafii namoonni ummata kana irraa dhalatan hundi itti gaafatamummaa fudhatanii dhimma kana irratti hojjachuun dirqama.

Addatti, sabni Oromoo saboota Kuush eenyummaa isaanii eegatanii har'aan gahan keessaa saba sadarkaa jalqabaa irratti argamu waan ta'eef warraaksa haaromsa seenaa ummattoota Kuush adda durummaadhan gaggeesuun dirqama seenaa bahuutu irraa eegama.

Namoonni dhuunfaa, hawaasnifii waajiraaleen mootummaa dhimmi haaromsa Seenaa ummata Kuush nu ilaalata jedhan marti wal-cinaa dhaabatanii wal-humneessuun ummata kana sadarkaa dur irra ture irratti deebisuuf walii-wajjiin hojjachuu qaban.

Namoonni faalasama siyaas-amantii alagoonni eenyummaa ummattoota Kuush ittiin balleessuufi ykn olaantummaa jireenya hawaasummaa, qor-qalbiifii siyaas-dinagdee ummattoota Kuush irratti argatan ittiin mirkaneeffachuuf kalaqan gaaffii tokko malee dhugeefatanii fudhachuun, ofitti-alagoomanii sochii haaromsa seenaa ummata kanaatitti gufuu ta'aa turan, ta'aa jiranifii ta'uufi jiranis haqa jireenyaa addunyaa tanaa madaaluun ofiin of-balleessuurraa of-qusachuu qabuun dhaamsa kooti.

Barruulee Wabii-1

1. Kaarl Fredirik Wisloof, (aka Luba Tasgaraa Hirphootin Hiikametti, 2001) **Hundee Amantii Kristiyaanaa,** Jaarmiyaa Hog-Barruu Asteer Gannoo, Aayiraa
2. Alan Longstaff (2005). **Calendars from Around The World**, National Maritime Museum
3. Alfred J. Butler (1978) **The Arab Conquest Of Egypt,** Oxford University Press
4. Ayele Bekerie (1997) ***Ethiopic****: An African Writing System--Its history and principles.* Lawrenceville, N.J., and Asmara, Eritrea: Red Sea Press
5. Cambell M. Gold (2010) **Root Races**: A Brief Overview, (http:/compbellmgold.com)
6. Carroll Quigley (1979) The Evolution of Civilization: An Introduction to Historical Analysis (12thed.), printed by North Central pub. Corp.
7. Cheikh Anta Diop (1987) Pre-colonial Black Africa: A Comparative Study of Social Systems of Europe and Africa, from Antiquity to formation of modern States (translated from the French by Harold J. Salemson, Lawrence & Company
8. Chris Harman (2002, reprinted) A People's History of the World, printed by Inter-Print, Malta

9. Drusilla Dunjee Houston (1926) **Wonderful Ethiopians of the Ancient Cushite Empire:**Marvelous facts from authentic records,(book I): The Universal Publishing Company Oklahoma City, Okla., U. S. A.
10. Emily Teeter (2011) **Before the Pyramids:** The Origins of Egyptian Civilization, Oriental Institute Museum publications, printed in USA
11. Fernand Braudel (1993) **A History Of Civilizations** (Translated By Richard Mayne), Allen Lane The Penguin Press
12. George G. M. James (2009). Stolen Legacy: Greek Philosophy is Stolen Egyptian Philosophy *The Journal of Pan African Studies* 2009 eBook
13. Gershom N. Amayo, **Blacks' Origins Of Mesopotamian Civilization And Education:** Baraton Interdisciplinary Research Journal (2011)*1* (1), 69-77
14. Ghaber Michael (1995). **The Origin and Social Relation of the Blin People**
15. Kenneth L. Feder, Michael Alan Park (2001) Human Antiquity: An Introduction to Physical Anthropology and Archaeology (4th ed.), Mc Graw Hill
16. Lola Balola , **The Global Presence of African Civilizations:***The Journal of Pan African Studies*, vol.4, no.8, December 2011

17. Melissa Elizabeth Cuttler (2010) **The History of the Christian Bible,** available online:www.original-bible.com
18. Michael H. Hart (2007) Understanding Human History: An Analysis including the effects of geography & differential evolution: Washington summit publishers, A National policy institute Book, manufactured in USA
19. Michels, J.W. (1991).**The Axumite Kingdom:** A Settlement Archaeological Perspective': Journal of Historical and Philosophical Thought 2: 63–72.
20. Ofa a edi Kan () **Akan The People of Khanit (Akan Land –** Ancient Nubia/Sudan) - Part 1
21. Peter N. Stearns (2007) **A Brief History of the World,** The Teaching Company.
22. Peter Unseth (1999) Hebrew Kush: Sudan, Ethiopia, or Where?, African Journal of Evangelical Theology
23. Randi Haaland (2014) The Meroitic Empire: Trade and Cultural Influences in an Indian Ocean Context, Afr Archaeol Rev (2014) 31:649–673
24. Rudolf Windson (2003) **From Babylon to Tumbuktu:** A History of the Ancient Black Races Including the Black Hebrews (9th ed.), Windson Golden Series, printed in USA

25. David Hocking, **History and Authenticity of the Bible: Introduction – Part One,** A ministry of The Blue Letter Bible http://www.blueletterbible.org
26. **Petko Dimitrov; Dimitar Dimitrov (2004) The Black Sea, the Flood and the Ancient Myths**
27. Stuart Munro-Hay (1991) ***Aksum**: An African Civilisation of Late Antiquity*
28. Richard Dawkins (2006) THE GOD DELUSION, Bantam Press
29. Tadros Y. Malaty (1988) **The Coptic Calendar and Church of Alexandria**, printed in Monastry of St. Macarius, Cario, Egypt
30. Toby Wilkinson. (2010) **The Rise and Fall of Ancient Egypt,** published in the United Kingdom by Bloomsbury Publishing, Plc., London,
31. ተክለጻድቅ መኩሪያ (1951) **የኢትዮጵያ ታሪክ** ኑብያ-አክሱምዘጉዌ እስከ ዐፄ ዩኩኖ አምላክ ዘመነ መንግስት
32. ፍስሐ ያዜ ካሣ (2003) **የኢትዮጵያ የ5ሺ ዓመት ታሪክ ከኖኅ እስከ ኢህአዴግ፡**አዲስአበባ


BOQONAA LAMA:
BU'URA EENYUMMAA SABA OROMOO

2.1 Yaad-rimee Oromummaa

Akkuma eenyummaan nama tokkoo saala, bifa, amala, fedhii, ilaalcha, dandeettii, kennaa, hojjii, muuxxannoofi oolmaa isaatiin ibsamu; eenyummaan saba tokkoos afaan, seenaa, biyya, diinagdee, amantii, duudhaa, siyaasa, barsiifata, sona, qaroominafi sirnoota biroo saboota kaawwan irraa adda isa baasaniin ibsama.

Sabni Oromoo akka sabaatti seenaa, afaan waliigaltee, aadaa waliin bulmaataa, heera, seerafi safuu hariiroo uumaafi uumama gidduu jiru ittiin madaalee ilaalu, hamilee gaddaa-gammachuu, rakkinaa-bal'ina isaa itti waliin qoodatu qabaachuun beekamadha.Eenyummaan isaas aadaa, afaan, duudhaa, seenaa, heera, seera, safuu, ilaalcha, biyyafi qabeenya isaatin ibsama jechuudha.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa



Diyaagiraamii-10: Ibsitoota Oromummaa Oromoo

Oromoo ta'uun Oromoo irraa dhalachuu qofa osoo hintaane afaan Oromoo dubbachuu, heera, seerafii safuu saba Oromoo kabajuu, aadaafi amantii Oromootiin buluu, rakkoolee hawaasa Oromoo qunnamaniif fala dhahuu, guddina biyya Oromootiif gumaacha taasisuu, kabajamuu mirga saba Oromootiif dhaabbachuu, wal diddaafii wal dhabdee ilmaan Oromoo gidduutti uumamaniif fala kaa'uu, wallaalaa Oromoo gorsuu, rakkataa Oromoo gargaaruu, walumagalatti Oromummaan amalota eenyummaa saba kanaa ifatti mul'isan hubatanii beekufii itti jiraatanii gochaan agarsiisuu nama gaafata.

Oromoo irraa dhalachu qofti Oromoo nama hintaasisu.Namni tokko saba akkasiin eenyummaa isaa ijaaratee itti jiraata turefii itti jiraataa jiru kana irraa dhalachuu qofan Oromootti lakka'amuu danda'a. Oromoo ta'uu kan danda'u garuu yeroo amaloota eenyummaa saba kanaa muldhisan sabicha irraa dhaalun jireenya ofii isaakeessatti calaqisiise qofaadha. Oromummaan afaan Oromoo dubbachu qofan waan ibsamu miti.

Oromummaan amaloota sabni Oromoo ittiin beekamu kanneen akka sabboonummaa, hayyummaa, birmadummaa, gootummaa, qulqullummaa, garaamummaafi kkf jireenya ofii keessatti calaqisiisu dabalata. Oromummaan dhimma bifa gaafiifi deebiitiin hubatamu osoo hintaane; yaad-rimee gochoota Oromoonni jireenya isaanii keessatti raawwatanirra hubatamuu maluudha.Oromummaan Oromoo ta'anii jiraachudhan male Oromoo ta'anii dhalachuudhan hinmurtaa'u.

Oromummaan dhalootan osoo murtaa'ee Yuknoo Amlaak gara haadha isaatiin dhiiga saba Oromoo qabaachu himama. Itige Mintiiwab (akahoon Axee Iyoo'as) Oromoo Quwaarati. Axee Miniliik gara haadha isa (aadde Ijigayyootin) dhiiga Oromoo qaba.

Haati warraa Axee Miniliik, Itige Xaayituunis gara haadha ishee (aadde Hiruut Gugsa Marsuutiin) qaccee Oromoo Yajjuuti.Axee Hayla-Sillaaseen immoo gara haadha abbaa isaa (aadde Tanaanyewarq Sahla Sillaaseetiin) ala dhiigan Oromoodha.Mangistuu Haylamaariyam Waldee Ayyaanaas gara abbaa isaatiin qaccee Oromoo Tuulamati.

Jarri kunneen martu dhiigan Oromoorra dhalataniyyuu wanti isaan bara bulchiinsa isaanii keessa saba Oromootiif godhan yoo jiraate; Oromoo ajjeesuu, buqqisuu, hidhuu, akka loonitti gabaa baasanii gurgurachuu, busheessuu, saamuufi itti roorrisuu qofa ture. Oromummaan jireenyan male dhalootan akka hinmurtoofne seenaa jara kanaa irraa hubachuun nidanda'ama.

Oromummaan, ooltee Oromoo oolanii, bultee Oromoo buluu; miira guutun Oromummaa ofiitti amanuu; dhimma biyya Oromootiif dhimmamuufii saba Oromootiif waan tola hawwuufi taasisuu nama gaafata. Gabaabumatti, Oromummaan Faajjii Eenyummaa Oromooti.

Ta'us, yeroo keessa jirru kanatti yaad-rimeen Oromummaa kun ilmaan Oromoo hunda biratti hiika wal fakkaata waan argate natti hinfakkaatu. Namoonni tokko tokko maqaa amantiifii falaasama siyaasaa warra ormaatiin hambaalee eenyummaa Oromoo warri keenya irratti cicanii qabachuun dhiibbaa diinirra hambisan balleessuf irratti duulaa; afaan Oromoo waan dubbatan qofaaf akka Oromummaa dagaagsa jiranitti yaadun yoo dhaadatan argina.

Gariin immoo guutummaa jireenya isaanii dhimma saba Oromootiif dabarsanii aarsa godhanii Oromoo gama hundaan deebisanii humneessuuf yoo carraaqan argina.Lameenuu sabboona ofiin jedhu. Kamtu kamiin nama dhiba.

Sababni hayyoonni Oromoo yaad rimee Oromummaa kana iddoo garagaraatti qoqqodanii ka'aniifis garaagarummaa ilaalchaa Oromummaa irratti qabnu kana dhiphisuufi natti fakkaata.

Pirofeesar Asaffaa Jaalataa yaad-rimee Oromummaa Oromoo kana Oromummaa hanquu (local/fragmanted Oromummaa)fi Oromummaa guutuu (Global Oromummaa)tti gargar lamatti qoode dhiyeessa. Itti dabaluun rakkoowwan saba Oromoo furmaata argachu kan danda'an yeroo Oromoonni martuu miira Oromummaa guutuu horatan ta'uu akkana jechuun ibsera.

"Oromummaa enables Oromos to retrieve their cultural memories, assess the consequences of Ethiopian colonialism, give voice to their collective grievances, mobilize diverse cultural resources, interlink Oromo personal, interpersonal, and collective relationships, and assists in the development of Oromo-centric political strategies and tactics that can mobilize the nation for collective action empowering the people for liberation."

Gorsa hayyuu Oromoo kanarraa ilmaan Oromoo martuu gosaan, gandaan, lagan, ilaalchan, amantiin ykn ulaaga biraa kamiinu wal qoqqoodu dhiisanii miira Oromumma guutuu horatanii wal horachiisun barbaachisa ta'u isaati hubanna. Sabni Oromoo aadaa, seenaafi dhugaa jalaa dhokateefi jalaa hacuucame hunda of-harkatti deefachu kan danda'u yoo kun ta'e qofa dha.

Walumaagalatti namni maatii Oromoo ta'anirraa dhalate tokko ani Oromoodha ofiin jechuu isaatiin dura eenyummaa saba Oromoo adda baase beekuudhaaan itti jiraachutu irraa eegama. Oromoonis akka sabaatti afaan, seenaa, aadaa, duudhaa, amantii, siyaasaa, diinagdeefi sirnoota hawaasummaa isaa kanneen saba biraarraa adda isa taasisan addaan baafate, kan ormaa osoo hintuqin, seerafi safuu isa eegate, cubbuu lagatee jiraachuu qaba. Gaaf san Oromummaan siyaasaa, saayinsiifi diinagdee addunyaa keessatti dorgomaa ta'e akka mullatu shakkii hinqabu.

2.2 Moggaasa Maqaa Sabaa Oromoo

Sabni Oromoo ummata Amaaraa biratti maqaa "Gaallaa" jedhuun beekamu (Zetelmann, 1966:106). Haa ta'u malee, ragaaleen afoolas ta'ee kan barreeffamaa hundi sabni Oromoo bara duriitii kaase hanga ammaatti maqaa "Oromoo" jedhuun of-waama kan ture ta'uu agarsiisu.

Fakkeenyaf, barreessan seenaa Oromoo lammii Faransaay ta'e Antoine d'Abbadie (1810-1897) jedhamu barruu isaa bara 1846 maxxansiise keessatti sabni kun maqaa "Oromoo" jedhuun akka of-waamaa turan barreesseera. Ofii isaatif immoo gaalee "African Conservative" ykn 'Sabboontota Afriikaa' jedhuu fayadamuun eenyummaa saba Oromoo ibsuuf yaalera (Mertial Desalvic, 2008:120).

Barreessan seenaa Oromoo lammii Ingiliizi Charles T. Beke (1800-1874) jedhamu immoo barruu isaa bara 1847 maxxansiise keessaatti "sabni (Oromoon) maqaa 'Ilmaan Ormaa' jedhuun of waamu jechuun ibse.

Ta'us' maqaan 'Ilmaan Ormaa' jedhu kun isa sabni Oromoo sababa bayy'ina isaarraa kan ka'een ofumaaf; nama Ormaa, ilmaan Ormaa, fi kkf jedhee wal-waamura kan fudhatame yoo hintaane ta'u maqaa sirrii sabni Oromoo ittiin waamamu ta'uu hindanda'u.

Gama biraatin miisiyoonni biyya Jarman John Ludwing Krapf jedhamu kitaaba fuula 129 qabu bara 1863 maxxanfame keessatti sabni kun maqaa "Oromoo" jedhuun kan of-waamaa ture ta'uusa barreesera.

Walumaagatti, dhimmoota hawaas-diigandee, akeeka siyaasaafi odeeffannoo sirrii dhabuu waliin hidhata qaban irra kan ka'e saba kanatti maqaaleen garagara haa maxxanfaman malee sabni Oromoo bara duriitti ka'ee "Ilmaan Oromoo, Oromoo" jedhee of waama ture. Har'aas qaaniifi shakkii tokko malee maqaadhuma kanaan of waamaa jira. Ittis niboona.

2.3 Hidda Dhaloota Oromoo

Haala amma keessa jirru hundee dhaloota saba tokkoo afaan guuttataanii dubbachuun ulfaatadha.Sababni isaas; 1ffaa, haallifi sirni jireenya hawaasa bara durii socho'aa turuu isaarraan kan ka'e ummattoonni hundee dhaloota garaagaraa qaban walitti makamuun adeemsa yeroo dheeraa keessa ummata tokko ta'uu danda'u.Ummanni hundee tokko qabaacha tures gargar faca'ee eenyummaa gara garaa horachuu danda'a.

2ffaa, Irra caalli barruuleen seenaa saboota addunyaa irratti jiran akeeka siyaas-dinagdeefi amantiitif kan qopha'aniidha.Haqa Ummattootaa bakka bu'uu dhiisu malu jechuudha.

3ffaa, haalli qoqqooddaafi ramaddii sanyii namaa irratti ta'e wal-fakkeenyaa bifaa, afaan waliigalteefi qubsuma isaanii irratti kan hundaa'edha. Kunneen martuu waan adeemsa yeroo keessa dhufan malee jalqaba irraa kaaseti miti.

Kanas ta'ee san, barreessan seenaa Christopher Ehret jedhamu kitaaba isaa bara 2002 mata-duree "The Civilizations of Africa: A History to 1800" jedhu keessatti ummattoonni Kuush durii dhaloota Kiristoosin dura baroota 3,500 fi 1000 gidduu naannoo kaaba-baha Afrikaa keessa sochiillee walirra hincinne tasiisaa turuu isaanii bal'inaan ibsera.

Itti dabaluunis naannoo lafa margaafi baddaawwan kibbaa Impaayera Itiyoophiyaa har'aa keessa gareewwaan sanyii Kuush gammoojjii bahaa (Lowland Eastern Kushites) **Koonsoromo** fi **Omoo-Xaana** jedhamaniin qabamee turuu isaa ibsera.

Pirofeesari Tassammaa Ta'aa (2003) Sabni Oromoo naannoo bara 1,000 (dh.k.d) of ijaarun garee Konsoromo jedhamu irraa foxxoqee akka sabaattii jiraachuu jalqabuu isa ibsera. Gabaabumatti, Sabni Oromoo saboota Ummattoota Kuush durii irraa latan keessaa tokko jechuudha.

2.4 Biyya Dhaloota/Qubsuma/ Saba Oromoo

Sabni Oromoo biyya akka sabaatti keessatti ijaaramefi ega ummattoota Kuush biroo irraa foxxoqee qofa isaa akka saba tokkotti jiraachuu jalqabee kaasee biyya keessa jiraata ture akka qabu wal-nama hingaafachiisu.Haa ta'u malee, barreessitoonni alagaa tokko tokko haqa kana haalufi dabsuun akka waan sabni Oromoo qubsuma ykn biyya mata ofii isaa hinqabneetti dhiyyeessaa turaniiru.

Harka alagaatti kufuufi dhaggeetti dhabuun sagalee qabsaa'ota Oromoo dhimma biyyaa dhaloota saba Oromoo kana mata-duree falmii qorattoota seenaafi abbootii siyaasaa taasiseera. Bu'uruma haqa kanaatin dhuma bar-dhibbee 16ffaa keessaa kaasee namoonni garaagara dhimma biyya dhaloota saba Oromoo kana irratti akkuma fedha, ilaalcha, ergama, dandeettiifi gahuumsa isaanitti yaada garaagara kennaniiru.

Kanneen keessaa dabtaroota Habashaa, Jawartoota (Miisiyoonota, Basaastota) warra Adii, barreessitoota warra Arabaafii qorattoota seenaaa saba Oromoo maqaa dhahuun ni danda'ama. Ta'us, barreesitoonni kunneen lafa dhaloota saba Oromoo irratti yaada wal-fakkaata kennuu hindandeenye.

Murtee wal-fakkaata irra ga'u dadhabuun isaanii madda odeeffannoo, mala odeeffannoo itti funaannatan, haalafi yeroo qorannichi keessatti adeemsifame, kaayyoo qorannoo, ilaalcha dhuunfaa qorattoonni saba Oromoo irratti qabaniifi sadarkaa bilchina ogummaa isaanii irraa kan madde ta'uu mala.

Barressitoonni alagaa kanneen akka Alaqaa Taayyee Gabramaariyaam (1922) fi Aabbaa Baltezar Teller (1660) biyya dhaloota saba Oromoo gara ardii Eesiyaatti ceesisu. Barressitoonni kun biyya Israa'el, biyya Hindiifi naannoo qarqara galoo galaana Arabiyaa akka wiirtuu dhaloota saba Oromootti maqaa dhahaniiru.

Gareen Alaqaa Atsima Giyoorgisifii Antoine d'Abbadie faa immoo biyya dhaloota saba Oromoo gama ardii Awwuurooppaatti geessun biyya Poorchugaalifi biyya Faransaay faa akka biyya dhaloota saba Oromootti maqaa dhahu.

Gareen sadaffaan barreessiitoota seenaa Oromoo immoo yaada yaadota armaan olitti ka'an lameen waliin wal-faallessu kaasun biyyoota Kaaba baha ardii Afrikaa: Kaaba-baha Sumaaliyaa, Kaaba lixa Sudaanfi kutaalee biyya Itoophiyaa har'aa akka lafa dhaloota saba Oromootti tilmaamamaniiru.

Gabaabumatti, biyya dhaloota saba Oromoo qixa-sirriin hubachuuf; madden barreefamaa, hambalee seenaafii afoola ummaticha gad-fageenyan xiinxaluun barbaachisaa ta'a jechuudha.

Biyya Dhaloota Saba Oromoo Akka Maddeen Barreeffamaatti

Sabni Oromoo saboota Ummattoota Kuush durii isaan seenaa dhala namaa keessatti sirna barreeffamaa yeroo jalqabaatif kalaqan irraa latan keessaa tokko ta'uu isaa armaan dura kaasuf yaalera.

Ta'us, sabni kun sababoota gad-fageenyan qoratamu qabaniin seenaa jireenya isaa galmeessee osoo hinkaawwatin hafeera.Irra caalli madden barreeffamaa mata-duree kana irratti dhiyaatan kan barreessitoota alagaatin qopha'an ta'uu isaaniti. Barruuleen seenaa kunneen immoo lafa dhaloota saba Oromoo gara ardiilee garaagara sad (Eesiyaa, Awwurooppaafi Afiriikaa)tti akeeku.

2.4.1 Ardii Eesiyaa Akka Lafa Dhaloota Saba Oromootti

Dabtaraan Absiiniyaa Alaqaa Taayyee Gabra-Maariyaam jedhamu kitaaba isaa mata duree **"የኢትዮጵያ ህዝብ ታሪክ, Seenaa Ummata Itoophiyaa"** jedhuun bara 1922 magaala Asmaraatti maxxanfame keessatti Alaqaa Atsima Giyoorgis Gabra Masii (1897?) madda godhachuun waa'ee biyya dhaloota saba Oromoo irratti yaada kanatti aanee jiru kennee ture.

"Sababni 'Oromoon' biyya isarraa baheef hagas mara hinbeekamu. Akka hayyoonni seenaa (Aabbaa Bahiree, Alaqaa Atsima Giyoorgiisifii Alaqaa Xinnoo) nutti himanitti sabni kun lafa dur keessa jiraatu ardii Eesiyaa irraa ka'uun garba Hindii ce'anii gara biyya Madagaaskaar galan. Egas booda biyya Madagaaskaar irraa gara biyya Keeniyaatti godaanuun qarqara garba Hindii buufata Mombaasaa qubachuun jiraachuu jalqaban. Mombaasaa jechuun afaan 'Oromootin' lafa bobbaa namafii Loonii jechuudha.

Mombaasaa irraa ka'uun sulula laga Gannaalee hordofuun bara Axee Libna-Dinaagil itti moo'e (1508) wooggota 200 dursanii (naannoo bara 1308tii ta'uu isaati) daangaa Itoophiyaatti seenaan.Hundi isaanii altokichaan biyya isaanii gad lakkisanii hindhufne kuun isaanii achuma biyya isaanitti hafan."

Alaqaa Taayyee kitaaba kana kan qopheesse ajaja Axee Miniliikin yoo ta'u iitaabni Alaqaa Taayyeen barreesse kun kitaaba barnoota seenaa biyyatti ta'uun si'a ja'a maxxansiifamee barattootaaf laatamuun yeroo dheeraadhaf manneen barnootaa Impaayera Itoophiyaa keessa turan keessatti tajaajilaa turuu isaa galmaa'era.

Gaazzexxeessan biyya Deenmark John Bucholzer (1956) jedhamu yaaduma Alaqaa Taayyee kana bu'ura godhachuun ummanni Oromoo ardii Eesiyaa, biyya Hindii irra kan dhufe ta'uu isaa ragaa tokko malee ragaa baheera.

Gama biraatin, miseensi miisiyoonota Kaatolikii Porchugaal Aabbaa Beltezar Tellez (1660) jedhamu sabni Oromoo bara duriiti kaasee hanga bara sabni Israa'el gargar faca'utti gabroota saba Israa'el turan jedha. Akka ibsa Aabbaa Beltezar Tellezitti ummanni Oromoo galaana diima qaxxamuree gara ardii Afriikaatti ceenan gurraacha'e malee bara durii bifaan adii ture jechuun Faranjummaafi garbummaa saba Oromoo xeebane.

Barreesitoonni akka Huntingford fi Trimingham 'faanis yaada Aabbaa Beltezar kana bu'ura godhachuun sabni Oromoo hortee dubartoota Iyyeruusaalem jechuudhan raaga afoola fakkaatu raagani. Akka raaga barreesittoota kanaatti dubartoonni Iyyeruusaalem kun lakkoofsan sad yoo ta'an sadanuu obbalaa turan. Dubartoonni Iyyeruusaalem kun sadanuu ijjollee horan; ijoolleen isaanis ijoollee horan. Gara booddeerra horteen isaanii walhoranii baay'annaan mootummaa kibba isaanii jiru, ummata Arabaa weeraran.

Sana booddee karaa qarqara galoo galaanaa ***Baabel-mandab*** jedhamuun gara Afriikaatti ce'an. Ragaan Seenaa yaada barreesittootaa kanaa deeggaru kan hinjirre ta'uun alatti barreesittoonni kunneeniyyuu hojii isaanii itti aanu keessatti sabni Oromoo saba ardii biraa irraa as gale osoo hintaane saba Afriikaa uumame ta'u isaa ragaa seenaatiin mirkaneesaniiru.

* ***Baabel-mandab*** maqaa lafa qarqara galaana diimatti argamu yoo ta'u; ummanni Yoqxan naannoo kanarraan gara ardii Afriikatti seenaan jedhame amanama.

2.4.2 Ardii Awwurooppaa Akka Lafa Dhaloota Saba Oromootti

Namni lammii biyya Faransaay maqaan isa Antoine d'Abbadie, jedhamu yeroo obboleessa isa Arnauld jedhamu waliin bara 1837 fi 1848 gidduu Itoophiyaa keessa turetti odeeffannoo, afoola seenaa Oromoota Horro irraa funaannate irratti hundaa'un nama "Sapheera" jedhu maatii Porchugaal (Sa Feira or Safera) jedhamu waliin walitti fiduun hiddi dhaloota saba Oromoo Porchugaal ta'u hinhafu jechuudhan tilmaameera.

Akka afoola Oromootti Sapheeran ilma Aannoo isa hangafa yoo ta'u Aannoon abbaa gadaa wiirtuu hora Mormor (Abayyaa)tti saba Oromoo gaggeessa tureedha. Aannoo hangafa Innoo yoo ta'u Innoo immoo qaalluu Oromoo wiirtuu hora Mormor turuusaa kitaaba Daaniyaa keessatti ibsameera.Kanaaf, Sapheeran akka hangafa Booranaatti ilaalama.Qaccee Maccaa keessaa qomoon Sapheera jedhamu bardhibbee 16ffaa keessa warra dursee naannoo Iluu Abbaa Booraa keessa qubatan ta'uus barreefameera. Kanas ta'ee san Safera fi Sapheeran seenaa garaagaraa qabu.

Antoine d'Abbadie namoota yeroo san keessa akka sabichi itti of waamuttii ***"Oromoo"*** jedhanii waamaa turan keessaa nama jalqabaa ta'uu isaatin saba Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Gama biraatin dabtaraan warra Habashaa inni biraa maqaan isaa Atsma Giyoorgiis Gabra Masii (1897) jedhamu barreefama isa mata-duree **"ነገደጋላ"** jedhu jalatti seena saba Oromoo kan warra biraa waliin wal dorgomsiisun akka armaan gaditti ka'eera.

"አማራኛ ከሚገዛዉ ከትግሬ ከአረብ የመጣ ቃል ነው እንጂ ከሌላ ህዝብ ቋንቋ በምንም በምንም የሚጎናጸፉት ቃል የለውም::ጋልኛ ግን የስጢኖራል:: ከፈረንሳይ ህዝብ ጋር ስለምዝመድ የፈረንሳይ ህዝብ ጋሊያ ይባላል:: ንጉና፣ ንሉ፣ ጋላ ይመሰለላል:: ደግሞ ቢጋልኛ ጥሩፈረንሳዊ ቃል ከሃምሳ ቃል የበለጠ ይገኛል:: አሁንም ፈረንሳዮች ለጋሎች ልባቸው ክደደግጠል::

Alaqaa Atsimaan haala mijataa yeroon uumefitti fayadamuun; saba Oromoo altokkichaan geejiba malee yaadan gara ardii Awuurooppaatti ceesise.

Atsma Giyoorgiis nama daldalaa warra Arabaa fakkaachuudhan abbaa isaa waliin magaala Hararitti naana'uun woggoota sadiif Oromoota bahaafii Ummata naannicha baasasuun duula Calanqoo Caliitiif haala mijeessaa tureedha. Nama akkasii irraa seenaa haqaafii yaada madaalawaa eegun gowwummaa ta'a.

2.4.3 Ardii Afriikaa Akka Lafa Dhaloota Saba Oromootti

Yeroo dhihoo as barreessiitoonnifi haayyoonni seenaa Oromoo akka warra kaanii seenaa galmee dabtaroota waldaa Ortoodoksii Habashaafi masaraa mootootii isaanii irra deebi'anii lallabuu caala Seenaa saba Oromoo bifa saayinsaawaa ta'een xiinxaluun argannoowwan haaraa; odeeffannoowwan baroota dheeraaf amanamaa turan waliin wal-faallessan uummata biraan ga'aaru.

Hayyuun seenaa Eloi Ficquet (2003 akka Ayaallewu Qannoo, 2007 hiiketti)) ta'ii kana akkanatti ibse: *"Contemporary Oromo historians have retaken and criticized the literature on the history of' the origins of' their people in order to reconstitute what might be true from the point of view of the Oromo for whom they deem themselves to be the legitimate spokespersons."*

Akka hayyoota tokko tokkootti (fakkeenyaf Bates, 1979) sabni Oromoo angafaafii madda saboota Afrikaa bahaa keessa jiraatan baay'eeti. Christopher Ehret (2002) barreessittoota seenaa biroo madda godhachuun yaada armaan gadii kana kaa'era.

"It is beyond any shadow of a doubt that the Oromo who belong to the Kushitic stock are one of the earliest indigenous inhabitants in Northeast Africa. Ample historical evidence forwarded by writers witness that the term Ethiopia originally referred to the kushites. It was only quite recently that the name was applied to present day Ethiopia."

Haa ta'uyyu malee akkuma ummattoota kuush kan biroo, galmeen seenaa haala jireenya saba Oromoo yeroo sanii gad-fageenyan ibsu hinargamne. Daawwataan biyya Iskotiland, Jamis Birus jedhamu 1760'n keessa barbaacha madda laga Abbayyaaf jecha gara Itoophiyaa dhufuudhaan naannoo Aksum, Gondorifii naannoo Haroo Xaanaa daawwate ture.

Jamis daawii kana booda, (1769) ummanni Oromoo biyya Suudan iddoo adda ***Siinnar*** *(lafa Kuushonni Nubiyaa bar-dhibbee 15ffaa keessa mootummaa Islaamaa keessatti ijaaratanii jiraata turan)* jedhamu irraa ka'un gara kallattii kibbatti socho'ee baddaawwaan Impaayera Itiyoophiyaa har'aa, ***Baalefi Dawwaaroo*** weeraruun qabatanii keessa qubatan jechuun yaada baramerraa adda ta'e kennee ture. Murteen Birus kun haqa guutummaa hawaasa Oromoo ibsuus baatu haqa hawaasa Oromoo naannoolee inni dowwatefii karaa inni Impaayera Abyisiiniyaa keessaa ittiin bahe (*Siinnar*) keessa jiraataa turan kan ibsu ta'uu mala.

Gama biraatin, Alaqaa Taayyeenis (1914:8) beekes ta'ee osoo hinbeekin bifa nama dinquu danda'uun yaada Alaqaa Atsima-Goorgiis madda godhachuun biyya dhaloota saba Oromoo irratti kenne diigun hawaasni Oromoo bara bulchiinsa Axee Faasiladasiin dura naannoo Cilgaafi sulula laga Gabbaa keessa jiraate akka tureefii naannoo sun "Yegaallaa Hagar" jedhamee waamama akka ture barreessun tilmaama Jamis Birus kana deeggarera. Aabbaa Bahireenis bara warraaksa keessa Oromoonni Boorana kallatti Quwaara irraan mootummaa Amaaraa Gondor ture akka weeraran barreessera (Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa hiikaa afaan Ingiliizii, 2006:60)

"ኋላ ቀርተው የነበሩ ቦረናዎች በኳራ በኩል መጡ:: ይህ የሆነው ፈሲልሊ ልወጋቸው ዘምተው እርሳቸውን በገደሉ ጊዜ ነው:: በወቅቱ የዚህ ታሪክ ፀሐፊ (አባባህሬ) እነዚህ የከርስቲያን ደም የቀመሱ መፈራት አለባቸው ብለው ተንብየው ነበር:: ከዚያ ዋግንና በትረአረን መቱ:: ኑብዩንም (አባበህሬን) አባረሩአቸውና መኖሪያቸው የነበረችውን የጋሞ አውራጃን ዘረፉ::"

Keeyyanni armaan olii kun "Booranoonni mayiitti hafan kallattii Quwaaraa irraan dhufan. Kun kan ta'e Faasil isaan waraanuf deeme yeroo ajjeesanitti ture.

Yeroo sanitti barreessaan barruu kanaa (aabbaa Bahiree ta'uu isaati) warren dhiiga kiristaanotaa dhandhaman kun sodaatamu qabu jedhee raage ture. Aabbaa Bahirees lafa Jireenya isaanii Konyaa Gaamoo-Goofa keessaa ari'an, mana isaas niguban. Sana booda Wagiifi Batiraa rukutan." jechuutti hiikama.

Quwaaraan, lafti waraanni Oromoo Booranaa irra dhufan jedhame kun lafa kutaa biyya Gondor har'aa, daanga Suudan kaabafi Itiyoophiyaa irratti argama. Keeyyanni kun odeeffannoowwan walitti dhiyyeenya hinqabneefi haqoota wal-faalleessan heedduu ofii keessaa qabaatus bakkeewwan Quwaaraafii *Siinnar jedhaman daanga walii irratti kan argaman waan ta'eef* yaada Birus kenne waliin kallattiidhan wal deggaru.

Harold G. Marcus (1994:28) immoo Oromoota Quwaara kana (Itige Mintiwaab, haadha manaa Axee Bakafaa dabalatee) galee "Amarized Oromos" ykn 'Oromoota Amaaroman' jedhuun ibse.

Qorataan Charles Beke (1848) jedhamus Ummanni Oromoo kallatti kibba lixaa, laga ***Baaroo*** gamaa ka'uun gama Wallaggaarran gara Itoophiyaa seenan jechuun yaada barreessittoota armaan olii jabeessera. Akka ibsa Muhammad Sayiditti (2012:18) barreessittoonni seenaa Oromoo yaada sabni Oromoo naannoo giddu galeessa Afriika (Equator) fi haroo Viiktooriyaati dhufe jedhu qabanis nijiru.

Tarii, ummattoonni biyyoota akka Burundii fi Ruwaandaa keessa jiraatan hanga ammatti Oromoo ta'uu isaanii himachun yaanni barreessitoota kanaa dhugaa of keessaa qabachu akka hinhafne agarsiisa.Ta'us, Oromootu dur achi jiraatee irraa godaanee fi isaantu garasitti godaane wanti beekuf qorannoo gahaa barbaada.Barreessittoonni seenaa Oromoo kanneen akka Trimingham (1952), Huntingford fi Lewis (1955) fi Enriko Ceruli (1957) jedhaman, maddi saba Oromoo fiinxee gaanfa ardii Afrikaa, Kaaba bahaa Sumaaliyaa naannoo ***Mijerteeniyaa*** fi ***Galkayoo*** ti jedhu.

Akka yaada barreessittoota kanaatti ummanni Oromoo hanga ummata Sumaleetiin sulala laga Shabalee fi Jubaa keessaa gara kallattii lixaafi kibbaatti dhiibamanii bahanitti biyya Sumaliyaa keessa jirachaa turan.Yeroo san ummanni Sumaalee daangaa Oromoo irraa gara Kaabaa naannoo Barbaraa fi Zayilaa turan.

Bar-dhibbee 10ffaa ykn 11ffaa keessa lammiin Arabaa **Sheek Ismaa'il** jedhamu biyya Sumaalee seenudhan Qur'aana barsiisun naannicha keessatti Islaamummaa babbal'ise. Ummanni Sumalee bar-dhibbee 12ffaa keessa bakka turan Barbaraa fi Zayilaa irraa ka'uun saba Oromoo waraanuu jalqaban.

Oromoonis waraana Sumalee kana jalaa baqachun Ogaadeen keessa qubatan. Gara booddeerra immoo Oromoonni Ogaaden gad dhiisun Waabi Shabalee ce'anii qubatan.Yaanni barreessittoota kanaa gaaffiilee baay'ee nama keessatti uuma.

1ffaa. Ummanni Sumaaleefi ummanni Oromoo lameenuu ilmaan Kuush waan ta'aniif osoo akka sabatti gargar hinbahinin dura ummata tokko ta'anii walii wajjin jiraachaa turan. Kanaaf, gaaffiin ummanni kun yoomii kaasaniiti akka sabatti gargar foxxoqan jedhu deebii argachuu qaba.

2ffaa. Maqaan lafa Galkayoo jedhu kun jecha ummanni Sumalee ummata Oromoo ittiin arrabsuuf,waamuf fayadamu irraa kan late akkasumas yeroon barreessitoonni kaasan kun yeroo Oromoonni Maayaa, Akkichuu ykn Abbichuu Islaamomu isaanirra kan ka'e miseensummaa caffee gadaa Bultum itti dhabanii saba Sumaaleetti waamaman waan ta'eef yeroos wal-diddaan ummattoota Kuush kana lamaan gidduu turuu mala.

3ffaa Ilaalchi Oromoon lafa fagoodhaa dhufe jedhu sun qalbii barreessittoota kanaa dursee qabachuun haqa Oromoo qorachuu caalaa yaada duraan qalbii isanii keessa jiru mirkaneessu irratti akka xiyyeefatan isaan taasisee laata gaaffiin jedhus yaadan namatti dhufa.

Gaafiileen kun deebii gaha kan barbaadan ta'uun isaanii akkuma jirutti ta'ee, yaanni duraan beektoota baay'ee biratti beekamtii argatee ture; Oromoon kaaba baha Sumaaliyaa irraa madde jedhu bara 1963'n booda shakkii keessa gale. Bara kana qoratoonni seenaa Oromoo gariin argannoowwan yaada kanaan wal-diddan qabatanii as bahan.Hayyoota yaada kana faalleessan keessaa tokko qorataa seenaa Habarlaand jedhamu ture. Habarlaand yaada lafa madda saba Oromoo irratti qabu akkas jechuun ibsa.

"Oromoonni kan maddan Kaaba Sumaalee keessaa osoo hintaane baddaa Baale irraati.Achitti gosa tokko tahanii horii horsiifachuu qofaan osoo hinta'in qonnas qotachaa turan.Dongoraadhaan qotuu turan.Garbuus facaafatu. Booda walitti baay'annaan karaa hundaan, gara Sumaaleetti hamma *Burhaqabaa* fi *Mijarteeniyaatti*, Booranaa fi Keeniyaatti hamma laga Xaanaatti, gara Habashaattis hamma daangaa Tigraayitti, hamma Sudaaniifi Hararitti bittinnaa'an" jedhe.

Habarlaand kana irratti dabalee yaada Oromoonni Sumaalotaan dhiibaamanii gara naannoo har'a jiraatanitti faca'an jedhu kun waan hinfakkaanne tahuu isa ibsa.

Yaada Habaraland kana kan warra kaanirraa wanti adda isa godhu, Oromoon baddaa Baale keessa qubate qonna qotataa kan ture male, jaarraa beekama tokko keessa akka awwaannisaa ka'ee kan godaane akka hintaane ibsuu isaati. Qorattoonni seenaa yaada Habarland kana deeggaru kaa'anii darban baay'eetu jiru.

Fakkeenyaf, Charles T.Beke barreefama isa kan bara 1847 barreesse keessatti Oromoon lafa gammoojjii, lafa naannoo Sumaaleeti kan dhufe miti, naannoo isaan dura turan, lafa gaara qabu, baddaa tahuu qaba jedha. Yaanni Beke kun yaada Habarlaandi wajjiin walitti dhufa jechuu dha. Kanaaf wanti qorattoonni kun jedhan idileetti Oromoon lafa baddaa kaaba baha Afrikaa keessa jiraataa ture kan jedhuudha.

Hunda caalaatti qorannoo bal'aa gochuudhaan, uummanni Oromoo ummata Afrikaa qulqulluu ta'uu isaa kan addeesse Harbert S. Luwiis jedhama. Waa'ee madda saba Oromoo qorachuudhaaf S.Luwiis waan lama gurguddaa irratti hundaa'e.

Qormaata afaanota kuush bahaa fi himamsa aadaati. Luwiis afaanota ummattoota kuush afurtamii-torba keessaa kan Kuush bahaa warra baay'ee waliitti dhihaatan 24 qorate.

Afaanonni kunneen bara dheeraaf walirraa adda waan turaniif malee, hundi isaanii dur tokko akka tahan addeessuun akka walfakkeenya isaanitti bakka afuritti addaan qoode.

Herbert.S.Luwis Afaan Oromoo afaanoota ummata Koonsoo, Gidoollee, Gatoo, Arboora, Gaawwata, Waraasa, Tsemaayiifi Galab wajjin bayy'ee akka walfakkaatu ibsera. Wal-fakkeenyi afaanii kan uumamu yeroo dheeraaf walii wajjin jiraachu ummatootatin ta'unsa beekama dha.

Ummatoonni maqaan isaanii dhahame kunneen kan argaman Hora Abbayyaa fi Caamoorraa gara kibbaatti naannoo laga Sagaan fi Duulee kutaa biyya Gamoo Goofa jedhamtu keessatti.

Akka ibsa Herbert.S.Luwisitti bar-dhibbeewwan baayy'een dura afaan Oromoo afaanoota jara kana wajjin tokkicha ture. Booda eega afaan hunda isaanii adda babbahee Oromoon gara hundaatti yeroo socha'u jarri kaan achuma biyya isaanii kan durii keessatti hafan.

Hayyuun biyya Ingiliiz Margery Perham (2002) jedhamtu, ummatni Oromoo, ummattoota kuush kan biroo dabalatee dhufatii ummattoota seemiin dura naannoo kaaba-baha ardii Afrikaa keessa jirachaa turuu isaanii ibsitee jirtti.

Bifuma wal-fakkaatun qoratan biraa Paulitschke (1889) jedhamu ummanni Oromoo dhaloota Kiristoosiin dura bara 200 hanga dhaloota Kiristoos booda bara 800tti naannoo Aksum keessa jiraachaa akka ture ibseera.

Akka ibsa obbo Tsagaa Ittafaatti(2008), ummanni Oromoo naannoo jalqaba bardhibbee 16ffaa keessa gara giddu-galeessafi baddaawwan kaaba lixaattii osoo socho'uu hinjalqabin dura baroota hedduudhaf naannoo gammojjiifi lafa baddaa kibba-baha impaayera Itoophiyaa har'aa keessa jirataa turan.

Haaluma wal-fakkatun qorataan biraa Richard Greenfield (1967) jedhamu ummanni Oromoo yoo xinnaate dhaloota Kiristoos dura naannoo bara 1000 kaasee kutaa biyya Shawaa keessa jiraataa turan egaa jedheen booda dhaloota Kiristoos booda bardhibbee 14ffaa keessa immoo naannoo Haroo Xaanaa nagaafi tasgabbiin jirachaa turan jedheera.

Greenfield itti dabaluun Oromoonni Raayyaa fi Azeeboo iddoo amma jiraachaa jiran kana dhufaatii amantaa Islaamaa fi ummata Abssiniyaatiin dura jiraachaa akka ture mirkaneesse jira.

Kana males, akkaataa argannoo qorannoo Mahaammad Hassanitti (1983) ummanni Oromoo bardhibbee 12ffaa keessa naannoo Walabuu fi Baalee turan. Richard Greenfield fi Mahaammad Hasan (1980) ummanni Oromoo bardhibbee 9ffaa fi 10ffaa keessa kutaa biyya Shawaa keessa, bardhibbee 14ffaa keessa immoo naannoo Haroo Xaanaa jirachaa turuu isaanii ragaa bahaniiru.

"Walumaagalatti, yaanni Oromoon ardii Afrikaatin alaa dhufe jedhu seenaa dhugaa akka hintaane wantti mirkaneessu,Oromoon osoo Hindii, Faransaayii, yookiin Israa'elii kan dhufe ta'ee, ummanni aadaa, afaan, qaamaafi seenaan Oromoo wajjiin walfakkaatu biyyootii san keessatti argamuutu irra ture. Garuu, har'a biyyoota jedhaman kana keessatti haala tokkoonuu wanti ittiin walfakkaatan waan hin jirreef, maddi saba Oromoo Afrikaa ala yaanni jedhu hundi dhugaarraa fagaate jechuudha. Kanaaf, sabni Oromoo, ummata Afrikaa qulqulluu keessaa isa tokko ta'uu hin mamsiisu, (Muhammad Sayid, 2012:17)."

Akkuma Muhammad Sayid (2012) ibsuuf yaale, yaanni sabni Oromoo ardii biroorra Afriikaatti as gale jedhu kun yaada haqa Seenaa of-keessaa qabu osoo hintaane yaada dabtaroonni kiristaanaa Seenaa saba kanaa dabsuuf/dhoksuuf kalaqaaniidha.

Barreesitoonni tarsimoo dabtaroota kanaa deeggaranis; odeeffannoo maddaafi hundee hinqabne kana dhugeefachuun saba Oromoo biyyuma dhaloota isaarratti **galtuu** taasisuuf carraaqii guddaa godhaa turaniiru.Akka ilaalcha warra kanaatti ummanni Oromoo bardhibbee 16ffaan dura ardii Afriika keessa hinturre.

Barreessitoonni seenaa Oromoo ilaalcha akkasii tarkaanfachiisan ummanni Oromoo bardhibbee 16ffaa keessa miila weerara Ahmad Bitaattichaa hordofuun gara biyya Itoophiyaatti akka seenan amanu.

Ragaan isaan amantaa isaanii kanaaf dhiyeessan barruu seenaa saba Oromoo irratti yeroo jalqabaaf bara 1593 qeesii warra Habashaa Aabaa Bahiree jedhamuun qophoofte dha. Aabaa Bahireen lafa dhufaatii saba Oromoo akkanatti ibse.

"(ኦሮሞዎች) በአፄ ወናግ ሰገድ ዘመን በምዕራብ በስኔል በባሊ ወሰን ገላና የሚባል የአገራቸውን ወንዝ አቋርጠው መጡ::"

{Oromoon} bara mootummaa Wanag Sagad (Libana Dingil 1508-1540, Daawit I's nijedhama) sulala laga biyya isaanii "galaana" jedhamu qabatanii dhufuun gara kallatti lixaa daangaa Baalii irraan dachee Itoophiyaa seenan jechuu isaati.

Yaanni Aabbaa Bahiree kun bakka argama biyya Oromoo adda baasee ibsuus baatu; Oromoon biyya mataa isaa akka qabuufii biitti Oromoo kunis daangaa Impaayera Itoophiyaa har'aatti dhiyyeenya akka qabu mul'isa. Ta'uus, duuka buutonni Aabbaa Bahiree yaada isaa kana akka isaanii tolutti jallifachuun saba Oromoo biyya isaa irratti galtuu taasisuuf yaalan.

Ilaalchi hordoftoonni aabbaa Bahiree seenaa saba Oromoo irratti qaban kun ilaalcha sabni Oromoo seenaa ofii-irratti qabufii ragaalee seenaa Oromoo warra biraatti dhiyaatan waliin, hammaa ol wal-faalleessu.

Gocha duuka buutota Aabbaa Bahiree kana ilaalchisuun Tamaam Haaji-Aadam (2010:10, 25) yaada armaan gadiitti ibsame kana kenneera. "Namoonni tokko tokko Seenaa Ummata Oromoo Seenaa jaarraa 16ffaa irraa ka'u ykn jaarraa 19ffaa weerara mootii Minilikii wajjin wal qabsiisuun seenama umrii xiqqaa qabu godhanii ilaalu. Dhugaan jiru garuu kanaan ala. Yoo xiqqaatee xiqqaate, bar-dhibbee 15ffaa keessaa mootii Kiristaanaa Ba'aada Mariyaam (1468-1478) jedhamuufii Oromoota Doobbaa (Raayyaa) gidduutti wal-waraansa cimaatu ta'aa ture."

Hayyuun Habashaa Taaddasaa Tammirat (1972) jedhamus bifuma wal-fakkaatuun baroota 896 fi 1285 gidduu Musiilimota Oromoo fii kiristaanota Habashaa gidduu walitti bu'iinsi guddaan akka ture barreeseera. Pirofeesar Takla-Tsaadiq Makuriyaa (1966) moo Yuknoo-Almaak (hundeessan mootummaa saba Amaaraa) gara haadha isaatiin Oromoo ta'uu isaa barreeseera.

Jecha biraatin bara muudama Yuknoo-Almaak ummanni Oromoon giddu-galeessa Impaayera Itoophiyaa har'aa tana keessa tureera jechuudha. Alaqaa Taayyeenis (1922) sabni Oromoo naannoo bara 1308 (dh.k.b)ti gara daangaa Itoophiyaa seenaan jedheera. Ilaalcha sabni Oromoo bar-dhibbee 16ffaa keessa gara dachee Itoophiyaatti seene jedhu kana ilaalchisee Fayyisaa Damee (1998) yaada armaan gadii kana kennee ture.

"The sixteenth century is not a period the Oromo appeared in "Ethiopia," but it is the turning point for the end of isolation, the period of' glory and undoubted might in Oromo history. During this period the Oromo successfully halted the Southern expansion attempted by Abyssinia, and developed a highly advanced political institution and uncontested military capacity in the area."

Barreessaa seenaa Ahmad Bitaattichaa, Shihaab-addiin Ahmad Bin Abdulqaadir ykn Faqii Arabaa jedhamus kitaaba isaa naannoo bara 1591 mata duree ***"Fat'hul Habashaa"*** (Seenaa Weerara Biyya Habashaa) jedhuun barreesse keessatti ummanni Oromoonni bara 1521'n dura kutaalee biyya Itoophiyaa har'aa: Baale, Arsii, Harargee (Carcar, Gooroo Fugugifii Burqaa Tirtiraa), Firkutaa (Manz), Walloo, fii Doobbaa (Raayyaa) jedhaman keessa jiraata akka ture raggaasiseera (Muhammad Sayid, 2012).

*Yaanni Shihaab-addiin Ahmad Bin Abdulqaadir dhalataa Oromoo barnoota amantii Islaamaa barachuuf gara biyya Yeman deemee deebi'edha jedhu akkuma jirutti ta'ee namni kun barreessittoota bara sanaa biroo caala seenaa dhugaa irratti hundaa'e kaa'ee dabruu isaatiif hayyoota seenaa biratti galata guddaa argateera.

Maddeen seenaa saba Oromoo irratti qophaa'ani jiran baay'een, bar-dhibbee 16ffaa akka yeroo sabni Oromoo sababoota garaagara kanneen akka: hammachaa dhufuu weerara humnoota amantii lameen (Kiristaanaafi iIslaamaa), jijjiramaa dhufuu haala qilleensafi gogiinsaa, dabalaa dhufuu baay'ina ummatichaa, fi barbaacha lafa margaa faa irraa kan ka'e bifa haaraan itti of ijaaree socho'uun jeequmsaafi walitti bu'iinsa naannicha keessa ture yeroo gabaabaa keessatti tasgabbeessuu itti danda'etti ibsu.

Pirofeesar Asmiroom Laggasaas (2000) bar-dhibbee 16ffaan bara sabni Oromoo naannicha keessatti morkii malee olaantummaa siyaas-diinagdee itti goonfate ta'uu isa akkasitti ibse.

"Akka yeroo seenaa addatti jalqabni bar-dhibbee 16ffaa'n yeroo sirni gadaa akka sirna siyaasaa, hawaasummaa fi diinagdeetti sadarkaa guddinaa gaarii irra itti qaqqabedha. Sirni Gadaa ijaarsa dimookraasiifi bulchiinsa ammayyaa ummattoota kuush biroo kanneen akka saba Sidaamaa, Gediyyoofaa biratti bifa wal-fakkaatadhan faayidaarra oolaa turera."

Akkuma armaan olitti ibsame, bardhibbee 16ffaan yeroo ummanni Oromoo galtuu ta'ee daangaa biyya Itoophiyaa yeroo jalqabaatif itti seene osoo hintaane; yeroo sabni Oromoo **Madda Walaabu** irraa ka'uun kallattii garaagaratti faca'ee weerartoota amantii Islaamummaafii Kiristaanaa ofirraa faccisuun lafa bal'aa duraan irraa fudhatame deebise qabachuu itti danda'edha.

Barri kun bara ummanni Oromoo bifa har'aan deebisee of ijaaruun mirga abbaa biyyummaa isaa deebisee itti goonfateedha.

Haa ta'u malee, barreessitoonni Habashaa haqa seenaa kana dhoksuun saba Oromoo saba seenaa, amantiifi qaroomina hinqabne, galtuu mul'ata malee godaanu fakkeessanii dhiyyeessun akeeka dhokataa hoggantoota isaanirra itti kenname fiixan baasuf ykn biyya Oromoo irratti abbaa biyyaa of taasiisuuf carraaqqii guddaa taasisan.

Mammaaksi Oromoo, "Gara galchii hattuun iyyiite ykn kan Sangaan iyyaa male Qacceen iyyiti" jedhu gocha isaanii kana waan barreeche ibsu natti fakkaata. Akkuma hattuun waa hattaa jirtu balaa abbaan qabeenya irraan gahuuf jiru yaadaftee iyyitu; isaanis balaa biyya nama weeraran qabatanii qabeenya namaa saamun isaanirraan gahuu waan beekaniif abbaa biyyummaa Oromoo haalu barbaadu. Gochi akkasii miira yaaddofii gad-aantumma "Inferiority Complex" irraa kan madduudha.Carraaqii namni/gareen tokko hir'ina jireenya isa keessa jiru guuttachuufi ykn balleessaa raawwate tokko dhoksachuuf taasisu ta'uu isaati.

Warreen miira akkasii of-keessaa qaban eenyummaa ofiitti salfachuurra kan ka'e of-gananii warra eenyummaa gaarii qabanitti of-waamu. 'Ani ebelu bar' jechuu caala 'Ani sanyii warra ebeeluuti bar' jedhanii of ibsu filatu.Wanti qondaaltonni Habashaa taasisa turanis/jiranis kanarra addaa miti. Hidda dhaloota isaanii kan dhugaa ganuudhan ummata Yihuuditti of-lakkaa'u…

Eenyummaa ergisaa seenaa sobaafii arjooma warra biraa irraa argatan kanaanis biyya Oromoo irratti abbaa biyyaa ta'uuf Rabbiin filatamuu isaanii lallabameefi, isaanis irra deebi'anii irra deddeebi'anii lallabatan. Saba Oromoo biyya dhaloota isaa irratti galtuu taasisuun asirraa madda.Warreen kun bar-dhibbee 16ffaa keessa yeroo waraana Oromootiin injifataman; dadhabneetu moo'amne jedhanii amanuu saalfataniitu waan warri keenya dur Waaqqayyo mufachiisaniif rabbi gara jaboota kana nutti ergee nurratti isaan moosise jechuun waraana Oromoo humna hafuura Seexanaatin hojjatu fakkeessanii dhiyyeessaa turan.

Jarreen humna waraanatiin Oromoo injiffachuu dadhaban humna arabaa fayadamuun waraana Oromoo irratti mo'icha haamilee goonfachuuf ykn of-jajjabeessuf akkas jedhanis waraanni Oromoo barasii maalummaa Seexanaatu waan quba qabu hinfakkaatu.

Akkuma kutaalee armaan duraa keessatti ka'aa ture ragaan bu'uraa barreessitoonni Habashaa galtummaa saba Oromoo irratti dhiyeessaa turaniifi dhiyeessaa jiran barruu aabbaa Bahireetin qophoofte jedhamtu sana yoo ta'u; barruu san keessatti lafti dhufaatii saba Oromoo ibsame "...ገዛና የሚባል የአገራቸውን ወንዝ አቋርጠው መጡ::" kan jedhu yoo ta'u "…. Sulula laga biyya isaanii **galaana** jedhamu hordofuun dhufan" jechuutti hiikama.

Akka hiika afaan Oromootti, galaanni maqaa waliigala laggeen gurguddoo maraa waan ta'eef galaanni Aabbaa Bahireen jedhan kun lageen Oromiyaa ykn biyyoota ollaa Oromiyaa keessaa jiranii keessa tokko ta'uu mala.

Kanumara kan ka'e, galaanni Aabbaa Baahireen jedhe sun laggeen Gannaalee, Wabee, Saganifi Walmal ykn Daawwaa keessaa tokko ta'uu mala jedhama.Dhimma mirga abbaa biyyummaa kana ilaalchise qorattoonni seenaa Oromoo (Ehert 1976 fi Tolasaa 1990) jedhaman ummanni warra seem, isaanii galtummaa saba Oromoo nutti himan kun dhaloota Kiristoos dura bara 1000'n ardii Afrikaa keessa hinture jechuudhan seenaan Oromoo qeesota Habashaatin barreefame seenaa kalaqaafi dhugaa of keessaa hinqabne ta'uusa ifatti kaa'aniru.

Bifuma wal fakkaakun qorattuun seenaa ummata Kuush "Perham" jedhamtu bara l969 hima kanatti aanee kaawwame barressitee turte. *"The emigrant Semites landed in a continent of which the North-Eastern appears to have been inhabited by the Eastern group of Hamites, often called Cushites, who also include the Gallas, Somalis, Danakil and Kaffas."*

Biyya Dhaloota Saba Oromoo akka Maddeen Barreeffamaatti				
Lak	Ardii	Biyya	Kutaa/naannoo	Barreesitoota (Maddeen)
1	Eesiyaa	Israa'eel	.....	Aabbaa Beltezar Tellez (1660)
		Eesiyaa	.....	Alaqaa Taayyee Gabra-Maariyaam (1922)
		Indiyaa	.....	John Bucholzer (1956)
		Arabiyaa	Baabel Mandeb	Huntingford fi Trimingham (195?)
2	Awwurooppaa	Poorchugaal	.....	Antoine d'Abbadie (1846)
		Faransaay	.....	Alaqaa Atsma-Giyoorgiis Gabra-Masii (1897)
3	Afriikaa	Kaaba-Baha Suudan	Nubiyaa, Sinnar	James Bruce (1790)
		Kibba-Lixa Oromiyaa	Sulula Laga Baroo	Charles Tilstone Beke (1948)
		Kaaba-Baha Sumaaliyaa	Mijerteeniyaafi Galkayoo	Trimingham (1952), Huntingford (1955),fi Enriko Ceruli (1957)
		Kibba-Baha Oromiyaa	Baddaa Baaleefi Arsii	Erike Haberland
		Kibba-Lixa Oromiyaa	Abbaayyaafi Caamoo	Herbert S. Luwis (1965,1966)
		Walakkeessa Itoophiyaa	Baddaawwan Tuulamaa	Richard Greenfield (1967)
		Kaaba Itoophiyaa	Naannoo Haroo Xaanaa	Greenfield fi Mahaammad Hasan (1980)
			Raayaa fi Aseeboo	Richard Pankhurst (cited in OCTB, 2006)
			Aksuum	Paulitschke (1889)
		Kaaba-Baha Afriikaa	————	Margery Perham (1984, 2002)

Gabatee-11: Biyyoota dhaloota saba Oromoo akka madden barreeffamaatti

Biyya Dhaloota Saba Oromoo Akka Qorannoo Hambaalee Seenaatti

Maddeen qorannoo seenaa amanamo ta'an keessaa Hambaaleen seenaa sadarkaa duraa irratti argamu. Akka carraa ta'ee irra caalli hambaalee seenaa saba Oromoo kanneen akka galmoota qaalluu, meeshalee hoodaa, wiirtuuleen mootummaafii bakkeewwan hawaasni Oromoo sirnoota garaagara itti adeemsifataa ture weerarafii sirnoota bulchiinsa alagaatin barbada'aniiru.

Gariin immoo weerartoota alagaatin dhaalamaniiru. Mallattoon Bokkuu fixee Siida Aksum irratti argamu fakkeenya haqa kanaa ta'uu mala. Gama biraatiin hambaalee seenaa hawaasni Oromoo irratti ciccee har'aa eege keessaa Meeshaleen hoodaa isaan akka Kallachaa, Caacuu, Bokkuufii Siiqee faa biyyoota ummattoota Kuush durii kanneen akka Meesopotaamiyaa, Kaamet, Nubiyaa, Ashantii faa keessatti mallattoo ciminaa, caalmaa, abbumaa amantaafii aangoo ta'uun fayidaa irra oolaa turaniiru (Balaay Mokonnin, 2007:175).

Kun immoo hidhata aadaa ummanni Oromoo ummatoota Kuush biyyoota kanneen keessa jiraata turan waliin qabu agarsiisa. Lynch fi Robbins **Seenaa Dhaha Oromoo** irratti qorannoo bal'aa yeroo dheeraadhaf taasisa ega turanii booda gabaasa argannoo qorannoo isaanii bara 1978 dhiyyeessan keessatti, ummanni Oromoo dhaloota Kiriistoosiin dura naannoo bara 300 kaase dhaha mataa isaanii beekumsa "Astiroonomii irratti" hundaa'e fayyadamaa akka ture mirkaneesaniiru.

Bu'urri qorannoo hayyoota kanaa *"Dhaga dhaabataa"* hawaasni Oromoo kallatti *"Urjiillee dhaha"* ittiin madaluuf yeroo armaan olitti eeramee keessa dhaabe yoo ta'u dhagooleen dhaabbatoon kunneen kutaa qubsuma Oromoota kibbaa (kibba-baha Keeniyaafii biyya Taanzaniyaa) keessatti argamu.Sabni Oromoo yoo xiqqaate bara dhagaa dhaha dhaabbate (300 k.d) kaasee biyyoota kaaba-baha ardii Afriikaa keessa jiraata tureedha.

Biyya Dhaloota Saba Oromoo Akka Maddeen Afoolatti

Afoolli, himamsi aadaa adeemsa madda ummata tokkoo bira gahuuf taasifamu keessatti iddoo guddaa akka qabu beekamaadha. Hundeedhuma haqa kanaatin qorattoonni baay'een afoola ummata Oromoo irratti qorannoo bal'aa taasisaniiru.Gabaasni qorannoo afoola Oromoo Xaasoo Margaafi Muhammad Sayidii (2012) odeeffannoon manguddoota Oromoo godinaalee garaagara irraa funaaname irratti hundaa'un dhiyyeessan naannoolee baddaawwan kibbaa baha Impaayera Itoophiyaa har'aa irratti nu xiyyefachiisa.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa

	Madda odeeffannoo	Lafa Madda isaanii	Naannoo lafti madda isaanii itti argamu
1	Mangudoota Maccafi Tuulamaa	Haroo Walaabuu	Baale Konyaa Dalloo laga Gannaalee qarqaratti ganda Bidree jedhamtuu madditti.
2	Mangudoota Gujii	Girjaa	Gujii Ona Jamjam gara muummee laga Gannaaletti argama.
3	Mangudoota Wardaayi, Keeniyaa	Tulluu Namadurii	Baale Koonyaa Dalloofi laga walmaliifi Gannaalee gidduutti argama.
4	Mangudoota Arsii	Bareedu Kurkur	Baale lageen walamaliifi Mannaa giddutti argama. Laggeen kun Baddaa Baale keessaa burqanii Konyaalee Dalloofi Mandooyyummaa yaa'anii Gannaaleetti galu.
5	Mangudoota Ituufi Humbanna	Mormor	Baale naannoo Dalloofi Mandooyyuu, qarqara laga Gannaaleetti argama.

Gabatee-12: Biyya Dhaloota Saba Oromoo Akka Maddeen Afoolatti

Himtee aadaa keessatti hawaasni Oromoo lafa dhufaati isaa ardii Afrikaatiin alaatti akeekatu tasumaa hinjiru. Odeeffannoon afoolaa gabatee armaan olii keessaa jirus kanuma mirkaneessa. Hawaasni Oromoo baroota dheeraa duraa kaasee kibba baha Impaayera Itoophiyaa haaraa Konyaalee Dalloo, Mandooyyuufi Jamjam jedhaman keessa jiraataa turuu agarsiisa. Afoola Oromoo keessatti lafti akka madda saba Oromootti akeekamu kan biraa naannoo maqaa "Fugug" jedhamuun beekamudha.


Maqaa kana bara da'imummaa koo irraa kaasee akaakayyuu koofii manguddoota naannoo irraa dhaga'aatin guddadhe. "Nuti Jaarso baddaa Fugug" jechuun Bacho-Warab irra taa'un kallattii isaa gara kaabatti akeeku. Kitaabni "Seenaa Saba Oromoo Hanga Jaarraa 16ffatti" jedhu immoo naannoo Fugug jedhamu kana, "Baddaa Fugug, Bacho Fugugifii Ribuu Fugug" jechuun iddoo saditti addaan qoode dhiyyaassa.

Barreessitoonni seenaa Oromoo bayy'een daangan sadeen Fugug kun baddaawwan gaarreen Arsii, Shawaa lixaafi Shawaa kaabaa keessatti akka argaman bal'inaan ibsaaniru. Addatti, daangan Baddaa-Fugug lafa qubsuma Oromoota Tuulamaa lageen Mojoofii Abbayyaa gidduu jiru akka uwwisu hayyuun seenaa Oromoo, Alamayyoo Hayilee jedhamu ifa taasiseera. Kanaan males, irra caalli garreen wal-qabatoo baha Oromiyaa, Oromoonni Afran-Qall'oo irratti argaman maqaa waloo "Gooroo Fugug" jedhuun waamama.

Barreessaan Seenaa saba Oromoo Magarsaa Qilxuu Katabee jedhamun immoo kitaaba isa bara 2012 mata-duree Hordofa Seenaa: Oromoofi Oromiyaa jedhun maxxansiise keessaatti jechi *"Fugug"* jedhu maqaa *"Addunyaa"* jedhuun hiika wal-qixa akka qabu ibsera.

Gabaabumatti, daangan lafa maqaa "Fugug" jedhuun wamamu kanaa yoo xinnaate gaarrewwan kaaba baha ardii Afrikaa keessatti argaman hunda uwwisuu danda'a jechuudha. Dhuma dubbii, lafti dhaloota saba Oromoo kaaba baha ardii Afiirikaa yoo ta'u, sabni kun akka saba ummattoota kuush durii irraa late tokkootti dhufaati ummata Habashaatin dura baroota kumaatamaf lafa baddaa, badda-dareefii gammoojjii biyyoota kaaba-baha ardii Afrikaa hedduu keessa jiraachaa tureera, jiraatas jira.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa




Kaarta-5: Daangaa qubsuma saba Oromoo (Bethany World Prayer Center, 1999)

2.5 Biyya Oromoo: Oromiyaa

Oromoon bara duriitii kaasee lafa irra jiraata ture/jiru kana "biyya Oromoo" jedhee waamata. Barreessittoonni warra lixaa kanneen akka Charles T. Beke (1800-1874) odeeffannoo qajeela dhabuurraa ykn dogogorra loqoda afaanii irraa kan ka'e lafa Oromoon irra qubatee argamu kana "biyya Ormaa" jedhanii waamaa turan.

Misiyoonni Jarman John Ludwing Krapf jedhamu miilto isaa K.W Iseberg jedhamu waliin waldaa "Britian Church Missionary Society" jedhamu bakka bu'uun baroota 1839-1842 gidduu biyya Oromoo seenun hawaasa Oromoo waliin ega turee booda qaboo-guyyaa (dairy) isaa bara 1863 maxxansiise keessatti maqaa barreessitoonni tokko tokko saba Oromoo ittiin waama turan "Ormaa" jedhu irratti hundaa'un lafa qubsuma saba Oromoo kana yeroo jalqabaatif maqaa "Ormaaniyaa" jedhuun ibsera. Maqaa haaraan inni biyya Oromootif moggase kunis Oromiyaa har'aatiif bu'ura ta'eera.

Krapf "sabni Oromoo saba Jarman bahaa kan kaaba baha ardii Afriika keessa jiraatu jechuun" dinqisiifannaafi jaalala saba kanaaf qabu ibsachuun cinaatti barnoota Amantii kiristaanaa Afriikaa keessatti babal'isuuf saba Oromoo wiirtuu tokko jalatti sassabee dhimma itti bahuuf hawwii guddaa qabaacha ture.



Kaarta-6: Biyya Oromoo (Stroomer, 1988)

Hawwiin Krapf osoo hinmilkaa'in naannoo bara 1900 humnoota koloneeffattootatin sabni Oromoo mootummoota garaagara afur (Itoophiyaa, Keeniyaa, Sumaaliyaafii Taanzaniyaa) jalatti gargar qoodame.

Dhangaa Dhaloota Qubee: Jildii-I, Maxxansa-1ffaa



John Ludwing Krapf (1810-1881)

Sabboontonni Oromoo Itoophiyaa jalqaba bara 1970 yeroo jaarmiyaa Siyaasaa mirga saba kanaatif falmu, Adda Bilisummaa Oromoo hundeesan maqaa Krapf baase foyyeessun lata Oromoonni Itoophiyaa irra qabatan argaman "OROMIYAA" jedhanii waamu jalqaban (Gadaa Meelba, 1988). Oromiyaan har'aa lafa hawaasni Oromoo irra qubatee jiru of-jalatti hammachuus baatu, bal'anaan biyyoota gurguddaa jedhaman keessatti ramadamti.

Teessuman, biyya kaaba baha ardii Afriika keessatti argamtu yoo taatu gama kibbaatin Keeniyaafii Sumaaliyaadhan, dhihaan Sudaniin, bahaan Sumaleefi Affarrin, kaaban qubsuma saba Amaaraafi Tigreetin dangefamtee argamti.Oromiyaan biyya qabeenya uumamaa garagaraatin badhaatedha.

2.6 Afaan Oromoo

Ulaagaalee sabni tokko saboota biroo irraa addaa bahee ittiin beekamu keessaa afaan sabichaa sadarkaa duraa irratti argama. Ummanni Oromoo akka sabatti afaan walii galtee saboota biroo irraa adda isa taasisu "Afaan Oromoo" jedhamu dubbachudhan beekama. Afaan Oromoo garee afaan ummattoota Kuush jalatti qoodama.

Afaan ummattoota Kuush immoo maatii afaanii Afroo-Eesiyaatiik jedhamu jalatti akka ramadamu beekamaadha. Baayyinni ummata Oromoo, kan afaan Oromoo afaan dhalootaa ta'eef, miliyoona 40 olitti tilmaamama. Ummattoonni ollaa Oromoo afaan Oromoo akka afaan lammeessotti mayii itti bahanis miliyoonaa baay'eetti lakkaa'amu (Makuriyaa Bulcha, 1994).

Gabaabumatti, Afaan Oromoo afaanoota bayy'inaan ardii Afrikaa keessatti dubbataman keessaa afaan Arabaa isa biyyoota kaaba Afriika keessatti dubbatamu, afaan Kiswaahilii isa biyyoota akka Keeniyaafi Taanzaniyaa keessatti dubbatamufii afaan Hawusaa isa biyya Naayjeeriya keessatti dubbatamutti aanee sadarkaa afraffaa irratti argama. Afaanoota dhalootan Afriika ta'an keessa immoo afaan Hawusaatti aane sadarkaa lamaffaa irratti argama. Walumaagalatti, afaan Oromoo afaan saba bal'aati.

Afaan Oromoo, afaan mootummaa sirni Gadaa baroota dheeraaf itti hojjataa turedha. Afaan makmmaaksa, sheekkoo, geerarsa, walleefii walaloo faadhan guutame dha. Barreessaan lammii Kanaadaa Parter Nord Fedalt (1947) jedhamu, afaan Oromoo afaan Muuziqaa ittin weelisuufii ittiin dubbachuuf baayy'ee namarraa tolu, afaan dureessa afaanota biraa tokkollee irraa jecha liqeeffachuuf hindirqamnedha jechuun ibsera.

Ta'us, baroota dheeraadhaf gabrummaa alagaa jala turuun saba Oromoo sadhata guddina afaan kanaa qucarseera. Waa hundafuu seenaa guddina afaan Oromoo kutaalee itti aananii jiran keessatti itti deebina.

2.7. Siyaasaa Oromoo: Sirna Gadaa

2.7.1 Maalummaa Sirna Gadaa

Saboota yeroo dheeraa duraa kaasanii heerafii seera ofii tumatanii ittiin bulaa turan keessaa tokko saba oromooti. Heerrifi seerri sabni Oromoo tumate kun jireenya uummatichaa karaa hundaan kan ilaalu yoo ta'u sabni Oromoo bilisummaa, nagaafii tokkummaadhan misoomee walii wajjin akka jiraatu dandeessiise ture.

Sirni sabni Oromoo heerafii seera isaa keessatti tumachuun ittiin bulaa, ittiin wal bulchaafii ittiin waliin bulaa ture kun sirna Gadaati.Sirni Gadaa sirna dhimmoota wal-xaaxoofi wal-qabataa ta'an hedduu of keessaa qabuudha. Gadaan maqaa sirna waliigalatti Jaarmiyaa umriifi dhalootan ijaarame, sirna diimokraasii ummata Oromootin uumamee ittiin bulamuu dha.

Gadaan jaarmiyaalee damee diinagdee, hawaasummaa, siyaasaafii amantiin sabni Oromoo keessatti gurmaa'un jiruufi jireenya isaa kallatti maraan gageessa tureedha(Alamaayyo Hayilee, 2007).Akka ibsa Loret Tsaggayee Rooba Qawweessatti "Gadaan" jechoota afaan Oromoo lama "Kan Aadaa" jedhan irraa dhufeefi sirna seerri Waaqa ittiin eegamudha.

Sirni Gadaa Heera saba Oromoo guutuu, kan Siyaasni, Dinagdeefii Hawaasummaan sabichaa ittiin murteeffamu, kan miseensi sabichaa mirgaafi dirqama isaa beekee itti walii galu, wabii tokkummaati. Dimokraasummaa sirna Gadaa hayyoonni hedduun ragaa ba'aniiru.

Fakkeenyaf, hayyuufii qorattuun seenaa Oromoo lammii Ameerikaa taate, Bonnie Holcomb (1991) jedhamtu imaaltoonni Awwurooppaa adeemsa yeroo keessaa biyya Ameerikaa keessatti sirna dimokiraasii ijaaran kunneen Ingilaand irraa ka'anii qarqara galoo galaana Ameerikaa kaaba osoo hinqubatiniin durayyuu sirni Gadaa ummata Oromoo mara logii tokko malee mootummaa dimokiraatawaa tokkicha jalatti ijaare ture jetteerti.

"The Gada system 'organized the Oromo people in an all-encompassing democratic republic even before the few European pilgrims arrived from England on the shores of North America and only later built a democracy."

Profeesar Asmiroom Laggasaas (1973, 2000 bifuma wal fakkaatun sirna gadaa akkanatti ibsera.*" The Oromo were one of the peoples that practiced an indigenous popular democratic system called Gada, or Oromo democracy. Gada system contains genuinely African solution to some of the problems that democracies every where have had practiced"*

2.7.2 Alaaba Mootummaa Sirna Gadaa

Alaaba mootummaa sirna Gadaa Alaabaa Abbaa gadaati. Seenaa siyaasaa Oromoo keessatti Alaabaan Abbaa gadaa mallattoo Walaabummaa (Seera Walaabuu) ta'uun tajaajila kennaa tureera. Seerri Walaabuu seera dur Oromoon tumatee ittiin of bulchaa turedha.

Alaabaan mootummaa gadaa haallu sad (Gurraacha, Diimaafi Adii) irraa gara gadiitti wal-tarree tartibaan hiriraniin kan faayame yoo ta'u haalluwwan alaaba abbaa gadaa kun sadanuu hiika mata mata isaanii qabu. Haallu gurraachi buufata oliirra jiru Ol-aantummaa Waaqa kan bakka bu'uu dha. Kanuma irraa kan ka'e hawaasa Oromoo biratti haallu gurraachi akka mallatto kabajafii angafummaatti ilaalama.

Bifti qola macaafa qulqulluufi huccuu luboota kiristaanaa falaasama hawaasa Oromoo kana irraa kan fudhatame ta'uu mala. Akka mallattoo wal-qixxummaafii nageenyattis nitajaajila.Bifti buufata diimaa qabeenya, beekumsa, dandeettii, gahuumsa akkasumas miira gootummaafii sabboonummaa horatanii argamuudhan biyyaafii lammii ofii tajaajilu danda'u bakka bu'a. Bifti buufata adii immoo fixannoo agarsiisa. Hurriin rooba hinqabne adii dha. Rifeensi (haarriin) nama dulloomee adiidha.

Daaraan ibidda dhaamee adiidha. Lafeen fooniifii gogaan irraa dhume adiidha. Kanaaf adiin mallattoo raawwinaati. Fiixan bahiinsa kaayyoo jireenyati bakka bu'a.

2.7.3 Odaafi Mootummaa Sirna Gadaa

Aadaafii seenaa ummata Oromoo keessatti Odaan akka madda nagaafi mallattoo eenyummaa ummata Oromootti ilaalama. Fayidaa amantiifi siyaasa Oromoo keessatti qaburraa kan ka'e Odaan mukoota jiran keessaa baay'ee kabajamaafii eebbifamaadha. Umriin isaas hanga malee dheeraadha. Umamaan lalisaa ta'ee bifti isaa harbuu ykn qilxuu fakkaata.

Mukni kun yoo caamsan dheeratellee hingogu. Mukti Odaa uumamaan lafa jala bakka bishaan ykn jiidhinsi jirutti biqila. Guddinni isaa hanga tokko ol ka'ee dameen isaa waan waggaawaggaan dalga dagaaguuf bal'dhatee gaaddisa ta'uun namaafi loonii madda qabbanaati.

Gaaddisni Odaa iddoo itti Ayyaanni Muudaa raawwatuufi miseensonni Gadaa sirna Ayyaana ce'uumsaa itti sirneeffatanuudha. Galmi Abbaa Muudaafi teessoon Abbootii Gadaa Odaa jalatti ijaarama.

Akka seenaa afoola Oromootti, Odaan siidaa ekera Horaafi Baareentuuti.Yeroon isaa dhaloota Kiristoosin dura naannoo bara 8,000 jedhama. Ilmaan Kuush lameen Seexaafi Horaa'n wal lolan; Seexaa'n quxusuu isaa Horaa ajjeese.

Obboleettin isaanii, intalli Kuush, Ateeten reefa obboleessa ishee halkaniin kaate qarqara laga Mormor (Abayya)tti awwaalte.Yaadannoodhaf muka Odaa awwaala obboleessa ishee irra dhaabde. Odichis margee guddate.

Ammas waggaa 40 booda ilmaan ishee, Booranaafi Baareentu wal-lolanii Booranni Baareentuu ajjeese. Haati isaanii Ateetenis reenfa ilma ishee awwaaltee muka odaa ega irra dhaabde booda gar malee gadduudhan boossee araaraf Waaqa kadhatte.

Waaqnis araara buuse, mukti odaas yeroo sanii kaasee saba Oromoo biratti mallattoo araaraa, tokkummaafii nagaa ta'ee tajaajilu jalqabe jedhama.Kanumarran kan ka'e ummata Oromoo biratti Odaan mukoota jiran keessaa bayy'ee kabajamaadha. Hariroo Odaafi saba Oromoo gidduu jiru kana Pirofeesari Asafaa Jaalata (1993) akkana jechuudhan ibse.

"The Odaa tree is more than a generalized symbol of democratic discussion…the Oda has long been a sacred meeting ground for the enactment of many Oromo ceremonies which re-enforces the political philosophy of Gada."

Seenaa bulchiinsa sirna Gadaa Oromoo keessatti Odaaleen garaagara yeroofii iddoo garaagaratti wiirtuu siyaasafi amantii Oromoo ta'uun tajaajila kennaaniiru. Odaalee kanneen keessaa muraasni wiirtuu siyaasafi amantii Oromoo maraa kan turan yoo ta'u gariin isaanii immoo wiirtuu siyaasafi amantii gosoota Oromooti turan.

Yeroo ammaan tana Oromiyaa keessatti Odaalee waliigalaa jedhamanii kan beekaman lakkoofsan shan yoo ta'an isaanis: Odaa Nabee,Odaa Roobaa,Odaa Bisil,Odaa Bulluqiifi Odaa Bultum jedhamu.

Ta'us, Odaalee shanan kanaan alatti Odaaleen wiirtuu siyaasaafi amantii Oromoo maraafi gosoota Oromoo ta'anii tajaajilaa turan/tajaajilaa jiran heddu jiraachuu isaanii dagatamu hinqabu.Odeeffannoon gabatee armaan gadii keessa jiru haqa kanaaf ragaadha.

La.	Maqaa Odaalee	Bara hundeefamaa	Bakka itti argamu
1	Odaa Mormor	? k d	Qarqara Haroo Xaanaa
2	Odaa Tolchaa	??	Macca, Tulluu Walal
3	Odaa Nabee x3	204 kb	Haqaaqi, Cuqaalafi Dabal
4	Odaa Bultum	1193 kb	Harargee, Baddeessa
5	Odaa Rooba	1316 kb	Baale, Ginniir
6	Odaa Bisil	1558 kb	Shawwaa, Iluu Galaan
7	Odaa Girjaa	?1593	Gujii, Boore
8	Odaa Garrees	?1593	Boorana
9	Odaa Bulluq	?	Horro
10	Odaa Gudayyaa	?	Gudurruu
11	Odaa Garaadoo	?	Walloo
12	Odaa Makkoodii	?	Raayyaafi Aseeboo
13	Odaa Doogii	?	Iluu Abbaa Booraa
14	Odaa Hullee	?	Jimma,Oomoo Naddaa
15	Odaa Abaayyi	1840?	Tuulama, Salaale
16	Odaa Kallachaa	1840?	Tuulama, Sooddoo
17	Odaa Namoo	?	Tuulama, Sooddoo Daacii
18	Odaa Kattaa Daacci	1840?	Tuulama, Abbichuu
19	Odaa Bokkuu	?	Harargee, Fadis
20	Odaa Boqotaa	1840?	Tuulama, Jiille
21	Odaa Baatuu	1840?	Tuulama, Jiille
22	Odaa Heera	1840?	Tuulama, Gullallee
23	Odaa Waajitu	1840?	Tuulama, Ada'a
24	Odaa Jigaa		Harargee, Carcar
25	Bakkaniisa	?	Walloo, Warra Iluu

Gabatee-13: Odaalee sirna gadaa Oromoo

Bara sirni Gadaa itti dagaage sana keessa ummanni Oromoo mana maree ummataa Caffee jedhamu sadarkaa garagaraatti ijaaratanii Malkaa, Tulluufi Odaa jalatti walga'anii dhimma Oromoofii Oromiyaa ilaalatu hunda irratti mariidhan murteessaa turan. Ijaarsi Caffee waliigalaa caasa federeeshinii irratti kan hunda'e waan ta'efbakka bu'oota hortee Oromoo hunduma nihirmaachisa. Kanafuu, murtiin caffee biyyaa kun dabarsu isa dhumaati jedhame amanama.

Lak	MaqaaCaffee	Hunde.	Bakka itti argamu
1	Caffee Kattaa	1st c A.D	Tuulama, Gisheen
2	Caffee Tuma	2nd c A.D	Tuulama, Gullallee/kiloo 6
3	Ca.Handoode Korma	2nd c A.D	Tuulama, Duukam
4	Ca. Galan Dongoraa	1116?	Tuulama, Finfinnee
5	Ca. Madda Walaabu	1450?	Baale, Doolloo Mannaa
6	Haroo Makkoo	1578?	Macca
7	Gumii Gayyoo	1601?	Boorana
8	Caffee Me'ee Bokko	1601?	Gujii
9	Caffee Deebanoo	?	Arsii
10	Caffee Borkonna	?	Walloo
11	Caffee Boonsa	?	Harargee, Baddeessa
12	Ca. Kattaa Daalootaa	?	Tuulama, Haqaaqii
13	Caffee Balloo	?	Tuulama, Bacho
14	Caffee Roobii	?	Tuulama, Meetta
15	Caffee Doonsa	?	Tuulama, Gimbichu
16	Caffee Goraa	?	Tuulama, Jiddaa
17	Hora Finfinnee	?	Tuulama, Gullallee

Gabate-14: Caffeewwam sirna gadaa Oromoo

Iddoowwan sabni Oromoo bara durii kaasee akka wiirtuwwan Caffeetti itti dhimma bahaa ture keessa isaan gabatee armaan olii keessa jiran akka fakkeenyatti kaasun ni danda'ama.

2.7.4 Seenaa Bulchiinsa Motummaa Sirna Gadaa

Sirni bulchiinsa motummaa gadaa bara akkasii nama abalu jedhamuun jalqabe jechuun nama rakkisa. Gadaan waan nama tokkoon yeroo tokkotti eegalame miti. Gadaan waan irraa-jala yaaliifi muuxxannoo baroota dheeraarraa walitti kuufamee guddatedha. Gadaan takka kufaa, takka ka'aa bara hedduu dabarseera.

Dhaha amantii Waaqeffannarraa hubachuun akka danda'amutti sirni gadaa hojiirra oolu ega jalqabe waggoota 6400 ol ta'eera. Gama biraatin, barreessittoonni seenaa Oromoo odeeffannoo manguddoota Tuulama irraa argame bu'ura godhachuun akka ibsanitti, hanga bara 2004tti sirni gadaa Odaa Nabee abbootii Gadaa 225 hoogganameerra.

Kun bara Gadaatin yoo herreegamu, 225x8 = waggaa 1800 ta'a. Bara kana immoo bara 2004 irraa yoo hir'isun (2004-1800) bara hundeefama sirna gadaa Odaa Nabee dhaloota Kiristoos booda naannoo bara 204tti tilmaammamun nidanda'ama.

Manguddoonni itti dabalanii odeeffannoo adeemsafi jijjiirama sirna Gadaa keessatti adeemaa tures ibsaniiru. Haala kanaan seenaa Gadaa keessatti jijjiirama jajjaboo lamatu uumame. Isaanis ***Cinnaa-Gadaa***fi ***Haaromsa-Gadaa*** jedhamu. Cinnaa Gadaa jechuun waliigalaan hooggansa Caffee tokko irraa argachaa turan addaan cite jechuudha. Cinnaa kana booda gosti Oromoo Caffee mataa mataa ofii tolfatee itti buluu jalqabe.

Fakkeenyaf, Oromoonni Ituufi Humbannaa hooggansa ***Jaarraa Mardiidaa*** jalatti gurma'un naannoo bara 1193 kaasanii caffee isaanii Odaa Bultumitti ijaarachuun jiraachaa akka turan niyaadatama (Isaayas Hordofaa, 2004). Akka jecha manguddootattii, Gadaan Tuulama bara gadaa 45niif addaan cite.

Kunis yoo herreegamu 45x8 = waggaa 360 ta'a. Kanaaf waggaa 360f gidduu-gatummaan Caffee Odaa Nabee hinhojjanne jechuudha. Cinni Gadaa kun bara kam keessa akka ture argachuuf kan nama gargaaru odeeffannoon biraa immoo wa'ee haaromsa Gadaati. Haaromsa gadaa jechuun sirna Gadaa bifa haaraan deebisani ijaaruu jechaadha.

Haaroomsa Gadaa Tuulama Gadaa 111 dura nama miseensa gadaa Birmajjii ta'e abbaa Gadaa **Namoo Doyyootin** kan adeemsifame ta'uusaa odeeffannoo manguddootaa irraa hubachuun danda'ameera. Kun waggaa 8tin yoo herreegame 111x8 = waggaa 888 ta'a.

Bara kana bira ga'uufis waggoota 2004 irraa 888 yoo hir'ifamu bara 1116 (K.b.) ta'a jechuudha. Kanaf Gadaan Odaa Nabee tilmaaman bara 1116 haaromsame jechuudha. Kana jechuun Gadaan 45f gumiin wal hingeenye jechuudha.

Kunis bara haaromsa Gadaa 1116 irraa woggoota 360 yeroo hir'isnu 1116-360 = 756 (K.b.) waan ta'uuf cinni Gadaa naannoo bara 756 (K.b.) irraa ka'ee amma 1116 ti (K.b.) ture jechuudha. Haaromsa Gadaa Tuulama kana irratti miseensonni abbootii Gadaa kanneen akka Cangaree Korboo (miseensa gadaa Roobale)fi miseensi gadaa Horataa abbaa Gadaa Harruu Maaruu faanis akka argaman seenaan ragaa baha.

Bara 1316 Qaalluun Oromoo Odaa Nabee ture duula kiristaanota Habashaa nama "Anorewos" jedhamu hogganuun ajjeefame.Wiirtuun Amantii Oromoos saamamuun maqaan "Dabra-Tsigee" jedhamu itti mogga'e (Taaddasaa Taamiraat aka Balaay Mokonnin, 2007:91).

Ajjeefamu qaalluu Odaa Nabeetin booda taa'umsi Abbaa Muudaa Odaa Nabee irraa gara Odaa Roobaatti jijjirame. Odaan Rooba bara 1316 hanga bara 1372tti wiirtuu siyaasaa Oromoo ta'uun ega tajaajileen booda bara 1372 kaase cinni gadaa biraa raawwate.

"Odaan Rooba ardaa jilaa kaaba baha Baaletti argamu yoo ta'u Odaan kun Caffee giddu gala Oromoo ta'uun Odaa Nabeetti aane kan hundeeffamedha. Odaa Roobatti yeroo booda wiirtuun barnoota amantii Islaamaa Sheekootan itti kennamaa ture waan hundeeffameef abbootii muudaa irratti ammas dhiibbaa guddaan umamee ture. Sheekoonni akka Yoosuf Umar, Sheek Huseen, Hawusa'id fi kkf naannicha keessatti barnoota amantii Islaamaa baballisaa erga turanii booda Oromoonni hedduu waan amantii kana hordofuu eegalaniif wiirtuun Gadaa Odaa Roobaa irraa buqa'ee cinnaan Gadaa sagalii booda Madda Walaabuutti akka haaromfamu taasifame, (Alamaayyoo Hayilee, 2007:274)."

Haaromsa gadaa bara 1450 madda Walaabuutti taasifameen booda Oromoon qabsoo dhiibbaa humnoota amantaa Kiristaanummaafii Islaamumaa jala dhaabachu danda'ee ture. Namoonni ciccimoon kanneen akka Gadayoo Galgaloofi Yaayyaa Fullellee naannoo bara (1522-1536) Madda Walaabutti, Makoo Bilii (1580) Macca-Odaa Bisilitti, Daawee Gobboo (1706-1714) Booranatti, Cangaree Korbeefi Harruu Maaruu Tuulamatti seera Gadaa isaan dura ture irratti heerafi seera bu'uraa haaraa ta'an dabaluudhan hundee sirna Gadaa haaromsanii miidhagsaniiru (Dirribii Damusee, 2012:344).

Akka qorannoon yeroo dhiihoo ibsutti Walaabu, Dawwaaro, Mormor, Kattaa, Odaa Nabee (204-756 K.b.), Odaa Roobaa (1316-1370), Madda Walaabu (1450-1801) wiirtuuwwan waliigalaa amantiifi siyaasaa Oromoo ta'anii tajaajila turuu isaanii addeessu. Wiirtuuwwan, Dawwaaro fi Mormor, bar dur-durii iddoo Oromoonni itti walgahaa turan jedhama. Sirni Gadaa baroota dheeraadhaf dhiibbaa alagaa dandamachu danda'uu isaatin hambaawwaan sirna gadaa har'ayyuu naannoolee Booranaa, Gujii, Arsii, Ituu-Humbanna, Tuulamaafi Macca keessatti ni argama.

2.7.5 Paartilee Shanan Sirna Gadaa

Sirni gadaa bifa ilmaan Oromoo mara aangoofi hojii misoomaa irratti qooda fudhachiisu akkasumas bifa mirga lammilee hunda eegsisuu danada'un sirna umriifi dhaloota irratti hundaa'e ijaaramedha. Haaluma kanaan Gadaan maqaa paartii, bara saddeet saddeetiin aangoo wal-jijjiiran shan hirmachisa. Partileen shanan kunis, shanan Gadaa Oromoo jedhamu.

Paartii jechuun maqaa namooni sadarkaa Gadaa adda addaa keessa jiran garuu immoo maqaa Paartii tokkotti waamamanidha. Dhaloonni Oromoo kamiyyuu, guyyaa itti dhalatee eegalee Paartiilee shanan Gadaatin hammatama.

Dhalli Oromoo tokko guyyaa itti dhalatee eegalee hanga umrii waggaa saddeettamaatti, miseensa Paartii Gadaa tokkoo ta'ee jiraata. Fakkeenyaf, namni bara gadaan Meelbaa aangoo itti qabate dhalate miseensa gadaa Meelbaa ta'ee amma Sadarkaa Gadamoojiitti (waggootii 80) achuma keessa tura.

Paartileen shanan Gadaa Oromoo bar-dhibbee 16ffaa keessa turan Meelbaa, Muudanaa, Kiilolee, Biifolee, Michillee kkf kan jedhaman yoo ta'u yeroo ammaa kana maqaan shanan Gadaa kun bakka adda addaatti , adda addummaa qabaachuu danda'a. Fakkeenyaf maqaalee paartiwwaan gadaa Oromoo gabatee armaan gadii keessa jiran kana ilaalun nidanda'ama.

Boorana	Macca-Tulama	Arsii	Gujii	I/Humbanna
Meelba /Harmufaa	Birmajii	Birmajii	Harmufa	Horata
Muudana /Roobalee	Michillee / Muudana	Roobalee	Roobalee	Dibbaaqa
Kiilolee /Birmajii	Duuloo / Halchiisa	Bahara	Muudana	Dibbeessa
Biifolee /Muldhata	Meelbaa / Hambissaa	Horata	Halchiisa	Fadata
Michillee /Duuloo	Roobalee	Bultuma	Alana	Daraara

Gabatee -15: Moggaasa Paartillee Gadaa Oromoo

2.7.6 Sadarkaalee Gadaa

Gadaan sadarkaa umrii qoodaafi ittigaafatamummaa adda addaa itti qabatanii dha. Ijaarsi sadarkaalee gadaa bakka adda addaatti maqaa adda addaatin beekamu nimala. Akka adeemsa sirna gadaatti ittimakoo irraa (0-8) ka'ame hanga gadaamoojjiitti bara saddeet, saddeetin wal jalaa ol siqaa sadarkaa gadaa 11ffaa gahama.

Wal jalaa siquun sagarkaalee gadaa kun waggootii saddeet, saddeetin akka ta'u kan murta'e haala umama irratti hunda'eti jedhama. Jijjiiramni waggoota 8, 8tiin akka ta'u waaqatu uume jedhama. Fakkeenyaf namni tokko dhalatee waggaa 8tti ilkaan annanii buqqisee, ilkaan soogiddaa biqilcha. Haaluma kanaan sadarkaa tokko irraa gara sadarkaa biraatti darbuudhan qoodaa fi ittigaafatamummaa biraatu fudhatama jechuudha.

Sad	Umrii	Tuulama	Booranatti	Gahee hojjii
1	0 - 8	Ittimakkoo (Gaammee)	Daa'imman (Dabballee)	Jabbilee tiksu, qe'eera taphatu, Foolle faarsu
2	8 - 16	Dabballee	Gaammee Didiqaa	Loon tiksu, afoolafi gosa ofii baru
3	16 - 24	Foollee	Gaammee Guguddaa	Waraana shaakaluufi loluu
4	24 - 32	Qondaala	Kuusa	Miseensa waraana ta'u
5	32 - 40	Raabaa Doorii	Raabaa Doorii	Bulchiinsa baratu
6	40 - 48	Gadaa	Gadaa	Bulchiinsa ta'u
7	48 - 56	Luba1ffaa	Yuuba1ffaa	Bulchiinsa Gorsu
8	56 - 64	Luba2ffaa	Yuuba2ffaa	Bulchiinsa Gorsu
9	64 - 72	Luba3ffaa	Yuuba3ffaa	Bulchiinsa Gorsu
10	72 - 80	Jaarsa	Yuuba4ffaa	Araaraf hojatu
11	80 - 88	Gadamoojjii	Gadamoojjii	Soorama bahu

Gabatee-16: Sadarkaalee gadaa Oromoo

2.8 Amantii Oromoo

Ummattoonni addunyaa kana irra turanifi jiran martinuu falaasamaafi sirna uumaa, uumamafi jiruu-jireenya isanii ittiin ilaalatan, hubatanifii ittiin dhugeeffatan akka qaban beekamaadha. Ummanni Oromoos akka qaama ummattoota addunyaa kanaatti kalaqa sirna uumaa-uumamafii jiruu-jireenya isanii ittiin ilaallatan, hubatan, dhugeeffataniifii eegatan qabaachun beekamu (M.De Almeida, 1628-46).

"Before the introduction of Christianity and Islam, the Oromo people practiced their own religion. They believed in one Waaqayoo which approximated to the English word God. They never worshipped false gods or carved statues and substitutes (Gadaa 1988: 19)."

Ummanni Oromoo jiraachu Waaqa-uumaafi olaantummaa isaa qalbii guutun amanee Waaqeffachuu ega eegalee yoo xinnaate waggoonni 6000 ol akka lakka'aaman raagama.

Bu'urri amantii Waaqeffannaa falaasama amantii ummattoota Kuush durii irraa akka late amanama.

Qorataan seenaa saba Oromoo Lewis (1984) jedhamu haqa kana akka armaan gadii kanatti ibsera.

"….. Oromo religion derives from the prehistoric past of a "Cushitic" religion. Essential to the Cushitic religion is a Sky God as a Supreme Being and Father of the Universe." Looret Tsaggaayee Roobatis dhimma madda amantii Waaqeffannaa kana ilaalchisee bifuma wal-fakkaatun akkasitti ibsera.

"KA" is the first name of God. The name of God that our Cush fathers have inherited to us before the old period of Christainity and Islam is "KA". Since then, therefore, especially the Oromo, have been calling God as "Waka or Waaqa". When, we sing Eyoka or Eyoha in Semptember (Fulbaana) we do praise "KA", the God."

Giloo Diilalleessaatis dhimma amantaafii eenyummaa Waaqa Oromoo kana irratti yaaduma wal-fakkaata akkasii kenneera. *"It's believed that there is one super-*

natural force, the creater of Universe, the Sky God, that is responsible for the creation of both living and non living things. The Oromians call him Waaq /Waaqa/ Waaqayyoo; some call him God and the Arabs call him Allah." (Leeliissaa Aada, 6413)

Gabaabumatti, ummata Oromootiif Waaqa jechuun Uumaa (*The Creator*) jechuudha. Akka amantaa Oromootti Waaqni hindhalu, hindhalchu, uumaa ykn abbaa uummama hundaati.Waaqni jiraataa fi fullaˇˇaa bara baraa Beelii Beleli (jalqabaa fi dhuma kan hin qabne) dha. Waaqni danda'aadha, qulqulluudha, beekadha, gara-laafessa, hin inaafu.

Waaqni waan fedhe tolchuu waan fedhe balleessuf aangoo guutuu qaba. Humni Waaqan morkuu danda'u tokkollee hinjiru. Waaqa hojjii isaatin malee ijaan arguun hindanda'amu.Iccitiin hojjii isaas qormaatan bira hinga'amu. Ta'us, ummanni Oromoo bifti Waaqa gurraacha (*Invisible)* akka ta'etti amana.

Ayyaannota Amantii Waaqeffannaa

Akka ilaalcha amantaa Waaqeffannaatti Ruuda kana keessatti wanti ofiisaan of-uume tokkollee hinjiru. Umamnni dachee fi samii keessa jiraatan marti bu'aa hojii hafuura, ayyaana Waaqayyootti. Waaqni jalqaba walaabuu uume. Walaabuun many'ee uumama maraati.

Walaabuun bishaan ture. Waaqni walaabuu bakka lamatti qoode: Dacheefi Ruuda; Dacheen bishaan jalaati; Ruuda bishaan gubbaati. Dachee iddoo lamatti qoode: bishaaniifi lafa godhe. Ruuda manyee lubbuu immoo bakka sadiitti hire: Aduu, Baatiifi Urjiidha (Daaniyaa 6400:27).

Waaqni guyyaa jalqabaa waantota Ruuda keessaa kan duraan tolche, aduu mul'ise.Guyyaa kanaanis Aduu Lafaa ykn Adulaa jedheen. Halkan isaa immoo kan guyyaa lammaffaa galgala mul'ate ,innika (Baatii) tolche; Guyyaa baatiin baate kanas Innika jedheen. Achiin Urjii tolche. Guyyaa ittaanu immoo Bishaan Goodaa bakka lamatti qooduun dursee bishaan mul'ise; iddoo kana immoo duumessaan aguuge. Guyyaa shanaffaatti lafa mul'ise. Gaafa jahaffaa dhala namaa uume. Nama jalqabaanis Horo jedheen. Akkanaan waa hunda guyyaa 27 keessatti uume (Doorii Nagawoo, 2002).

Uumamni Dacheefi Ruuda keessaatti argaman martinuu hafuura Waaqayyootin waan dhalataniif, ayyaana

Waaqayyoo dhaalaniru jedhame amanama. Ayyaanni kun seera Waaqayyoo egaanii akka jiraataniif isaan gargaara.Dhimma kana ilaalchise Bartels, (1983:14) yaada kanatti aane jiru ka'ee ture.

"*As the Supreme Being, Waqaa (sky/ God) is the source of life and the creator of all things. For every natural phenomenon, every plant, every animal and every social entity, Waaqa has appointed a place in his cosmic order. Waaqa's creative capacities are embodied in the specific characteristics of every single species. In the specific forms this creative capacity is called ayyaana."*

Ayyaana jechuun mil'uu Waaqaa kan Waaqni ittiin uumama mara uumee qajeelchudha. Ayyaannni humna wanti tokko akka dhalatu taasisu fi kan walta san waliinis dhalaatu, erga dhalatee boodaas wanti sun akka ittiin mul'atuu fi akka ittiin qajeelfamu kan sirneessee qabuu fi to'atudha, (Daaniyaa, 2006).

Ayyaanni afuura ykn calaqqee ifaa ijaan hin mul'anne, dhalli namaa ittiin Waaqa isaa qunnamu fi maatii isaa wal

bira hin jirre yaadan, abjuun, coraan wal arguudha (Leeliisaa Aada 6413).

"*Ayyaana refers to that by which and through with Waaqa, God created everything. Ayyaana is in fact both that which causes something to come into being and to become that it has caused. Ayyaana is therefore, that which exists before, and after which it is cause to come into existence,* (Seenaa Oromoo Hanga jaarraa 16ffaa)."

Ayyanni akkuma Waaqa, kan hojii isatin malee qaaman hin mul'anne ta'uurraa kan ka'e, maqaan wal jala jijjiramee Waaqa (Ayyaana) jedhamees waamama. Fkn Waaqa (ayyaana) abbaa kiyya ni jedhama. Amantii Waaqeffannaa keessatti ayyaanni akka kennaa Waaqayyoo fi mallattoo qulqullummaati ilaalama.

Amantii Waaqeffannaa keessatti ayyanni gosa sadii kan jiran yoo ta'u isaanis ayyaana Waaqa, ayyaana namaafi Ayyaana uumama jedhamuun beekamu. Waaqeffannaa

keessatti yaad-rimeen ayyaana qulqulluu fi ayyaana yakkamaa (Irkusii manfas fi qudus manfas) jedhamu hinjiru.

Nama (saba) walii diinummaa qabu, Ayyaanni isaanitis diina akka walii ta'u beekamaadha. Amantiiwwan alagaa ayyaana duudhaa Oromootif maqaa yakkamaa (Seexana) jedhuun waamun isaanii kanuma mirkaneessa. Garii wanti nama gaddisiisu, nuti jechoota alagaa fudhannee ayyaana duudhaa teenyaa yakkamaa (Seexana) goone ilaalu keenya (Maammoo Gadaa, 2013:52).

Gama biraatin duudhaa Amantii Waaqeffannaa keessatti ummanni Oromoon waggaa keessatti akka amantiifi aadaatti waloofi dhuunfadhaan ayyaanota namaa hedduu kabaja. Ayyaanota namaa ummanni Oromoon waloofi dhuunfadhaan kabajan keessaa kanneen gabatee armaan gadii keessatti tarreefaman akka fakkeenyatti kaasun nidanda'ama.

Tar.	Maqaa Ayyaanotaa	Maalummaa Ayyaanotaa	Yeroo itti kabajamu
1	Nabii	Ayyaana Abbaa, dhiiraa	Waggaatti altokko
2	Ateetee	Ayyaana Haadhaa, dubarti	Birraa
			Arfaasaa
3	Booranticha	Ayyaana Angafaa	Woggaatti altokko
4	Wadaajo, wadaaja ykn jaalaa	Ayyaana firummaa, aantummaa	Ji'a ji'aan, Waggaatti altokko ykn lama
5	Gubaa/Ifannoo	Ayyaana Galataa	Birraa
6	Irreecha	Ayyaana Galataa	Birraa
7			Arfaasaa
8	Taaboree/ Ukee	Ayyaana Ijoollee dhiiraa	Waggaatti altokko
9	Ingiccaa/Dadarbaa	Ayyaana Ijoollee dubraa	Waggaatti altokko
10	Gannii/Qillee	Ayyaana Loonii	Waggaatti altokko
11	Abdaarii	Ayyaana Dachii	Waggaatti altokko
12	Jaarii, Gaafata	Ayyaana Saanyii	Waggaatti altokko
13	Birboo	Ayyaana Bara Haaraa	Abraasa, Muddee 1

Gabatee – 17: Ayyaanota Amantii Waaqeffannaa

Akka ilaalcha amantii Waaqeffannaatti Waaqayyo abbaa muudaa irraan saba isaatti dubbata jedhame amanama. Abbaan muudaa gaggeessa amantii Oromooti (Huntingford, 1953). Seenaa Abbaa Muudaa, qaalluu Oromoo jalaqaba irratti yaanni lama kan jiru yoo ta'u; akka yaada isa duraatti qaalluun, abbaan Muudaa saba Oromoo kan jalqabaa hora Walaabutti Waaqaa bu'e jedhame amanama.

Walaabu jechuun lafa bal'ina murta'atti daangeeffamu miti. Akka yaada isa lamaffaatti immoo abbaan muudaa, qaalluun inni jalqabaa, ilma Oromoo isa angafaa "***Ilma Oromoo***" jedhamu ture jedhamee amanama. Innoo ykn Horo's ni jedhama.

Akka afoolli seenaa saba Oromoo ibsutti hawaasni Oromoo martinuu maatii "***Oromoo***" jedhamu irraa late. Kanaaf, Oromoon hundinuu ***"Ilmaan Oromoo"*** jechuun of waama turan jedhama. Akka ilaalcha lameenittuu Horri Walaabuu akka madda dhaloota saba Oromootti ilaalama. Manyeen Walaabu baate inni jedhamus kanumarraa madde.

As irratti wanti hubatamuu qabu horri Walaabuu inni lafa dhaloota saba Oromoofi Maddi Walaabuu inni bar-dhibbee 15ffaa keessa haaromsi sirna gadaa Oromoo itti adeemsiifame seenaa garagara qabachuu isaaniti. Abbaan Muudaa hayyuu sabaati. Dirqama seera Waaqaa egsiisuufi seera Waaqaa hiikuu qabaata.

Akkasumas, nagaa, araara, misooma biyyaaf nikadhata, nama/warra eebbii barbaachisu ni eebbisa, sirna jila abbaa muudaa waggaa saddeetitti si'a tokko adeemsiifamus olaantummaan gaggeessuun gahee isaatti. Wiirtuun abbaa Muudaa inni jalqabaa Hora Walaabu yoo ta'u; ummanni Oromoo Walaabu ega bahee booda Horri Mormor wiirtuu abbaa Muudaa ta'uun tajaajilaa akka ture himama. Isaan booda immoo Odaa Naabeetu akka wiirtuu abbaa Muudaatti tajaajilaa ture.

Bara 1316 yeroo abbaan Muudaa Oromoo Odaa Naabee ture weerara Amda Tsiyoonin ajjeefamee kaase Odaan Rooba wiirtuu abbaa Muudaa Oromoo ta'uun tajaajilera. Bara 1450-1801 gidduu immoo Madda Walaabutu tajaajila wal fakkaata kennaa ture. Jilli abbaa Muudaa naannoo kibbaa Oromiyaatti baroota dheeraaf adeemsiifama tureera.Dirreen abbaa muudaa kibba Oromiyaa jiru akkuma Makkaa isa warra Musliimaa fi Tsiyoon (Iyarusaalem) isa warra Kiristaanatiin walitti dhiyaata.

Jecha biraatin akkuma warri biraa lafa dhaloota amantii isaanii jila deeman sabni Oromoos bakka bu'oota Konfedireeshinii isaanitin lafa dhaloota amantii isaanii dirree abbaa muudaatti jila deemu. Akkuma namoonni gara Makkaa deeman Hajii jedhaman, namoonni gara dirree abbaa muudaa deeman ***"Jila"*** jedhamu.

Dirreen abbaa Muudaa akka lafa qajeelummaa, hayyummaa, walii-galtee, nagaa, araara fi sirna dimokraasii gadaatti hubatama. Sirni Muudaa amantii Waaqqeffannaa Oromoo kun sadarkaalee garagaraatti kan raawwatamu ta'ee yeroo bayy'ee iddoo mukti Odaa itti argamu, iddoo jiinnii bishaan itti argamu (Hora, burqaa fi malkaa laggeennitti) fi Tulluuwwan irratti adeemsifama tureera.

Keesummattuu, sirni muudaa sadarkaa sabatti adeemsifamaa ture wiirtuu tokkummaa saba ta'ee baroota dheeraadhaf tajaajilaa tureera.Hanga bar-dhibbee 16ffaa keessaa konfedireeshinii Booranaa fi Baareentummatti adda qoodamaniti sabni Oromoo hundinuu mootummaa tokko jalatti bulaa turan (Mahaammad Hassan, 1990). Sabni Oromoo ega konfadireshinii garagaraatti

qoqqodamanii boodas gara jila abbaa Muudatiin wiirtuu tokkotti sassabamanii hiree biyya fi ummata isaanii waliin murteessu ture. Bara 1900tti Axee Minilik ummanni Oromoo akka jila abbaa Muudaa hinadeemsisne ugure.

Carraaqqiin sabbontoonni Oromoo naannoo jalqaba bara 1970'n keessaa naannoo shawwaa lixaa keessatti haaromsa sirna gadaa fi duudhaa Oromoo taasisuuf jalqaban mootummaa Dargiitin fashala'e. Akkanaan yeroodha gara yeroottii haalli ture jijjiramaa dhufe haala amma keessa jirru kanarra qaqqabe jechudha.

Akkuma hundi keenya beeknu yeroo ammaatis taanan heerri mootummaa federaalaa bilisummaa amantiitif beekamtii haa keennuyyuu malee Waaqeffatonni Oromoo jiruunis iddoo itti wal ga'anii Waaqa isaanii walii wajjin itti Waaqeffatan, du'anis akka warra kaanii iddoo itti awaalaman hin qaban.

Naamusa Amantii Waaqeffannaa

Waaqeffachuu

Rakkinaafi balʻinaa keessattis ta'ee gaddaafi gammachuu keessatti nagaafi araara kadhachuun, kan argataniif hooqubaa galchuun, kan dhabaniif hooddachuufii wareeggachuun gabaabumatti garaa guutun Waaqatti amanuun seera uuma-uumamaa eeganii buluun naamuusa uummanni Oromoo bara duriiti kaasee Sirna Gadaa keessatti misoomfatee ittiin jiraachaa turedha.

Har'as taanan ummanni Oromoo ganama yeroo irriiba ka'u, galgala yeroo mana isatti nagaadhan deebi'ee galu, yeroo buna dhugu, yeroo araaraf taa'ufii yeroo jila garaagara gaggeeffatu uumaafii uumama hunda waliin wal-ta'ee jiraachuu danda'u isaatif akkasumas waan dhabe argachuuf, waan jalaa dabe qajeelfachuuf Qe'ee isaatti, Malkaatti, Tulluu gubbaatti ykn gaaddisa muka jiidhaa jalatti garaa qulqulluufii afaan nagaatin akkas jedhee Waaqa isaa kadhachuun beekama.

"Hayyee Waaq! 5x
Waaqa Uumaa, Waaqa Uumamaa,

Waaqa Burqaa Walaabuu,
Waaqa Sagaltama gabraa,
Waaqa Salgan ya'ii Booranaa,
Waaqa Torban Baareentummaa,
Waaqa Bokkuu Gurraachaa,
Waaqa Ciicoo Gurraattii,
Waaqa Bakkalcha Finiinaa,
Waaqa Caffee Tumaa,
Waaqa Shanan Gadaa Oromoo,
Gurraacha garaan garbaa
Tokkicha maqaan dhibbaa
Leemoo Rooba taliila
Kan nagaan nu olchitee nagaan nu bulchi,
Kan nagaan nu bulchite nagaan nu olchii,
Irraa-gora nu olchii, dogoggora nu olchi,
Daafii sababii nu oolchi,
Hamaa hamataa nu irraa qabi, tolaa nutti qabi.
Kan fantii lafaan lolte kan sammuun waaqaan lolte nurraa qabi,
Roobee tortorsuu, camee goggogsuu jalaa nu baasi.
Halkan iyyuu, guyyaa iyyaafachuu nu baraari!
Taa'anii beela'uu, tasa biyyyaa bahuu nu baasi
Ejjennaa faana nu tolchi, Arraba dubbii nu tolchi,
Xiqqaa nuu guddisi, guddaa nuu bulchi,
Korma keenya cirrii, Rimaa keenya haphee nutaasisi
Abbaa maatii irra nu bulchi;
Sangaa harqoota keessa nu bulchi;
Sa'a jabbii irra bulchi, waan qabnuun nu bulchi……
Akka nu jenne Waaqni haa jedhu 2x
Gadaan roobaa nagayaa,
Barri quufaa gabbina,
Gabbis Waaqi"

☞ **Safuu Eeguu**

Akka amantii Waaqeffannaatti, Waaqni waa uume mara irraa jalaan sirneese seera isaa waliin Ruuda keessa naqe. Ummanni Oromoo seera ykn iccitii hojii Waaqa kana safuu jedhee raajeeffata. Raajiin kun kan nama dinqu, gammachiisu yookiin kan nama naasisu/rifachiisu ta'uu mala.Akkuma haalli sun itti dhalatee argame irraa ka'ameetu safuu jedhamaaf.

Fakkeenyaaf: Dachee dhiitii malee diriirtee waa hundaa baattuuf safuu! Ruuda utubaa malee dhaabatee Biiftuun keessaa finiintu, Urjiin keessa facaatee iftuuf safuu! Halkan dukkana ta'ee bulu, guyyaa ifaa ta'ee ooluuf safuu! Korma cirrii ta'ee dhalchuuf safuu! Gaangee diroo malee hafteef, …. safuu jedhama. Waan kana fakkaatan marti bu'aale hojii Waaqaa waan ta'aniif, Oromoon raajeffatee, jajee, dinqisiifatee "safuu" jedhaan.

Safuun seera Uuma, akka uumamoonni Ruuda keessa jiran marti wal ta'anii bifa wal-madaaleen waliin jiraachuu

danda'aniif Waaqni isaan badhaasedha. Safuun bu'ura seera walaabuu isa hariiroo uumaafi uumama gidduu jiru bakka bu'uudha.

Safuun seera Waaqi. Seerri waaqi seera seeran oliitti. Namaan hintumamu, hinlabsamu, hinjijjiiramus. Safuu cabsuun cubbuu namatti fida. Cubbuun immoo hariiroo uumafi uumama gidduu jiru jeeqa. Hariiroon uumafi uumamaa gidduu jiru jeeqamnan jiruufi jireenya uumama maraatitu jeeqama.

Akka ilaalcha amantaa Waaqeffannaatti Araari Waaqafii jireeny qajeelan cubbuu laggachudhan argama. Cubbuu laggachu jechuun Seera Waaqaa (Safuu) qajeelotti hubachuufii Seera Waaqaa hubatan kana fedhii dhuunfaa ofiitif jecha dabsuu, cubbuu raawwachu irraa of qusachuu jechuudha.

Fedhii ofii guuttachuuf jecha safuu Waaqaa cabsuun wanta Waaqni hinjaalannee raawwachuun cubbaamaa nama taasisa. Cubbuun baayy'eete immoo badii guddaa

namatti fida. Safuu eegufii wantoota akka cubbuutti ilaalaman hunda lagatanii jiraachuun kanaaf naamusa Oromummaa ta'e. Akka amantaa hawaasa Oromootti:

- Safuu diigun, hojii Waaqaa keessa galuun cubbuudha.
- Lubbuu Waaqni uume ajjeesun cubbuudha.
- Burqaa Waaqni maddisiise duuchun cubbuudha.
- Caffee dhugaan Waaqaa irratti muramu qotuun cubbuudha.
- Sobaan maqaa Waaqa waamanii kakachuun cubbuudha.
- Sobaan karaa dhugaa irraa nama jallisun cubbuudha.
- Kakuu cabsuun, imanaa nyaachuun cubbuudha.
- Bineensa nama nyaatu deebi'anii nyaachuun cubbuudha.
- Bineensa akka namatti irraafi jalaa ilkaan qabu nyaachuun cubbuudha.
- Collee Waaqa (Farda) beeleessun cubbuudha.
- Dubartii deessee guyyaa 40 hinguutin waliin ciisun cubbuudha.
- Fira abbaa 7 hindarbin waliin ciisun cubbuudha.
- Qaalluun(Colleen-Waaqaa) Gaangee diroo maseente yaabbachuun cubbuudha.

- Waqtii godaansa jila abbaa Muudaa sal qunnamtii raawwachuun cubbuudha.
- Haadha nama deesse, abbaa nama dhalche salphisuun cubbuudha.
- Jaartiifi jaarsa dadhabaa miidhun cubbuudha
- Ilmoo du'aafi haadha hiyyeessaa miidhun cubbuudha.
- Angafafii Ulfaa Waaqaa ulfina dhowwachun cubbuudha.
- Uumama Waaqaa kam irrattuu dabafii badii hojjechuun cubbuu dha.

2.9 Aadaa Oromoo

Aadaan kuusaa beekumsaa, kan muuxannoo, kan Amantii, kan yaada yeroo (calendar), waa'ee umamaa (Universe), qabeenyaa sabni tokko yeroo dheeraa keessatti kuufatee dha. Aadaan haala uffannaa, sirnoota fuudhaafi heerumaa, ibsannaa miirota gaddaa-gammachuu, kabaja ayyaanotaa, raawwii awwaalchaa, nyaataafi dhugaatii, hojiifii waliin jireenyaa haawasaa faa of-keessatti hammata.

Aadaan karaa mallattoo (Symbol), karaa amala ayyaaneffanna, karaa Muziiqaa, karaa sirna Waaqeffannaa, karaa Oduu, karaa itti jiraachuun dhalootaa gara

dhalootaatti darba. Saboota Afrikaa (Oromoo dabalatee) biratti Aadaa, Amantii, Siyaasaa, Dinagdeefi jireenyi hawaasummaa sabichaa walirraa adda hinba'u, waliin deema wal deggeree jiraata (Luba Bantii ujuluu, 2010). Aadaan amaloota sabni tokko saboota birarraa adda bahee ittiin beekamu keessa tokko jechuudha.

Aadaan calaqqee jiruu fi jireenya saba tokkooti kan jennus kanumaafi. Ummanni Oromoos aadaa mataa isaa kan ormaa irraa adda isa godhu hedduu qaba. Aadaan sabni Oromoo akka sabaatti waliin qabufi akka gosaatti qabu danuudha.Dhiibbaa amantii alagaafi hacuuccaa gabroomfataan irraan ga'aa tureen aadaan Oromoo dagatamees baay'eetu jira. Aadaan dhiibbaafi cunqursa diinaa baroota dheeraaf irra ture kana dandamate hafeefi ummanni Oromoo amma ittii jiraachaa jirus baayyeedha.

Aadaa Oromoo isa dagatamefi balfatamaa ture sana qoratanii mul'isuufi kanneen amma jiran ammoo kunuunfachuun dagaagfachuun ammoo dirqama dhaloota har'aati. Kan har'aa akka waliigalaatti beekamuufi kan

naannoo adda addaatti raawwataman hanga ammaa kan beekamu dhaloonni ammaa akka baratufi hubatu, akkasumas kanneen golee Oromiyaa adda addaatti dhokatee ykn awwaalamee jiru ammoo qorachuun bakka awwaalamee baasun mul'isuufi guddisuun nurraa eegama jechaa meeshalee hoodaa (aadaa Oromoo) armaan gadii akka yaadannootti maqaa dhahee dabra.

Kallacha

Kallachi mallattoo angafuummaafii araaraa kan warra dhiiraati. Waaqeffataa biratti Kallachi akka meesha hoodaatti ilaalama. Kallacha biratti Oromoon sobaan hinkakatu, kan sobaan kakate immoo hinhoofkalu. Kallacha addaan itti hindeeman. Farda yaabatanii osoo deemanuu, yoo kallachi namati dhufe irraa bu'aniitti, irreenfatanii bira taru.

Kallachi mallattoo nagaafi araarati. Bara caamsaan hammaate Malkaafi Tulluutti bobbaafamee waaqan kadhatama. Yoo namni wal ajjeesee araaraamuu dide kallacha bobbasanii araarsu. Kallachaan kadhatamee

namni didu hinjiru. Kallacha bu'aafi dhimma dhuunfaatif oolchuun hooda. Seenaan uumama Kallachaa seenaa uumama ayyaantuu Maallimaatiin waliin wal qabata. Afoola Oromoo keessatti, Kallachi jalqabaa bara hongeen dheerate, yeroo "Maallimni" wareegaf dhiyaachuun ayyantummaafii angafummaa araara Waaqatin Siba irraa dhaale Samii bu'e jedhame amanama.

Bar dur Waaqeffatoonni bakka bakakkaan bu'etti, aannan sa'a gurrachaa dhibaafachuun baasun sibiila Bakakkaa irraa Kallacha tolfataa turan. Qaalluuwwan gosaas sibiila Bakakkaa kana irraa Kallacha mata mataa isaanii tolfachaa turan. Iddoo baayy'eetti kallachi Adda irratti godhatama. Kanaaf, iddoo tokko tokkotti "Addoo" jedhamee waamama.

Caaccuu

Caaccuun mallattoo angafuummaa, araaraafii faayaa kabaja ykn Kallacha dubartii Oromooti. Gogaa goromsaa irraa elellaa sagal sagaliin tarree galee Calleedhan faayamee

tolfama. Caaccuun eebbaaf malee abaarsaaf hinba'u. Dubartoonni Caaccuu addati hidhatanii, siiqqee qabatanii, araara, nagaa, rooba, fayyaa, hormaata fi k.k.f. nuuf kenni jedhanii waaqa kadhatu. Haati caaccuu siiqqee qabattee waraana gidduu yoo seente loli sun ni dhaabbata. Haati caaccuu durii, dubartii ilmi Gadoomee, dandeetti aadaa, amantiifi qalbii qabdu taate, dubartootan kan filamteedha.

Bokkuu

Bokkuun mallattoo aangoo siyaasaa Oromoofi araarati. Bokkuun jalqabaa sibiila Bakakkaa irra tolfame jedhamee amanama. Yeroo ammaa garuu Bokkuun muka gaariirraa bocama. Ummata Oromoo biratti Bokkuun kabaja guddaa qaba. Paartileen Gadaa Oromoo shananuu Bokkuu tokko tokko kan mataa ofii isaanii qabu.

Siiqqee

Siiqqeen ulee sorooroo (qajeelaa) heerumaafi mirga dubartoonni oromoo aadaadhaan qaban agarsiistudha. Siiqqeen Seerafi woyyoomaaf qabatu. Akka ulee biroo loonin hindhayan. Dubartiin siiqqee qabatte

nisodaatamti, nisaalffatamti, nikabajamti. Dubartiin Siiqqee qabattee hoofkalitii malee karaa irratti bira hindarban, hinqaxxaamuran, malkaas ishii dura hince'an. Rakkattee kadhaannaanis osoo qabanuu hindhoorkatan. Siiqqeen kabaja, saalfiifi sodaatama guddaa qabdi jechuudha.

2.10 Dhaha Oromoo

Ummanni Oromoo ummattoota dhaha mataa isaanii uumachuudhan addunyaa irratti beekaman kanneen akka Chaayinaa, Hindiifi Maayaa keessa tokko ta'usaa qorannoodhan mirkanaa'era. Dhahaan Oromoo kun mallattoo uumamaa kan ta'an **Aduu, Baatiifi Urjii** irratti kan hundaa'eedha.

Akka ilaalcha Oromootti yeroo safarachuun kan jalqabame bara bulchiinsi sirna gadaa itti eegale kaasetti. Sabni Oromoo (Kuush) sirna gadaatin buluu kan jalqabe bara bulchiinsa "Aannootii" kaasetti jedhame amanama (Daaniya, 2006).

Akka hayyoonni seenaa Oromoo jedhanitti bara bulchiinsa Aannootti as gadaaleen 800tti ol ta'an aangoo wal harkaa fuudhaniiru. Gadaalee 800 baroota Bulchiinsa isaanitiin yoo baayyifne (800*8) yoo xinnaate wooggonni 6400 darbaniiru. Bu'uruma kanaan bar 2015 (A.L.A) akka lakkoofsa Waaqeffannatti bara 6409 ta'a jechuudha.

Akka gabaasa qorannoo Lynch fi Robbins (1978) keessatti ibsametti, ummanni Oromoo dhaloota Kiriistoosiin dura naannoo bara 300 kaase lakkoofsa yeroo mataa isaanii beekumsa "Astiroonomii irratti" hundaa'e fayyadamaa turan.

Bu'urri qorannoo hayyoota kanaa *"Dhagoota dhahaa ykn Dhagoota Dhaabatoo"* 19 Oromoonni Booranaa kallatti *"Urjiillee dhaha"* ittiin madaluuf wooggota 2300 haraatin dura biyya Keeniyaa naannoo *"Namoratuga"* jedhamu keessatti dhaabaniidha. Hayyoonni biroo

kanneen akka Doyle fi Profeesar Asmiroom Laggasa (1986) faanis ammayyummaafii qaroomina gad fageenya qabu irratti hunda'uu dhaha Oromoo kana ragaa bahaniru.

Dhahaan Oromoo "Dhaha Julios" isa yeroo ammaa Walda Ortodiksiifii mootummaa Itoophiyaan ergifatanii itti fayyadama jiran kana yoo xiqqaate waggoota 300'n dursa jechuudha."Dhaha Girgooriyoos" isa irra caalli biyyoota addunyaa fayyadama jiranis akkasuma. Kalaandarri "Julios" Dhaha Kuushota Kaamet irra kan waraabame yoo ta'u Kalaandarri "Girgooriyoos" immoo Dhaha "Julios" irraa qeesii Waldaa Kaatoliiki Roomaa Girgooriyoos jedhamuun kan waraabame ta'uu beekama. Girgooriyoos dhaha isaa qopheessuuf ilaalcha amantaatin cinaatti beekumsa Astironoomii (sirna lakkoofsa sa'aatifi argannoo teleskoppii Gaaliliyoo Galilee faa) ilaalcha keessa galchuu isaatin falaasama dhaha Oromoo Saayinsiidhan akka deeggaretin fudhadha.

Oromoon dur dhaha isaa yeroo safaruu qofaaf itti hinfayadamu. Dhaha isaatin ayyaana isaa, amantii isaa, seera isaa, aadaa isaa, duudhaa … jireenya isaa isaatis niqajeelfata.Akka dhaha Waqeeffannaatti guyyaan tokko sa'atii 24 of keessaa qaba. Torban tokko guyyoota torba yoo of keessaa qabatu Baatiin tokko guyyoota ykn ayyaanota 27 keessa qabaata.

Yaanni Baatiin tokko hanga guyyoota 31 ta'an of keessa qabaata jedhus nijira. Falaasama Amantii, dhaha Waaqeffannatti keessatti akkuma umamni martinuu ayyaana Waaqayyoo dhaalan guyyoonni torbaniis, ta'anii kan baatii ayyaana mataa mata ofii isaanii qabu jedhame amanama.

Fakkeenyaf, guyyootii torbii yoo fudhanne: *Wiixxatni Ayyaana Ekeraati, Kibxatni Ayyaana Gaaromsaati, Roobiin Ayyaana Jabinaati, Kamisni Ayyaana hormaatati, Jimaanni Ayyaana torbii Waaqatti, Sanbanni Ayyaana firummaati, Dilbatni Ayyaana araarati.* Ayyaanota

guyyoota Baatii irratti odeeffannoo dabalataa barbaanan kitaaba Jaatanii Diidaa Haroo (2014:44) dubbisaa.

Gama biraatin woggaan tokko Baatiiwwan 12 of keessaa qaba. Baatiin kudha lamaan immoo sadi-sadiin waqxiilee afuritti (Ganna, Birraa, Bonaa fi Arfaasaa) qoodamuunii wal-duraa duuban dhufaa-dabraa woggaa tokko lakkoofsisu.

Waqtiilee	Birraa	Bona	Arfaasaa	Ganna
Ji'oota	Fulbaana	Muddee	Bitootessa	Waxabajjii
	Onkoloolessa	Amajjii	Ebla	Adoolessa
	Sadaasa	Guraandhala	Caamsaa	Hagayya

Gabatee-18: Ji'ootafi waqtillee dhaha Oromoo

Akka lakkoofsa Waaqeffannaatti barri haaraan Abraasa (Muddee) guyyaa tokkotti kabajama. Guyyaan kun guyyaa ummanni Oromoo wiirtuu hora Mormor/Abbayyaatti wal ga'uun jireenya dukkana keessa gara boqoonnaa jireenya haaratti ba'e jedhamee amanama. Ayyaanni bara

haaraa kun ***"Ayyaana Birboo"*** jedhamun beekama (Yaada dabalataaf kitaaba Daaniya dubbisa).

Kanaan alattis Jaatanii Diidaa (2014:64) immoo uumamni Qolloo ykn Ruuda Waaqa keessaa jiran Walaabun dabalate Baatii Abraasa keessaa akka uumaman ibseera. Pirofeesar Asmiroom Laggasaa immoo Dhaha Oromoo sirna hawwaa waliin walitti firoomsun barri haaraa Oromoo Baatii Bitootessa irra eegala jedha.

2.11 Sona Oromoo

Faajjiiwwaan eenyummaa saba tokkoo ibsan keessaa sonni saba sanaa kan angafaati. Ummanni Oromoos akka sabatti sona mataa isa kan saboota biroo irraa adda isa tasiisan heddu qaba.

Kanneen keessaa: Nageenya, Dhugaa (Qajeelummaa), Hayyummaa, Gootummaa, Arjummaa, Birmadummaa, Soorumma, fi k.k.f akka fakkeenyatti kaasun nidanda'ama. Maddi sona saba tokkoo sirna jiruu fi jireenya saba sanaa ta'un beekamaa dha.

Bu'uruma yaada kanaatin odeeffannoowwan muxxannoo jireenya dhuunfaa koo, afoola hawaasa Oromoofii maddeen barreeffamaa irraa walitti funaane akka arman gadiitti kurfeessun dhiyyeesera.

Nageenya

Nageeny hawaasa Oromoo biratti iddoo ol-aana qaba. Duudhaan hawaasichaa haqa kanaaf ragaa mul'ataadha. Qubsumaafi sirna jireenya hawaasicha waliin wal-qabatee garaagarummaa bicuun jiraatus hawaasni Oromoo sirna tokko raawwachu isaanitin dura akkas jechuun nageenya biyyaa, nageenya namaafii nageenya uumama maraa dabareen walirraa mirkaneefatu.

Maatii-waatiin nagayaa? .....Eeyyeen nagaa!
Jaarsaa-Jaartiin nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Balbala-Warri nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Aantee-Firri nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Horteen Oromoo hundi nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Harkuufi dullachi nagayaa? ……..Eeyyeen nagaa!
Kormaafi jibichi nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!

Raadaafi dhaltiin nagayaa? ,..... Eeyyeen nagaa!
Okoleefi harkeen nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Raacatiifi biqilli nagayaa? ..... Eeyyeen nagaa!
Malkaan nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Halkan qawweessi nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Bakkalchi barii nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Waareefi waabeen nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Jiruufi jireenyi nagayaa?..... Eeyyeen nagaa!
Nagaan kan waaq!

Duudhaafii ta'ii hawaasumaa kana irraa sabni Oromoo saba nageenya jaalatu ta'uu isaa hubanna. Ta'us, ummata Oromoo biratti jechi nagaa jedhu dhukkuba, rakkoo, qormaatafi gufuu jireenyaa hunda irrayyuu bilisa ta'anii jireenya qananii jireechu jechuu miti. Seerafi safuu uuma-uumamaa eeganii jireenya waloo walii wajjiin gaggeefachu danda'u ilaalata.

Eebba

Eebba jechuun nagaa, tola, qajeelina, milkii gaarii, soorummaa, badhaadhina, hormaata, injifannoofi k.k.f walii hawwaa maqaa Waaqaa waamanii waliif kadhachuu jechuudha. Eebbi aadaafi dhugeeffannoo ummata

Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Haati, abbaan, akkoon, akaakayyuun ijoollee isaanii eebbisuun, angafti qixisuu eebbisuun, Qaalluun biyya eebbisuun aadaa hawasa Oromooti. Haatiifi abbaan gaafa "galma" jala ga'an, ijoollee isaanii walitti waamanii gorsanii eebbisuun iddoo "dhugaa" deemuu hawwu.

Fakkeenyaaf, abbaan ijjollee isaa keessaa tokkotti mufateera ta'e yookiin abaareera ta'e, *"bara akkasii, ati waan akkas gooteef sitti mufadheera mee marga kutii naa fidi siifan tufaa"* jedhaan. Sana booda, marga sana harkaa fuudhee cicciniinee tufaafi. Kan balleessaa isaa beekuu yoo jiraate, osoo abbaan "hin deemiin" dura marga qabatee balleessa isaa himatee "naatufi" jedhee tufsiifatee of eebbisiisa. Akka hawaasattis ummanni Oromoo waltajjii garaagara irratti akkas jedhee wal-eebbisa.

"Tulluu ta'aa, goobaa muldhadhaa
Coqorsa ta'aa, lafa uffisaa
Urjii ta'aa, biyya hundaatti ifaa
Cirracha ta'aa hammaaran isin hinfixiin
Odaa ta'aa, lataa, dameen dagaagaa
Handoodee kormaa ta'aa bonaafi ganna lalisaa

Waleensuu kormaa ta'aa bu'aafi yaabbii dhoowwadhaa…

Gadaan rooba nagayaa, Barri quufa gabbina!"

Bara dur, osoo garbummaa Habashaa jalatti hinkufiniin dura, hawaasni Oromoo kutaalee biyya Oromoo keessa jiraatu waggaa saddeet saddeetin lubootafi abbotii gadaa gosa isaanii ***Jila Walaabutti*** ergachuun eebba Abbaa Muudaa fudhatu ture.

Barreessan seenaa Oromoo Antoine d' Abbadie (1846) jedhamu Oromoonni shanan Gibee kennaa gaggaarii Abbaa Muudaaf ergan caalaa eebbii abbaan muudaa isaaniif ergu nageenyaafi gabbina biyya isaanitiif haalan barbaachisaa ta'uu akka amanan ibsera.

Eebbi Oromoo akkafi safuu qaba. Fakkeenyaf sirni eebbaa iddoo Manguddoon Oromoo gosa garaagara argamanitti yoo ta'e angafummaa gosaatu ilaalama. Sirni eebbaa iddoo Manduggonni gosa tokkichaa qofti argamanitti yoo raawwate angafummaa umriitu ilaalama. Akkasumas yeroo

abbaan Meedhachummaafii ayyaantummaan akka ulaagaa angafummaatti ilaamu nijiraata.

Dhugaa (Justice)

Dhugaa jechuun waan ijaan argan, gurraan dhaga'an tokko osoo hindhoksiin, hinjallisiin, hindabsin himanii mirkaneessuu jechuudha. Ummanni Oromoon afoola isaa keessatti "Dhugaan ni qal'atti malee hincittu." "Dhugaan diirama huuqqatte, galgala gabbatti; dharri diiramaa gabbatte,galgala huqqatti.""Dhugaan ilmoo Waaqati, dhugaan Waaqa qabdi."....jedhee mammaakun dhugaaf falmu. Ummanni Oromoo immanni (dhalli namaa) dhugaa dabsulee Waaqni iddoo dhugaan jirtu waan beekuuf, dhuma irratti abbaa dhugaatif osoo hingalchin hindhiisu jedhee amana.

Oromoon dur sababa kamiifuu haqa hindabsu. Haqaaf lola, dhugaaf du'a. Kana immoo dabtarich Habashaa Oromoon Waaqa hinbeeku jedhee amanu, Asma Giyorgisiyyuu Oromoon saba sobaan hinkakanneefii

haqaa, seerafi safuun buluu ta'uu akkanan dhugaa bahee ture.

"*They never swear falsely, they respect their fathers and mothers and their old friends or else they may be tried in caffee. They judge more correctly in their caffe than the christains* (Bahru Tafla trans.1987:127)."

Qulqullummaa

Akka ilaalcha amantaa Waaqeffannaatti Waaqni ayyaana isaatiin uumama ruuda ykn qoloo isaa keessa ture, jirufi jiraatu hunda uume qulqulluudha. Uumama harka isaa hundas qulqulleesse uume.Kanaaf, dhallii namaa hunduu dhalootan qulqulludha jechuudha.Haa ta'u male, dhalli namaa daba bara jireenya isaa keessattii addunyaa kana irratti raawwatun cubbamaa ta'a. Qulqulluu ykn cubbaamaa ta'uun filannoo abbaa ta'uusati.

Namni jireenyaan cubbuu raawwate jireenyumaan adabama.Namni bara jireenya isaa keessatti cubbuu raawwate tokko osoo hinadabamin ykn hinfalatin yoo du'e cubbuu ofii isaatif hojjate sanyii (ilmaan) isaa dhaalchisa (Gadaa Meelbaa, 1988:21).

Akkuma namni maatii hojjii gaariin beekamu irraa dhalate eebba dhaalu namni maatii hojjii hamaan beekamu irraa dhalate cubbuu dhaaluu danda'a. Akka ilaalcha Oromootti namni garaa guutun sirna faloo raawwate kamuu cubbuu ofii isaatii hojjaterras ta'ee cubbuu diroon dhaale kamirrayyuu niqulqullaa'a. Kanas ta'ee san namni seerafi Safuu uumaa-uumamaa hunda kabajeefii cubbuu lagatee jiraachuu danda'e hundi hawaasa Oromoo biratti kabaja addaa argata. Kun immoo qulqullummaan hawaasa Oromoo biratti iddoo qabaachu isaa mul'isa.

Hayyummaa

Jechi hayyummaa jedhu beekumsa bal'aa, ilaalcha bilchaatafi dandeettii amansiisaa ykn gahuumsa namooma qabaachu ilaalata. Hawaasni Oromoo kutaalee garaagara keessan jiraatu bara duriiti kaase ilmaan isaa barnoota qe'eetin bilcheessa guddisa. Afoola (oduu durii, hibboo, ...), taphoota ijolleefi shaakala jireenyaa fayadamuun argaa-dhageetti isaa hunda ilmaan isaa dhaalchisa.

Hawaasa Oromoo keessatti maatiin ilmaan isanii sirnaan akkasitti guddisan kabaja guddaa argatu. Yoo hintaane nitufatamu, nisalphatus. Hawaasa Oromoo keessatti ilmoo dhalatte takka akka qabeenya ummataati waan ilaalamtuuf maatii hunda irraayyuu tajaajila akkasii argachuufi carraa qabdi. Yaad-rimeen hayyummaa kun hawwaasa Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Namni beekumsa qabu hiriyootasafi namoota biroo biratti kabaja addaatti argata. Ummata Oromoo biratti beekumsi, hayyummaan akka ulaaga gahuumsatti ilaalama.

Oromoon beekumsa ifa wallalummaa immoo dukkana waliin wal fakkeessa. Falaasama hawaasa Oromoo keessatti beekumsi dhala namaa FOON, LAFEEFII DHIIGA of keessa. Foon beekumsa uumama harka Waaqaa ruuda kana keessa jiraatanii ykn beekumsa gara qaama foonitin, miiratin hubatamu bakka bu'a. Lafeen beekumsa Ayyaana Waaqayyoo isa uumamni marti lubbuu/jireenya ittiin argatan bakka bu'a.

Dhiigni immoo beekumsa seera, safuufi naamusa uumamaa Waaqaa, isa yaada qalbiitin hubatamu bakka bu'a. Gabaabumatti, wa'ee uumamaa, wa'ee hariiroo Uuma-uumamaafii uumamota garaagara gidduu jiru (sirna hariiroo hawaasummaa) beekanii itti jiraachudhaaf hawaasni Oromoon iddoo guddaa kenna.

"Knowledge has flesh; knowledge has bone and knowledge has blood. The knowledge of the world as sensed through the flesh is physical knowledge: it is the knowledge of uumaa, of the created world. The knowledge that is felt through the bone is knowledge of the inner qualities of things; it is the knowledge of ayyaana or the cause of creation. The knowledge that comes through the blood knows the moral values attached to things; it is the knowledge of saffuu, of the light and just path. This is sometimes referred to as qalbii, 'thought '. A wise man is not a person who merely knows; it is rather a man who lives his knowledge." (Dr. Gammachu Magarsaa,2005 akka Dhaabasaa Guyyoo ibsetti)

Birmadummaa

Akka ilaalcha Oromootti lubbuun Waaqni uume hunduu birmaduudha. Dhalli namaa birmaduudha. Fardi birmaduudha. Gabbaaron (booji'amtoonni) birmaduudha..... Lubbuu Waaqni uume hinballeessani. Biqila ol-guddatu hinbuqisan/hincabsan. Haadha hiyyeessaatti hinroorisan. Ta'ee argamnaan, gumaa baasu ykn nifalatu. Lubbuun birmaduu taate uumamte birmaduu taate jiraachu qabdiitti amanama.

Inni ummanni Oromoo loltoota diinaa waraana irratti booji'ellee deebise luba baasufis ilaalcha kanarraa madda. Gabbaaronni warraksa bar-dhibbee 16ffaa irratti Oromoota Maccaatin booji'aman deebi'anii birmadoomun hanga konfadireeshinii mataa isaanii ijaarachuutti akka ga'an seenaadhan galmaa'era.Har'aas taanan ummanni Oromoo diina ilaalcha addaa qabu harkatti kufuu isaatin

birmadumaa dhabe deebise goonfachuf aarsa guddaa kanfalaa jira.

Araara

Araara jechuun jibba, lola, ajjeechaa namafi nama, gosafi gosa, ykn biyyaafi biyya gidduutti dhalatee tokko furanii nagaafi jaalala buusuu jechuudha. Hammeenya qaamolee hawaasaa gidduutti uumame dhaamsanii araara buusun saba Oromootiif aadaadha. Seenaan jaarmayilee araaraa kanneen akka jaarsummaa, shanachaa, sadeefi saglee haqa kanaaf ragaadha.

Iddoowwan hawaasni Oromoo bara dur akka wiirtuulee araaratti itti fayadamaa ture kanneen akka Dhakaa Araara (Finfinnee lafa yeroo amma maasaran Axee Miniliik irratti argamu), Dhakaa Buukoo (qubsuma Bachoo-Warab, gaara Dabal jalatti argama)fi Dhakaa Adii (aanaa Ejeree, Tulluu Waatoo Daalacha jalatti argama) faas akkasuma.Akka dhugeeffannaa hawaasa Oromootti Waaqni dhala namaa kan uume akka jaalala, nagaafi eebbaan waliin jiraatuufi.

Namni jaalala waliif hinqabne, kan wal-lolee argame yoo deebi'ee hinaraaramne, akka nama karaa Waaqaa irraa jallate, nama raajii Waaqaaf safuu hinjenne, nama laguu biyyaa cabse, nama Waaqaf galata hingalchinetti fudhatama. Kanaafuu, hawaasa Oromoo keessatti warri wal-dhabe kamiyyuu Waaqafi, lafaafi, namafi, nageenya biyyaatif ykn kabaja naamusa hawaasa isaanitif jedhanii gaaffiin araara sirnaan dhiyaananiif fudhachuu qabu jedhame amanama. Haqa osoo hindabsin madda dubbii bitaafi mirgaa qoratanii adda baasuun murtii araaraf malu kennuun gahee jaarsolii/jaarmiyaalee araarati.

Carraaqatanii Bulu

Sirna Gadaa Oromoo keessatti lammiileen Oromoo hundi gahee hojjii mataa mataa isaanii qabu. Gaheen hojii isaanii kunis umrii, dandeettii, beekumsa, muuxxannoofi kennaa isaan qaban irratti hunda'a. Daa'imman reefu sadarkaa gaammee irra jiranii kaasee hamma warra sadarkaa gadamoojjii irra jiraniitti gahee humna isaanii waliin wal

madaalu dhiira-dhalaa jedhani osoo wal hinqoodin gahee isaanii addaan qoodatu.

Ummanni Oromoo barsiifata amantaa isaa keessattis "Yaa Waaq, warra ol jennee kadhatee sirraa argatu, gad-jedhee hojjetee lafa irraa argatu nu taasiisi"jedhee kadhata. Gabaabumatti, hawaasa Oromoo biratti osoo fayyaa qabanii harka namaa ilaalanii jiraachuun amala tuffatamaadha.

Barruulee Wabii

1. Alamaayyo Hayilee (2007) **Sirna Gadaa:** Siyaasaa Oromoo Tuulamaa, maxxansa duraa, Biroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa
2. Alamuu Yaadasaa Fayyissa (2012) **Duukaa Oromoo,** Jildii 1ffaa, Finfinnee, Oromiyaa
3. Dirribii Damusee Bokkuu (2008) **Ilaalcha Oromoo:** Barruu Aadaa, Seenaa fi Amantaa Oromoo, Finfinnee

4. Gadaa Melbaa, (1988) ***Oromiyaa,*** *maxxansa 2ffaa Kaartum Suudan*
5. Isaayyaas Hordofaa Miijanaa (2004)**Yoomi Laataa**? Finfinnee, Itoophiya
6. Leellisaa Aadaa Bantii (6413) **Kudhaama Seenaa:** Seenaa, Eenyummaa, Aadaa, Amantii fi Duudhaa: Finfinnee, Oromiyaa
7. Maammoo Gadaa (2013) Duudhaa
8. Maatii Saba (2006)**Daaniyaa**, Finfinnee: Oromiyaa
9. Magarsaa Qilxuu Katabee (2012) **Hordofa Seenaa:** Oromoofi Oromiyaa, Jildii 1ffaa
10. Muhaammad Sayid Abdulrahaam (2012) **Seenaa fi Qabsoo Oromoota,** Finfinnee, Itoophiya
11. Asaffaa Tafarraa Dibaabaa (2009) **Eelaa:** Seenaa Oguma Oromoo: Finfinnee, Oromiyaa
12. Sanyii Baayisaa (2012) **Sakatta'a Duudhaalee Amantii Waaqeffannaa:** Yunivarsitii Amboo, Kollejjii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumaaniitii, Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu
13. Warqinaa Abbaa Soorii (2008)**Sirna Gadaa Saba Oromoo**, Finfinnee, Oromiyaa

14. Toleeraa Tasammaa fi Hundasaa Waaqwayyaa(1995) **Seenaa saba Oromoo fi Sirna Gadaa**
15. Asmerom Legesse (1973) *Gada*: **Three Approaches to the Study of African Society.** New York: Free Press.
16. Asmerom Legesse (2000) ***Oromo Democracy:*** An Indigenous African Political System. Lawrenceville, NJ: The Red Sea Press.
17. Atme Gabra Masi (1942) **History of the Galla (Yegalla Tarik),** part I translated by Bairu Tafla
18. Dereje Hinew **(2012)Historical Significances of Odaa with Special Reference to Walaabuu,** Science, Technology & Arts Research, April-June 2012, 1(2):81-90
19. Ehret Christopher (1986) "**Linguistic Clues to Social History in the Northern Horn: 500 B C to 500 A.D "** in Taddesse Beyene, Proceedings of the 8th International Congress of Ethiopian Studies, Vol I, Addis Ababa
20. Tesfaye Tolessa Bessa **(2013) A History of Oromo Cultural Troupes** (1962-1991), Science, Technology and Arts Research Journal, 2(1): 86-94

21. Tesfaye Tolessa (2012) Early History of Written Oromo Language up to 1900, Science, Technology and Arts Research Journal, 1(2):76-80
22. Lewis Herbert (1966) **'The Origin of the Galla and Somali,"** *Journal of Afran Hirtory*, Vol7, pp 27-46
23. Huntingford, G W B (1955) **The Gala of Ethiopia**, The Kingdoms of Kafa and Janjero, Ethnographic Survey of Africa, London
24. Gammachuu Magarsaa.(1994). **Knowledge, Identity and the Colonizing Strategies;** The Case Of Oromo In east Africa. University Of Oriental and African Studies.
25. Eshete Gemeda (2008) African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective, Syddansk Universitet
26. Workineh Kelbessa (2001)**Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for Environmentally Sound Development,** OSSREA, Social Science Research Report Series - no. 19

27. Jeylan W. Hussein, A Cultural Representation Of Women In The Oromo Society, *African Study Monographs*, 25(3): 103-147, October 2004
28. Cherri Reni Wemlinger (2008) **Identity In Ethiopia: The Oromo From The 16th To The 19th Century,** A thesis submitted in partial fulfillment of the requirements for the degree of Master of Arts in History Washington State University
29. James Bruce (1769) **Travel to Discover the Source of the Nile** in the Years 1768-73, Edinburgh
30. OCTB (2006/1998) **History of the Oromo to the 16th century**
31. Henry Salt *(1809) A Voyage to Abyssinia and Travels into The Interior of that Country*
32. Eloi Ficquet (2007), **Fabrication of Oromo Origins:** Translation from French by Ayalew Kanno *Journal of Oromo* Studies, Volume 14, Number 2, pp. 105-30
33. Feyisa Demie (1998) **The Origin of the Oromo:** a reconsideration of the theory of the Cushitic roots: *Journal of Oromo Studies,* Volume *5,* Numbers 1 & 2, July 1998, pp 155-172

34. Beke T. Cherlas (1848) "**On the Origin of the Gallas**," Report to the 1847 meeting of the British Association for the Advancement of Science, pp 1 3-18.

35. አለቃ ታዬ (1914) **የኢትዮጵያ ህዝብ ታሪክ፡** በአጭር ቃል የወጣ፡ በሚሲአንግ ሱኤዳዋ ማተሚያ ቤት፡ አስመራ

36. አለቃ አፅሜ (2008) **የኦሮሞ ታሪክ፡** አዲስ አበባ

37. ፍቅሬ ቶሎሳ ጂግሳ (2008) **የኦሮሞ እና የአማራ እዉነተኛዉ የዘር ምንጭ፤** ኦሮሞ ለኢትዮጵያ ሥልጣኔ ያበረከተዉ አስተዋጽኦ፤አዲስ አበባ፤ ኢትዮጵያ

38. ሞቲ ቢያ () **ኦሮሚያን በፈረቃ፡** አቢሲኒዮክራሲ ወይስ ዲሞክራሲ;

39. እሸቱ ኢረና ዲባባ (2009) **የኦሮሞ ታሪክ፡** ከጥንት እስከ 1890ዎቹ መጨረሻ፤ ፊንፊኔ

40. ጌታቸዉ ኃይሌ (2006) **የአባ ባሕሬይ ድርሳቶች** ኦሮሞዎችን ከሚመለከቱ ሌሎች ሰነዶች ጋራ፡ ኮሌጅቪል (ሚኒሶታ)

BOQONAA SADII:

SEENAA WARRAAKSA QOLANNAA ROORROO

3.1 Seensa

Ta'iiwwaan seenaa saba Oromoo keessatti iddoo guddaa qaban keessaa tokko warraaksa qolannaa roorroo bar-dhibbee 16ffaati. Warraaksi qolannaa roorroo kun ta'ii seenaa jiraachufi jiraachuu dhabuun saba Oromoo itti

murtaa'e ture jechuun nidanda'ama.Ta'iin kun ta'ii seenaafi akkaa-gara siyaas-diinagdee ummattoota gaanfa Afriikaa jijjiire turuu isaatin xiyyeeffannoo barreesittootafi qorattoota seenaa harkisuu danda'era.

"The Oromo swept across the highlands like a tidal wave. This was the most significant population movement in the country's recent history, changing its demographic shape, and its political geography (Bahiru Zawude, 2002:9).

Haa ta'u malee, ta'iin kun barreesittootafi qorattoota seenaa kanneen biratti yeroo dheeraaf hiika wal-fakkaata osoo hinargatin turera. Hiikaa wal-fakkaataa dhabuun ta'ii kanaa, garaagarummaa akeeka siyaasaa, ergamaa, ilaalchaa amantii, fedhii dhuunfaa, hubannoo seenaafi bilchina ogummaa barreesittoota gidduu ture irraa kan madde ta'uu mala.Barreesittoonni kunneen sochii sabni Oromoo kana akka lamatti hiikatu.

Hiikkaan inni jalqabaa; akka **sochii weeraraa** sabni Oromoo ummattoota biroo irratti adeemsiseetti kan dhiyyeessu yoo ta'uu; hiikaan inni lammataa moo akka sochii sabni Oromoo dhiibbaa humnoota ollaa isaa irraa itti dhufaan **ofirraa faccisuuf** adeemsiseetti dhiyyeessa.Akkuma kutaalee darban keessatti kaasuf yaale hiikaan inni duraa kun yaalii dabtaroonni Habashaafi keettonni isaanii seenaa sobaatin biyya Oromoo dhaalufi/dhaalchisuuf taasisaa turan irraa kan madde waan ta'eef haqa sochii sanaa qixa-sirriin ibsuu hindanda'u.

Hiikaa isa lammaffaatu seenaa ka'uumsafii ta'ii sochii sanaa waliin hidhata kallattii qaba jechuudha.Ta'iin kun akka sochii baqaatti laalamaa turera.Akka sochii babal'iffannaa daangaattis dhiyyaatera. Ani garuu "Warraaksa qolannaa roorroo" jedheenira.

Hiika sochii kanaaf kenname isa lammaffaa deeggaru kooti.Sababni isaas Sabni Oromoo galtuu osoo hinta'iin

saba ardii Afriikaa keessatti baroota kumaatamaan duraa kaasee mootummaa walabaafii dimokiraatawaa ijaaratee nagaafii tasgabbiidhan jiraata ture ta'uu isaa kutaalee armaan duraa keessatti ragaadhan ilaalleerra.

Ta'us, dhufaatii humnoota diinafii falaasama amantii ummattoota baha giddu-galeessaatin booda sabni Oromoo roorroo cimaa jalatti kufee ture. Keessumattuu, wal morkii guddaa humnoota amantii Kiristaanaafii Islaamaa gidduutti naannoo dhuma bar-dhibbee 13ffaati kaasee ta'aa tureen wal-qabatee sabni Oromoo biyyuma isaa irratti dararama guddaa keessa seenaa dhufe.

Addatti, bara kufaati mootummaa ummata Aguwaatin booda dhiibbaa kiristaanoonni Habashaa gama kallattii Kaaba irraa irratti taasisaa turan irraa kan ka'e gariin hawaasa Oromoo gama Kaabatti gariin hawaasichaa immoo laga Hawaasin gama kibbaatti ittifaman.Gama bahaa, gama lixaafii gama kibbaatin humnoota Amantii Islaamaa saba kana irratti dhiibbaa wal-fakkaatan geessisaa turan.

Bara namni Yuknoo Amlaak jedhamu maqaa saba Amaaraatin Itoophiyaa keessatti yeroo jalqabaatif mootummaa qaccee ummata Yihuud lakkaawatu hundeessee kaasee (1270, dh.k.b) gama giddu-galeessatis jiruufii jireeny hawaasa Oromoo qormaata guddaa keessa seenaa dhufe.Yeroos, hawaasni Oromoo martuu bakkuma jiran maraa roorroo diinarraa itti galte ofirraa deebisuuf carraaqqii guddaa taasisaa akka turan barraa'era. Ta'us, qabsoonni isaanii sun bittinaawa turuu isaatin walitti qindoomun hundee gad dhaabbate diina irratti dhibbaa gahaa uumu hindandeenye.

Sirni walitti isaan fidee tokkummaa isaanii itichee waliif isaan tumsiisu hinturre jechuudha.Walakkaa bar-dhibbee 15ffaatiin booda garu walitti dhufeenyifi walii galteen hawaasa Oromoo gidduutti deebi'e dagaage.Caffee Madda Walaabu irratti sirna gadaa isaanii haaromsachuun tokkummaa isaanii jabeeffatan.

Hooggansa tokko jalatti wal ga'uun malaa mariin wal-humnoomsanii diina daangaa cabsee isaan balleessuf itti dhufe irratti boba'an. Roorroo kallattii hundarraa woggoota dheeraaf irratti aga'amaa ture jabaatanii takkaan ofirraa cabsan.Daangaa isaanis isaa duraa caala bal'ifatanii keessa qubatan.

Jabeenyaafi qaroomina saba Oromootis gad baasanii adduunyatti beeksisuu danda'an.Saba Oromootis saba sodaatamaafi kabajamaa taasisan.Gareen moo'amtootas hameenya saba Oromoo barreessufi odeessuudhan moo'icha dirree waraanatti dhaban malaan goonfachuuf yaalan.

Mata-duree kana jalatti ka'uumsa, bu'aa ba'aafii milkoomina warraaksa falmannaa roorroo sabni Oromoo baroota 1450 fi 1694 gidduu adeemsise gabaabsee dhiyeessuuf yaala.

3.2 Sababoota Ka'uumsafi Kaayyoo Warraaksichaa

Akkuman armaan olitti ibsuuf yaale; warraaksi qolannaa roorroo sabni Oromoo baroota 1450 fi 1694 gidduu

adeemsise sun hayyootafii barreesittoota seenaa biratti bifa garaagaratiin ibsamaa turera.Dabtaroonnifi basaastonni kiristaanas carraa kanatti fayadamuun haqa seenaa warraaksa kanaa awwaaluuf yaaliwwan garaagara taasisaniiru.

Gariin jarreenii warraaksa kana sochii nasiibawaa doofummaafi hameenya irraa maddee fakkeesanii dhiyyeesaniiru (Aabba Bahiree, 1593, Alaqaa Taayyee, 1922, fi Edward Ullendorf, 1976).Gariin isaanii immoo saba Oromoo Seexanoomsun sochii saba kanaa sana akka ulee dheekkamsa Waaqayyootti dhiyyeessaa turan (Maanu'eel di Almaa'id, 1645).

Warri Warraaksicha sana sochii/jijjiiramu haala teesuma lafaa waliin wal-qabsiisuuf yaalanis turaniiru (Jamis Bruce (1769).Warri beekaniis ta'ee osoo hinbeekin seenaa warraaksa kanaa afoola dabtaroonni Habashaa fagaa turan waliin walitti hidhuun seenaa saba kanaa dabsuuf/dhoksuuf yaanis akkasumas (Charles Tilstone Beke, 1848).

Ta'us, akka ta'ii seenaa siyaasaafi hawaas-dinagdee ummattoota gaanfa Afriikaa jijjiire tokkootti xiyyeeffannoo qorattoota biyya keessaafi biyya alaa argachaa dhufuun warraaksa qolannaa roorroo kun waaroo sobaa diinonni Oromoo haqa saba kanaa ittiin ukkaamsuuf woggoota dheeraaf suphaa turan adeemsa yeroo keessaa moofasaafi dulloomsa dhufe.

Akka xiinxala hayyoota ammayyaatti sochiin sabni Oromoo baroota 1450fi 1694 gidduu gaggeesse sun haalotafi sababoota armaan gadiitti tarreeffaman irraa madduu danda'a. Isaanis:-

1ffaa Dhhiibbaa Ummattoota Ollaa

Qorataafi barreessaan seenaa ummata Sumaalee I.M.Lewis (1930-2014) jedhamu sochiin ummata Oromoo dhiibbaa Ummata Sumaalee irraa itti dhufaa ture irraa kan maddedha jechuun ibsera.

Ibsi hayyuu kanaa ilaalcha lafti dhaloota saba Oromoo kaaba-baha Sumaaliyaati jedhu san irraa kan maddeedha.

Akka saboota ollaa walii jiraatanitti wal-diddaan isaan gidduu turu mala.Wal-diddaan akkasii akka sababa tokko ta'uu mala malee warraaksa saba Oromoo sanaaf sababa guutuu ta'uu hindanda'u.

Fakkeenyaf, saba Oromoofi humna amantii Islaamaa Imaam Ahmad Giraanyin hoogganamaa ture gidduu wal-waraansi tureera.Ta'us, waraana Imaam Ahmad keessaa dhalatoonni saba Oromootis dhalatoonni saba Sumaalees turaniiru.Ahmad Giraany mataa isaatiin nama maatii Oromoo irraa dhalateedha (Aleksaandar Bulaatovich, 1897).

Yaalin obbo Yilmaa Dheereessaa (1959) sababa ka'iiti warraaksa Oromoo dhiibbaa ummanni Baantuu gama kibbaa irraa geesisa turanii waliin wal-qabsiisuf godhes haqa kanarra adda miti.

2ffaa Dabalaa Dhufuu Lakkoofsa Ummata Oromoo

Pirofeesar Asmaaroom Laggasee (1973, 2000) seenaa warraaksichaa baayy'achaa dhufuu lakkoofsa ummataa, dhiphina lafaa qubsumaafi fedha babal'ifannoo daangaa

waliin wal-qabsiisa.Yaanni Piroofeesar Asmaaroom kunis sababa tokko ta'uu mala.Ta'us, haqummaan yaadichaa walitti bu'iinsa keessaafi duudhaa saba Oromoo waliin walitti hidhamee qoratamuu qaba.

3ffaa Jijjiirama Haala Qilleensaa

Qorataan seenaa Oromoo Jan Hultin (1996) jedhamu sababa ka'iiti warraaksichaa jijjiirama haala qilleensa waliin wal-qabsiisa. Sochiin sun sochii barbaacha lafa margaafi bishaanitiif ta'uu ibsa.Yaanni Hultin kaasee kunis akka sababa tokkootti ka'uu nidanda'a.

Ta'us, gaaffiilee ega haalli qilleensaa deebi'ee tolee, margiifi bishaan argameen booda sochiin sun maalif itti fufe? Moo woggoota san maraaf haalli qilleensa osoo deebi'e hinsirratin ture? jedhan deebii qubsaa argachuu qabu.Hultin mataa isaa sababoota warraaksa sanaa guutummaa-guututti hubachuuf aadaa, duudhaa, siyaasaafi hawaas-dinagdee saba Oromoo gad-fageenyaan qorachuu akka feesisu raagera.

4ffaa Cimina Caasaa Ijaarsafi Seerota Sirna Gadaa

J.Hultin yaada armaan olitti kaasetti dabaluun milkoominni kaayyoo sochii saba Oromoo cimina Caasaa ijaarsafi seerota sirna Gadaa irraa akka madde ibseera. Akka seera gadaatti Lubni aangoo irra jiru tokko osoo aangoo isaa gad hindhiisin, lafa haaraa dabalee qabachuu qaba.Kanaaf, akkuma Lubni haaraan dhufee aangoo fudhateen lafti itti dabalamaa waan deemuuf Oromoon babal'atee lafa guddaa qabachuu dandaye jedhe.Ta'us, seerri J.Hultin jedhu kun seera ega warraaksichi jalqaabeen booda baheedha.

5ffaa. Dhiibbaa Humnoota Amantii Kiristaanaa

Falaasamni amantii kiristaana naannoo bara 330 (dh.k.b), yeroo mootiin mootumma Aksum Axee Izaana jedhamu kiristaanome irraa kaasee kallattii kaaba irraan gara biyya keenyatti akka seene raagama.Dhufaatiin falaasama amantii kanaa seenaa sooressa Siriyaa 'Meeropiyuus' jedhamu waliin wal qabata.Meeropiyuus obbolaa lameen Firimaanti'us fi Adaasi'us jedhaman qabatee wiirtuu daldalaa saaqachuuf gara biyya Hindii dhaqe.

Ta'us, imaala isaatti osoo hinmikaa'in dhibamee du'e. Firimaanti'usifi Adaasi'us Hindirraa gara biyya isaanitti deebi'uuf osoo deemanuu nagaa eegdota mootummaa Aksumiin buufata doonii Aduuliis irratti qabamanii fuula Axee Izaana duratti dhiyaatan.Imaaltonni kun qortamanii ega qulqulla'anii booda; mootii Aksum yeroosii, Axee Izaana seerota Oorit barsiisuun fudhachiisan.Maqaa isaatis Abrahaatti jijjiiranif.

Gara booddeerra inni Firimaanti'us jedhamu eeyyamma Phaatraarikii waldaa Aleksaandariyaa yeroosii, "Ataanaasi'uus" jedhamutin bulchiinsa mootummaa Aksum keessatti bataskaana jalqabaa hundeessuun Phaaphaasii ta'ee irratti muudame.

Namni kun seenaa waldaa Ortodoksii Itoophiyaa keessatti maqaa "Abbaa Salaama" jedhamuun beekama.'Abbaa Nagaa' akka jechuuti fakkaata.Bara Firimaanti'usii kaasee hanga bara 1924tti qeesonni waldaa Aleksaandariyaa 111 Phaaphaasii waldaa Ortodoksii Itoophiyaa ta'uun

naannoo woggoota 1600tiif wal-duraa duubaan waldittii bulchaa turuu isaanii seenaa waldicha irraa hubachuun nidanda'ama.Daangaan bulchiinsa mootummaa Aksum yeroosii guutummaa Tigraayifi walakkaa biyya Eritiriyaa har'aa kan uwwisu ture (Taaddasaa Taamirat, 1972:10).

Kun kanaan osoo jiruu, akkuma falaasamni amantii kiristaanaa biyyoota addunyaa garaagaraa keessatti bab'alachaa dhufeen garaagarummaan ilaalchafi ijjannoo isaanii gidduutti uumamaa dhufe.

Bar-dhibbee 5ffaa keessa (dh.k.b) waldaaleen kiristaanaa kunneen garee waldaalee kiristaanaa bahaa (garee waldaa Giriik) fii waldaalee kiristaanaa lixaa (garee waldaa Roomaa) jedhamuun iddoo lamatti addaan hiraman. Namni naannoo bara 450 (dh.k.b) Impaayera Roomaa yeroosii garaagarummaa garee lameen gidduutti uumame kana furuuf jecha labsii waldaaleen kirisitaanaa martuu murtii waldaan Roomaa dabarsitu fudhachuu qabu jedhu labse.

Miseensonni waldaa Roomaa mootummaa Impaayerichaa waliin ta'uun warra labsii kana fudhachuu didan irratti

tarkaanfii hamaa fudhachu jalqaban.Miseensonnifi deeggartoonni garee waldaalee kiristaanaa bahaas lubbuu isaanii baafachuuf jecha daangaa Impaayerichaa gad dhiisanii gara biyyoota garaagaraatti baqachuuf dirqaman.

Bara Firimaanti'us faatti aanee seenaa waldaa Ortodoksii Habashaa keessattis ta'iin addaa kan raawwate yeroo kiristaanonniifi qondatonni Giriikoo-Roomaa karaa nagaan wal amansiisuu dadhabanaan; tarkaanfii humnaa wal-irratti fudhachaa turan sana keessadha.

Duuka buutonni Kiristoos kunneen biyyoota garaagara irraa walitti dhufan sagal murtii waldaan Roomaa amala gooftaa isaanii irratti dabarsite fudhachu diduun gara Aksumitti baqatan.

Bulchiinsa mootummaa Aksum yeroosii keessattis Gadaamotafii wiirtuulee barsiisa amantii kiristaana hedduu hundeessan.Kutaalee macaafa qulqulluus afaan Giriik irraa gara afaan Gi'iizii (Aga'azii)tti hiikuudhan waldaa Ortodoksii Habashaatiif oolmaa guddaa oolaniiru.

Waldaan Ortodoksii Habashaas Kooluu galtoota Giriikoo-Roomaa kanaaf maqaa 'Qulqulloota Saglan' jedhu moggaasun oolma isaan deebifte.Dhufaatiin falaasama amantii kiristaanaa kun mootummaa Aksumifi biyyoota mootummoolee kiristaanaa (Giriikoo-Roomaa) gidduutti hariiroo siyaas-dinagdeefi hawaasummaa akka jabaatu taasise.

Lak.	Maqaa Baqattoota	Lammummaa Isaanii	Maqaa Gadaamii Ijaaranii
1	Aabbaa Tsihimaa	Giriik	Tsedeniyaa
2	Aabbaa Aleef	Qisaariyaa	Bihiizan
3	Aabbaa Liiqaanos	Giriik	Dabra-Qonaatsiiti
4	Aabbaa Yimi'aataa	Turkii	Honqa Gari'alita
5	Aabbaa Afitse	Turkii	Yahaa ykn Adowaa
6	Aabbaa Gobbaa	Armeeniyaa	Gari'alita
7	Aabbaa Aragaawwii	Roomaa	Dabra-Daamoo
8	Aabbaa Gariimaa	Roomaa	Maadara
9	Aabbaa Phenxaleewoon	Roomaa	Aksum

Gabatee-14: Qulqulloota Saglanifi hojjii isaanii (Balaay Mokkonnin, 2007fi Marraaris Amaan, 2009:95)

Mootonni Habashaas carraa kanatti fayadamuun meeshalee waraanaa humna isaanii ittiin cimsatan bitachuu danda'anii turan.Bar-dhibbee 7ffaa keessa yeroo

hordoftoonni Nabiyyuu Mahammad dandiiwwaanifi wiirtuulee daldalaa naannicha keessa turan hunda to'anii kaasee hariiroon mootummaa Habashaafi biyyoota Giriikoo-Roomaa gidduu ture addaan cite. Addaan cituu hariiroo garee lameen kana boodde mootummaan Aksum walabummaa isaa eegatee of-tursiisuf humna dhabe.

Dadhabaa dhufuu mootummaa Aksum kana hordofuun ummanni Agawuu gaggeesummaa Maaraa-Taklahayimaanot jalatti gurmaa'un naannoo bara 850 (dh.k.b) aangoo mootummaa Aksum deebisanii dhunfatan.

Saba Oromoofi Humnoota Kiristaanaa Hanga 1270tti

Ummanni Agawuu aangoo mootummaa kiristaana Habashaa ega dhuunfatanii booda naannoo bara 928 wiirtuu siyaasa isaanii Aksum irraa kaasuun gara kutaa biyya Walloo keessatti hundeefatan. Wiirtuun siyaasa isaanii kun yeroo ammaa maqaa mootii ummata Agawuu

yeroosii Laalibalaa (1205-1225) jedhamuun caalatti beekama.Jijjiiramuun wiirtuu siyaasaa kiristaanaa kun daangaa bulchiinsa isaas gama kallattii kibbaafi lixaatti babal'isaa dhufe.



Kaartaa-7: Daangaa bulchiinsa mootummaa kiristaana-Habashaa hanga dhuma bara bulchiinsa saba Agawuutti (Taaddasaa Taamirat, 1972:65)

Waldaa isaanitif Phaaphaasin hidda sanyii ummata Kuush qabu akka muudamuuf waldaa Kooptikii Aleksaandariyaatiif gaaffii dhiyyeessan.Ta'us, deebii waldittii faallaa ta'ee argame.Mootummaa ummata

Agawuu beekamtii dhorkachuufi Phaaphaasii aangesuu diduurra dabruun "namni sanyii ummata Kuush qabu mootii ta'uu hindanda'u.

Ummanni Kuush mootummaa mataa isaa ijaaratee aangoo siyaasaa qabanaan; Waaqni hinroobu, midhaanis hinmargu, Waaqayyoo ibiddi dheekkamsaa isaa samiirra gad roobsa,…." jechuun ummata Kuush ummata abaaramaa aangoo siyaasaa qabachuudhaaf mirgaafi gahuumsa hinqabnee fakkeessuun mootummaa Zagwee ummata Agawuutin ijaarame irratti holola garaagaraa oofaa turte (Luba Balaay Mokonnin, 2007:39). Mootummaan biyya sanaas akkasuma.

Addatti, mootiin Kaamet yeroosii, Al-Hakim (996-1021) jedhamu kallattiidhan harka isaa Siyaasaa ummata Agawuu keessa galfate hojjachaa ture (Haggai Erlich, 2002:19).

Mootonni Agawuu immoo bu'ura (Seera um 9:22)tin qaccee dhaloota isaanii Muusetti hidhatan Museen dubartii warra Kuush fuudhe.Nuti karaa dubartii warra

Kuush kanaan Musee irraa dhalanne. Kanaaf, aangoon siyaasaa biyya kanaa nuuf ta'a jedhanii falmatan (Cherri Reni Wemlinger (2008:38).

Bifa sanaan Waldaan Koptikii Aleksaandariyaa hanga bara 1150tti mootummaa Agawuutiif beekamtii osoo hinkennin turteetti.Kanumma irraa kan ka'e barreesitoonni seenaa bayy'een bara bulchiinsa saba Agawuu kana bara isaanii aangoo itti qabatan dhiisaniitu bara isaan qeesota waldaa Aleksaandariyaa irraa beekamtii itti argatan kana irraa kaasanii lakkaa'u.Barreesitoonni Habashaa immoo bara bulchiinsa saba Agawuu kana maqaa "**bara dukkanaa"** jedhuun waamu.

Bara kana keessatti seenaan wahillee akka hinraawwatamin fakkeessanii dhiyyeessuf yaalu.Bu'aalee qaroomina ummata Agawuu kanneen akka siidaalee Laalibalaa faatti immoo niboonu. Yaada koo gabaabsuf, bara ummanni Agawuu mootummaa Kiristaanaa (Habashaa) ol-aantummaan gaggeessaa turatti (~850-1270) ummata kanaafii saba Oromoo gidduu walitti bu'iinsi

garaagarummaa ilaalcha amantiifi fayidaa waliin qaban jiraatanis wal-waraansi hamaan hariiroo ummattoota kana lameenii hadheessu hingalmoofne.

Ummata Oromoofi Humnoota Kiristaanaa Hanga Bar-dhibbee 16ffaatti

Bar-dhibbee 7ffaa keessa mootiin Aksum yeroosii Diina'ab jedhamu gaggeessaa ummata Agawuu Maaraa Taklahayimaanot jedhamuun yeroo mo'amu iddoo turerraa gama kibbatti baqachuun lafa gammoojii daangaa qubsuma Oromoota Walloofi Oromoota Tuulama gidduutti argamu keessa qubate.

Turmaata yeroo keessa gareefi qacceen mootii Diina'ab naannicha keessatti bayy'achaa dhufuun mootummaa ummata Agawuu irratti finciluu jalqaban.Namni Yuknoo Amlaak jedhamuufi mooticha kanaa waliin Abbaa 10ffaa irratti wal ga'u naannoo bara 1250 wal-diddaa mootummaa Agawuufi waldaa kopitokii Aleksaandariyaa

gidduu turetti fayadamuudhan mootota Agawuu irratti duula bal'aa bane (Irqiyihuun Balaaynah 2006:32).

Yuknoo Amlaak gara haadhatiin dhiiga saba Oromoo akka qabu hayyoonni seenaa kanneen akka Takla-Tsaadiq Makuriyaa faa barreessaniiru.Yuknoo Amlaak deeggarsa Aabbaa Geerlos (Phaaphasii Waldaa Ortodoksii Habashaa yeroosii), Aabbaa Iyyasuus-moo'a (Qeesii bataskaana Hayiq)fi Abuna Taklahayimaanot (qeesii Gadaamii Dabra-Libaanos) irraa argatetti fayadamuun naannoo bara 1270 mootummaa Agawuu jigsuun mootii Habashaa ta'ee muudame.

Seenaa Itoophiyaa keessatti nama jalqabaatif maqaa saba Amaaraatin mootii ta'ee muudame ta'uu isaatti.Maqaan Amaaraa jedhu akka isa ammaa ummata bal'aa kan bakka bu'u osoo hintaane gartuwwaan hawaasa kutaa biyya Walloo yeroosii keessatti ummata Agawuutiif gabaranii jiraataa turan keessaa isa tokko qofa kan bakka bu'u

ture.Gareen hawaasaa kun maqaa "Amaaraa" jedhuun akka waamamu filatee kan murteesse Yuknoo-Amlaak mataa isaati (Irqiyihuun Balaaynah 2006:33).

Girmaa A (2009:5) immoo maqaan "Amaaraa" jedhu jecha "Amhirulay" jedhurraa kan lateefi miidhagaa, bareeda jechuutti akka hiikamu ibseera.Kun immoo seenaa uumama afaan Amaaraa waliin wal qabachuu isaati. Afaan Gi'iizifi Afaan Tigree caala waliigaltef mijataa ta'uu isaa ibsa jechuudha.Dabtaroonni Habashaa kanneen akka Kidaana-wold Kiflee (1948) faa immoo miidhagina, gootummaafii qaroomina saba Amaaraa bakka bu'a jechuu kajeelu.

Akkuma armaan olitti ibsame, moo'icha Yuknoo Amlaak keessatti qeessonni Waldaa Ortodoksii Habashaafi ergamtoota waldaa kopitikii Aleksaandariyaa qooda guddaa gumaachaniiru. Keessattuu, namni Abuna Takla Haymaanot jedhamu nama tajaajila afuuraa kennu

fakkaatee mootota Agawuu basaasuudhan kufaatii isaanif haala mijeessu isaatin yaadatama.

Abuna Takla Haymaanot qooda mootummaa Agawuu jigsuu keessatti taphate kana waliin wal-qabatee amantii mootummaa Amaaraa Ortodoksii Habashaa akka ta'u; lafa mootummaa Kiristaana-Habashaatin qabamee jiru ykn qabamuuf jiru keessaa 1/3'n qabeenya waldaa Ortodoksii Habashaa akka ta'u; akkasumas Paatraarikoota waldaa Kopitikii Aleksaandariyaa irraa ergamaniin gaditti aangoon bulchiinsa Bataskaanotaafi Gadaamota Waldaa Ortodoksii Habashaa Moloksootaa/qeesota gadaamii Dabra-Libaanosiif akka ta'u Yuknoo Amlaak wajjin waadaa waliif galan (Taabor Waamii, 2006).

Abuna Takla Haymaanot nama yeroo jalqabaatif gama kibba laga Mormor (Abbayyaa)tti ce'uun qubsuma Oromoota Tulamaa (kaaba Shawaa) keessatti Gadamii jalqabaa **Dabra Libaanos** jedhamu ijaarsiseedha. Bifa sagalee macaafa qulqulluu waliin wal-faallessuun "Lubbuun nama bara jireenya isaa keessatti gadaamii kana daawwatee ykn qabeenya isa gadamii kanaaf tolaan arjoomee gaaffii tokko malee kallattumaan

mootummaa Waaqqayyo dhaalti…" jedhamee lallabaa akka ture ragaalee qubsatu jiru.

Beerreniifi manguddoonni du'atti dhiyyaatan lallaba kana amanuu isaanitiin qe'een Oromoota bayy'ee handhuuraa-male hafeera.Yuknoo Amlaakis gama isaatin akkuma aangoo siyaasaa Habashaa qabateen Oromootafi Musliimota naannicha keessa jiraata turan irratti duula "Zamachaa" labsuu jalqabe. Ta'us, dhiibbaa bayy'ee osoo hinuumin bara 1285 du'aan boqote.Du'a Yuknoo Amlaak hordofee ilmi isaa Yagiba Tsiyoon (1285-1294) jedhamu barcuma Abbaa isaa dhaale.

Yagba Tsiyoonis akkuma Abbaa isaa bulchiinsa sultaanetii Ifaatifi ummattoota ollaa biroo irratti duule.Haa ta'u malee, ummata naannicha osoo hintoo'atin bara aangoo isaa fixe.Dhuma bara bulchiinsa Yagba Tsiyoon (1294) kaasee woggoota walitti aanan 20f diinummaan maatii Yuknoo Amlaakifi hawaasa Oromoo

gidduutti ture akkuma itti fufeetti ta'us ta'iin addaa kana jedhame dubbatamu hinturre jedhama.

Ta'us, gara boodderra akaakaayyuun Yuknoo Amlaak, Amda Tsiyoon kan maqaan taayita isaa Gabra Masqal (1314-1344) jedhamu daangaa mootummaa Kiristaana Habashaa gara kibbaa laga Abbayaatti babal'isuuf Oromoota sulxaaneetii Ifaat, Faxagarifi Dawwaaroo keessa jiraataa turan irratti duula bal'aa banuun badii guddaa geesise.

Bara Amde Tsiyoon keessa Oromoonni osoo dhiibamanii qarqara laga Hawaas ga'an.Amde Tsiyoon yeroo jalqabaatif kaampii waraana **Manzi** keessatti ijaarrate. Maqaan **Manzi** inni durii "**Firkutaa**" yoo jedhamu, moggasni maqaa kanaas kan dhufe haala teessuma lafa naannichaa irraa akka ta'e raagama.

Naannonsaa gammoojjii jireenyaf hintolle ta'usaarraa kan ka'e qomoo Oromoota Walloo (Warra Iluu)fi Oromoota Tuulamaa (Abbichuu) waan walirraa fageessef Fira-kutaa

jedhamee waamamuu isaa maddeen garaagara dhugaa bahu.

Kana malees, naannicha keessatti iddoolee moggaasa afaan Oromoo qaban kanneen akka, Jammaa, Laaloo, Faajjii, Dhummuugaa, Geeraa, Gidaamii, fi kkf hanga bara si'anaatti jiraachun beekamaadha.

Moggaasni Waldaa Kiristaana Ortoodooksii giiftii Baafanan (haati warraa Axee Miniliik isheen itigee Xaayituun duraa) naannoo kanatti keessatti ijaarte "Firkutaa Kidaana Mihirat" jedhamu haqa kanaaf ragaa biraati. Ammas Alaqaa Afawarq Gabra-Iyyasuus (1901) naannoo Manz bara dur Fira-kutaa akka jedhamu kitaaba isaa seenaa Axee Miniliik irratti barreesse keessatti bifa wal nama hinfalmisiisneen kaa'eera.

Naannoon kun dhaloota Kiristoosin booda naannoo bara 896 kaasee bulchiinsa Sulxaaneetii Shawaa durii jalatti bulaa kan tureefi gara boodderra bulchiinsa Sulxaaneetii

Ifaatitti kan dabalame ta'unsaa hambaaleen seenaa arkiyoolojistootaa Faransaayiin argame ifa taasiisaniiru.

Asirratti wanti yaadatamuu qabu akkuma sulxaanetoota biroo kanneen akka sulxaaneeti Dawwaaroo, Fatagar, Baali fi kkf bulchiinsa Sulxaaneeti Shawaafi Ifaat durii keessaa baay'inaan kan jiraataa turan hawaasa Oromoo Tuulamaa, Walloofi Karrayyuu turuu isaaniti.

Gara dubbii irraa kaa'etti yoon deebi'u mootiin Habashaa Amda Tsiyoon jedhamu daangaa bulchiinsa isaa weeraran gara kibbaatti babal'isuun hanga laga Hawaas qabate.Abbaan Muudaa Oromoo wiirtuu gadaa Odaa Nabee tures kan ajjeefame baruma weerara Axee Amda Tsiyoon kana keessa ture. Bara 1316 keessa wiirtuun siyaasaafi amantii Oromoo Odaa Nabee irraa gara Odaa Roobaatti jijjiiramuun sababuma kana irraa kan maddeedha.

Kanas ta'ee san bara Amda-Tsiyoonii jalqabee Habashoonni dahoo waraana isaanii daangaa qubsuma Oromoo keessatti ijaarrachuu jalqaban. Bara dhuma aangoo Axee Amda-Tsiyoon (1344) booda wal-morkii isaan gidduu turerraa kan ka'eummanni Habashaa

naannoo woggoota 90tiif mootummaa malee jiraata turan jichuun nidanda'ama.

Bifuma wal-fakkaatun bara Zara Yaaqoob (1434-68) mootii Habashaa tures waraanni Habashaa daangaa isaa gama kibbaatti dhiibachaa ture.Duula mootota Habashaa kana jala dhaabachuuf jecha Oromoon gara kibbaatti godaanun bifa haaraan of ijaaru jalqabe.



Kaartaa-8: Daangaa bulchiinsa mootummaa Habashaa bar-dhibbee 13ffaa fi 16ffaa gidduu (Taaddasaa Taamirat, 1972:81)

6ffaa. Dhiibbaa Humnoota Amantii Islaama

Amaantiin Islaamaa gara biyya keenyatti kan seene naannoo bara 628 (dh.k.b) yeroo maatiin Nabiyyuu Mahaammad gara Itoophiyaatti baqachuun bulchaa naannoo kaaba baha Itoophiyaa, galaana diimaa Bahaara

Nagaash jedhamutti kooluu galan irraa egaleeti. Gara booddeerra amantiin kun miila weerartootafi daldaltoota Arabaa hordofuun naannicha keessatti babal'acha ture.

Akka yaadannoo addaatti, amantiin Islaamaa bar-dhibbee 10ffaa fi 12ffaa gidduutti lafa qarqara galaana diimaa bira dabree godina kana keessatti babal'achuu jalqabe. Islaamummaan yeroo sanii jalqabe ummattoota Kuush naannicha keessa jiraatan, keessattuu ummata Sumaaleefi Affaar gidduutti babal'achu danda'e.Dhufaatiifi babala'achuun amantii kanaa hariiroo ummanni Oromoo ummattoota ollaa isaa jiraatan waliin qabaacha ture booressaa dhufe.

Aadaan wal dhabdee manguddoota gosaatin furuu ummata kuush aadaa wal dadhabdee wal dhabdeen furuu warra baha gidduu galeessaatiin bakka bu'e. Kun immoo wal dhabdee ummata Oromoofi ummattoota ollaa Oromoo gidduutti uumaman gara wal dhabdee wal xaxaafii dhuma hinqabneetti ceesise.

Fakkeenyaf, haalli walitti dhufeenya hawaasa Oromoofi hawaasa Affaar dhiibbaa amantii alagaatin hammam akka boora'e yaadachuun ga'adha.Akkuma beekamu ummanni Oromoofi ummanni Affaar walitti aananii ollaa walii jiraatu turan, jiraatas jiru. Yeroo waliin jiraachaa turan sanitti lolli sadarkaa adda addaatti gidduu isaanitti taasifamaa ture.

Yoo lafa bishaaniifi marga qabu irraatti waldhaban gumaa gidduu isaanitti argamu manguddoota gosaan fixachaa turan. Haalli kun garuu eega ilaalchi amantii Islaamaa Affaaroota seenee jalqabee akeeka amantii babal'isuu dabalatee cimaa dhufe.

Affaaroonni lafa ofii isaanitii irra jiraachaa turaniifi lafa Oromoo dhiibanii qabatan irratti gosa gosaan wal qoodun mootummoota Islaamaa xixxiqqoo tolfachuu jalqaban. Mootummonni Islaamaa naannicha keessatti hundaa'an sunis amantii Islaamaa babal'isuu, daandii nagadaa

harkaatti galfachuufi lafa gabbataa ta'e qabachuu kaayyoo godhachuun ummata Oromoo irratti duula bal'aa banan.

Dhufaatin amantii Islaamaa kun kanaan osoo hinmurtaa'in hariiroo ummata Oromoofi ummata Hadiyaa gidduu ture akkasumas hariiroo ummata Sumaleefi ummata Oromoo gidduu ture kallattii hundaan booressu isaatu himama.Ummanni Oromoos walitti bu'iinssa karaa nagaatin hiikuu dadhabee kana karaa humna waraanatiin hiikachuuf dirqame jechuudha.

7ffaa.Wal Diddaa Humnoota Amantii Lameenii

Amantiin Kiristaanaafi Islaamaa bar-dhibbee 4ffaa fi 7ffaa keessa wal-duraa duuban gara biyyoota gaanfa Afrikaatti seenuun isaanii niyaadatama.Addatti, amantiin Kiristaanaa bar-dhibbee 4ffaa keessa Amantii mootummaa Habashaa

ta'e.Mootonni Habashaa Kiritaanummaa ofii fudhatan kana saboota kaanis fudhachiisuu jalqaban. Amantiin Islaamaa immoo jalqaba walakkaa bar-dhibbee 7ffaa tii kaasee kutaalee Impaayera Itoophiyaa garaagara keessatti bab'alata dhufe.

Amantiilee biyyoota baha gidduu galeessaa keessaa maddan kun lamaan adeemsa yeroo keessa hundee isaanii gad-fageefachaa dhufan.Walakkaa dhuma bar-dhibbee 13ffaatii kaasee lolli guddaan humnoota kiristaanafi Islaamaa gidduutti yeroo dheeraaf godhame.Wal-waraansi humnoota amantii lameenii kun jalqabaa hanga dhumaatti biyya Oromoo keessatti ta'e jechuun nidanda'ama. Humnoonni amantii kun lameen dabareedhaan qabeenya Oromoo saamuun ittiin of-cimsaa turan.

Lubbuufi qabeenyi ummata Oromoo waraanan barbadaa'es hanga hinqabu. Roorroofi hongeen sababa weerarafi saamicha humnoota kanaatin dhufes akkasuma. Gabaabumatti, dhufaati humnoota amantii kanan sabni Oromoo guddaa miidhame.Miidhaan kun immoo

ummaticha xiiqeffachiisun warraaksa qollannaa roorrootif kakaase jechuudha.

3.3 Qophiifii Adeemsa Warraaqisicha

3.3.1 Qophii: Haaromsa Sirna Gadaa (1450-1522)

Walakkaa bar-dhibbee 15ffaa keessaa kaasee hawaasni Oromoo kutaalee biyya Oromoo garaagara keessa turan roorroo alagaafi rakkoolee uumamaa kallattii hundaan itti dhufan tokkummaan furachuuf jecha gaadisa sirna gadaa jalatti deebi'anii wal-ijaaru jalqaban.

Bu'uruma kanaan bara 1450 Madda Walaabuutti wal-ga'uun sirna gadaa isaanii haaromsatan. Hayyoonni Oromoo kanneen akka Gadayyoo Galgaloo, Yaayyaa Fullallee, Didaa Nama Durii, Jaarsoo Baabboofii Daawwee Boordeer rakkoo saba Oromootiif yaada furmaataa kawwachuun haala raawwii isaa irratti walii galuun seera tumatan.

Gadayyoo Galgaloo Abbaa Gadaa jalqabaa (1450-1458) gadaa haarome ta'ee yoo muudamu Alii Gurraachaa Abbaa seera gadichaa ta'e filame. Alii Gurraachaa yeroosuma nama amantii Islaamaa fudhate akka ture himama. Gadayyoo Galgalootti aanee Abbaan Gadaa 2ffaan

(1459-1456) nama Yaayyaa Fullallee jedhamu ture. Sanan booda bara saddeet saddeetin aangoo gadaa walirraa fuudhaafi walitti dabarsaa hanga bara 1522tti warraaksa qolannaa roorrootiif qophii taasisaan.1522 kaasee akka umriifii dandeettii isaanitti hoggansa gadaa jalatti wal ijaaruun qabsoo isaanii bifa qindaaween finiinsu jalqaban.

3.3.2.1 Bara Gadaa Melbaa (1522-1530)

Seenaa haaromsa sirna gadaa bar-dhibbee 15ffaa keessatti gadaan jalqaba meedhicha hidhate, "Gadaa mala-baase", ykn "Gadaa Melbaa" jedhame beekama. Gadaan Malbaa lammiilee Oromoo woggaa 8 oliifi woggaa 80 gad jiran hunda bara saddeet saddeetin adda qoodee dirqama adda addaa itti kenne.

Bara Gadaa kanaa Oromoon akka sana duraa yeroodhuma ormi itti dhufu of irraa ittisuu qofatti osoo hinmurtaa'in biyya ofiis deebifachuuf jecha Abbaa Duulatiin of ijaarun bakka Habashoonni irraa fudhatan dhaqee loluu jalqabe.

3.3.3.2.Bara Gadaa Muudanaa (1531-1538)

Barri kun bara humnoonni Kirstaanafi Islaamaa akka hamaatti itti wal waraanaa turaniidha.Yeroo kana keessa Oromoon xiqqooshee afuura argatee akka laayyootti lafa ofii hanga tokko deebisee qabate. Waan waaqni diinoota isaa lamaan wal waraansiseef, "Gadaa kana waaqatu mirga muude" jechuudhan, Gadaa Muudanaa jedhanii moggaasan.

Gadaan kun seerota lama dabalee tumuudhaan seenaa Gadaa keessatti beekama.Isaanis: 1ffaa lubni hundi akkuma aangoo qabateen akka duulu, 2ffaa lubni hundi osoo lafa dabalee hinbilisoomsin meedhacha akka hinhidhanne kan jedhan ture. Seeronni kun akka Oromoon jabaatee biyya abbaa isaa deebifatu hedduu gargaare.Muudanii hanga qarqara laga Hawaasitti dhuunfatee irra qubate.

3.3.2.3 Bara Gadaa Kiilolee (1539-1546)

Bara Gadaa Kiilolee keessa Habashoonni gargaarsa waraana Poorchugaalin Imaam Ahmad waan ajjeesaniif qalbii tokkoon Oromoo irratti duulan.Mootichi Habashaa, Galaawudoos waraana guddaa nama Addaal

Mabiraq jedhamuun hogganamu Oromoo irratti bobbaase.

Gadaan Kiilolee waraana Habashaafi Faranjii meeshaa foyya'aa hidhate kana bara 1545 of-irraa rukutun ari'ee laga Hawaas ceesise. Kiiloleen jabeesse loluun yeroo gabaabaa keessatti handhuura Dawaaroo gahe.Dawaaroo yeroosii Arsii har'aatti akeekuun nidanda'ama.Gadaan kun humnoota Habashaafi Faranjii walitti waan mo'eef; "Gadaa dhugaan lole", *"kan Lole"* jedhame.Maqaan "kan lole" jedhu kun adeemsa yeroo keesa gara "Kiilolee"tti jijjiirame.

3.3.2.4 Bara Gadaa Biifolee (1547-1554)

Barri Gadaa Biifolee bara mootiin Habashaa lola humnoota Islaamaa waliin qabu irratti moo'icha itti argate keessa waan tureef, bara 1548 Galaawudoos moo'amuu Addaal Mabraq yeroo dhaga'u waraana warra

Poorchuugaal of cinaa hiriirsun qalbii tokkoon Oromoo irratti duulus moo'icha argachuu hindandeenye. Dahannoo jabaa qotatee Dawaaroo keessa qubate. Oromoonni achitti itti marsanii lolan. Lolli sun guyyaa kudhalamaf adeemsife. Oromoonni gootummaan lolanii gaafa 12ffaa waraana Habashaa dahannoo isaa keessatti itti seenaanii hedduu irraa fixan.

Ajajaan waraana Poortugaal **Ayrees Deez** jedhamu madaawee du'e.Waraanni Habashaas moo'ame. Galaawudoos waraana Ahmad mo'ullee raayyaa Oromoo mirga isaaf lolu mo'uu hindandeenye.Biifoleen duulaa isaa itti fufee laga Hawaas ce'ee Faxagar waraanuu jalqabe. Haa ta'u malee, Biifoleen akka Luboota isa duraa lafa haaraa qabachuuf hinmilkoofne.

Biifoleen lafa bal'aa dabalee qabachuu dadhabus, humna guddaa kana moo'ee of irraa deebisuun daangaa Oromoo eeguu waan danda'eef, wanti hojjate kun akka gootummaa guddaatti fudhatameefii maqaa "Bif-oole" jedhamu akka argatu ta'e. "Bif-oole" jechuun osoo

hindabaliin, osoo hinhir'isin akkuma jirutti, bifuma duraan jiruun eegee dabarse jechuudha. Jechi "Bif-oole" jedhu kun bara dheeraa keessa Biifolee jedhame.

3.3.2.5 Bara Gadaa Michillee (1554-1562)

Miidhan humnoota Habashaafi humnoota Islaamaa karaa lamaan jabaatee waan dhufeef Gadaan Michillee seerota sadi baasee labsuudhan hojii irra oolche. Seeronni kunneen: 1ffaa. namni diina hin-ajjeefne akka hinfuune, akka rifeensa mataa isaa hinhaaddanne, 2ffaa. namni ganna 8 oliifii 80 gadii lola keessatti qooda akka fudhatan, 3ffaa. waraanni Fardaan lolu hedduun leenjifamee akka bobba'u kan jedhan ture. Tooftaan Fardaafi gaachanaan loluu bal'inaan hojiirra kan oole bara Gadaa Michillee ta'uusati. Kun immoo iddoo fagoo deemanii loluu isan dandeesise. Michilleen waraana Galawudoos, nama **Hamalmaal** jedhamun hogganamu waraanee moo'e. Faxagaar (**Ereriifi Karrayyuu**) guutuummaatti harka Oromootti galche.Itti dabalees yeroo hogganaan waraanni haadha manaa Ahmad Bitaattichaa mooticha Habashaa Galawudoosiin waraanee

moo'ee (ajjeese), gammadee ayyaaneffachaa osoo jiru Michilleen magaala Harar weerare qabate.

Waraanni Islaamaa nama Amir Nuur jedhamuun gaggeeffamu oduu kana dhaga'ee gara Hararitti osoo deebi'aa jiruu Michilleen bakka Tulluu Hazaaloo jedhamutti haxxee (vicious) hidhatee rukute. Lola kana irratti Oromoonni hedduun dhumullee, waraanni Amir Nuur moo'ame harka Michilleetti baqe. Aabbaa Baahireen akka barreessetti Gadaan Michillee jedhamu biyya waraanee moo'ate ega balleessee booda loon ofii fudhatee itti gale.Dur Oromoon waraanan booda gara qe'ee isaatti deebi'a ture jechuudha.

Seenaa Oromoo keessatti kan akka Gadaa Michillee waraana Habashaa (Poorchugaalin gargaarame) fi waraana Islaamaa (Turkiin gargaarame) haleelee daangaa bal'aa bilisoomse hinjiru. Gadaan Michillee Farda luka afur qabu yaabbatee gaachanan waraana of irraa qolatee waan bakka yaade ga'eef Gadaa Michillee jedhamee

moggaafame.Michillee jechuun bineensa hamtuu waraanni hinseenne, kan nama hinsoodaanne, kan ariite nama ciniintu akka jechuuti.

3.3.2.6 Bara Gadaa Harmufaa fi Hambisaa (1563-1570)

Gadaan Michilleetin booda daangaan Oromoo bal'aachaa waan dhufeef gadaa tokkichaan hogganuun rakkisaa ta'aa dhufe.Gadaan duraan hoggansa tokko jalatti ijaaramee walfaana socho'aa ture bakka lamatti (Booranafi Baareentu)tti adda qoodame.Baareentuu Gadaa Harmuufaan, Booranni Gadaa Hambisaatiin akka hogganaman ta'e.Hambisaan duula gurguddaa Shawaa keessatti haa godhu malee, Amaaraa dhiibuu hindandeenye.

Ilmi Libna-Dingil, mootiin Habashaa, Minas (1559-1603) jedhamu akka jabaatti Hambisaafi Harmuufaa dura dhaabbate osoo loluu du'e.Malaak Saggad ykn Sarta Dingil(1563-1597) kan jedhamu itti dabree aangoo Habashaa qabatee lola itti fufe. Hambisaanis lafa haaraa osoo hinqabatin Minas wajjin lola gurguddaa osoo godhuu Gadaan isaa dhumee Roobaleetti dabarse.Harmuufan laga Hawaas ce'ee Affaarootafi

Habashootatti duuluun qondaala waraana Habashaa Haylagoorgis jedhamu bakka "*Qacinaafi Wayaata*" jedhamutti ega moo'en booda naannoo Angoottifi Ganyii jedhamu qabatee taa'e.

Achirraa ka'uun Amaaraa-Saayitiifi Baggemidritti duuluu jalqabe. Harmuufiin bara Gadaa isaa Affaarota, Argobboota akkasumas Amaarota Ganyiifi Angoot keessa turan waraanee ofjala galchun gosa moggaase. Hambisni akka Harmufaa lafa bal'aa dabalee qabachuu baatuus, duula guddaa mooticha Habashaa **Minas** Oromoo irratti bobbaase jabinaan falmee, balaa dhufu danda'u waan hambisef, Gadaa Harmuufaa wajjin Meedhicha hidhatanii baallii dabarsanii Gadaa Roobaleetti kennan.

3.3.2.7 Bara Gadaa Roobalee (1571-1578)

Roobalee Baareentuufi Roobaleen Boorana wal gargaarudhaan Bagamidirifi Wallootti duula guddaa banan. Malaak Saggad (Sarsa Dingil) Roobalee Shawaa keessatti dabarsuu dhorke qabus Roobaleen Walloo Baggemidir seenee lola jalqabe. Yeroo kana Malaak

Saggad saffisaan gara Baggemidir deebi'ee Roobalee bakka "*Wayinaa Dagaa"* jedhamutti lolee Roobaleen moo'ame Wallotti deebi'e.

Roobalee kuun yeroo Malaak Saggad gara Baggemidir deeme, duula Shawaa keessatti jabeessee Amaaroota gara hallayyafi holqatti naqee biyya qabate. Shawaafi Gojjaamin rukute, nama aangoo cimaa qabu Azmaach ***Zar Yohannis*** ajjeese.Malaak Saggad deebi'ee Roobalee dhiibuu hindandeenye. Roobaleen lachuu Gadaa isaanii dhumnaan Birmajiif bakka gadhiisan.

3.3.2.8 Bara Gadaa Birmajii (1579-1586)

Birmajii Baareentuu (Walloo) Habashaa Kaabaa akka malee muddee qabuudhan, Baggemidir seenuun Amaarota hedduu fixe.Birmajiin Booranaa maqaa Maccafi Tuulamaatiin ijaaramee lafa Fardi isaa seenuu danda'u hundaa qabate. Amaarris gaaratti, hallayyaafi holqa keessa

dhokatan. Qondaaloonnifii Aantoonni Malaak Saggad baayy'een lola irratti dhuman. Haa ta'u malee Birmajiin gara dhuma Gadaa isaa jala Goojjaam keessatti moo'ame.

4.3.2.9 Bara Gadaa Mul'ataa (1587-1594)

Bara Gadaa Mul'ataa Walloo hedduu hinduulle.Yeroo lama qofaa Gondoritti duulee deebi'ee qubate jedhama. Mul'anni Maccafi Tuulama garuu duula isaa itti fufe. Bifa duula isa jijjiirun Amaaraa karaa irratti gaadee ajjeesuu jalqabe. Gaara gidduufi golba dhiphoo gidduutti taa'anii eegun ajjeesaafi murataa ture. Bakka Farda isaaf mijatu mara Goojjamifi Gondor keessa gulufee qabachuun keessa taa'e.

Sabni Oromoo haala kanaan Gadaa wal-harkaa fuudha injifannoo ega argatanii booda hanga walakkaa bar-dhibbee 19ffaatti, woggoota 200 oliif tasgabbaa'ee Gadaa isaa kabajataa nagaadhan jiraachu danda'e.

List 1. Monarchs of the Christian Kingdom


Yəkuno Ämlak	r. 1270–1285
⋮	
ʿAmdä Şəyon	r. 1314–1344
⋮	
Zärʾä Yaʿqob	r. 1434–1468
⋮	
Ləbnä Dəngəl	r. 1508–1540
Gälawdewos	r. 1540–1559
Minas	r. 1559–1563
Śärṣä Dəngəl	r. 1563–1597
Yaʿqob	r. 1597–1603
Zädəngəl	r. 1603–1604
Yaʿqob	r. 1604–1607
Susnəyos	r. 1607–1632
Fasilädäs	r. 1632–1667
Yoḥännəs I	r. 1667–1682
Iyasu I	r. 1682–1706
Täklä Haymanot I	r. 1706–1708
Tewoflos	r. 1708–1711
Yosṭos	r. 1711–1716
Dawit III	r. 1716–1721
Bäkaffa	r. 1721–1730
Iyasu II	r. 1730–1755
Iyoʾäs	r. 1755–1769

List 2. The *luba* from 1522 to 1594

Melbaḥ	1522–1530
Mudāna	1530–1538
Kilole	1538–1546
Bifole	1546–1554
Məsle	1554–1562
Ḫārmufā	1562–1570
Robale	1570–1578
Birmāğe	1578–1586
Mulʾāta	1586–1594

Source: Beckingham & Huntingford 1954: 208–210.

Diyaagiraamii-20: Mootota Amaarafii Paartilee Gadaa Oromoo



Kaartaa-9: Kallaattii sochii warraaksaa qolannaa roorroo (HIROKI ISHIKAWA…Northern Ethiopian Historiography)

3.4 Bu'aalee Waraaqisichaa

Akka waliigalatti, warraaksa falmannaa roorroo sabni Oromoo sirna gadaa jalatti wal ijaarun naannoo woggoota 72tif (1522-1594) adeemsisen bu'aallee armaan gadii argamsiise jira jedhame yaadama. Isaanis:-

1ffaa. Badii lubbuufi qabeenya Oromoo irratti ga'aa ture dhaabun sabni Oromoo kabajame akka jiraatu godheera.

2ffaa. Afaan, Aadaa, Seenaafi Amantiin Oromoo harka diinatti kufee akka hinbanne shoora guddaa taphateera.

3ffaa. Daangaan biyya Oromoo Sumaaliyyaadhaa hanga Suudaanitti, keeniyaadhaa hanga Tigraayiitii akka bal'atu taasiseera.

4ffaa. Waraana humnoota amantii Kiristaanafi Islaamaa gidduutti baroota dheeraaf (1285-1555) deema ture addaan kutun naannicha keessatti nagaafi tasgabbiin akka bu'u godheera.

5ffaa. Kana malees, qabatamaatti jijjiirama gaarii fiduuf miira Sabboonummaa, beekumsa, dandeettii, kutannoo, gootummaa, ilaalcha dimokiraatawaafi waliigaltee qabaachu akka barbaachisu dhaloonni har'aa muuxxannoo seenaa warraaksa falmannaa roorroo kana irraa baratu.

Barruulee Wabii-3

1. Abbas Haji Gnamo (2002) **Islam, the orthodox Church and Oromo nationalism (Ethiopia),** Cahiers d'études africaines
2. Asafa Jalata (2010) Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview
3. Beke T. Cherlas (1848) **"On the Origin of the Gallas**," Report to the 1847 meeting of the British Association for the Advancement of Science, 13-18.
4. Cherri Reni Wemlinger (2008) **Identity In Ethiopia: The Oromo From The 16th To The 19th Century,** A thesis submitted in partial fulfillment of the requirements for the degree of Master of Arts in History Washington State University
5. Gadaa Melbaa (1988) Oromia: An Introduction, Khartuom, Sudan
6. Girma Awgichew Demeke (2009) **The Origin of Amheric**, Addis Ababa, Ethiopia
7. James Bruce (1769) **Travel to Discover the Source of the Nile** in the Years 1768-73, Edinburgh

8. Liqa A'ilaaf Luba Balaay Mokonnin (2007) **Kiristaanummaafi Oromoo Dur Irraa Hanga Ammattii,** Finfinnee
9. Mohammed Hassen (1994) **"The Pre-16th Century Oromo Presence Within the Medieval Christian Kingdom of Ethiopia,"** *in Honour of Paul Baxter, D* Brokensha (ed),
10. Mohammed Hassen, (1990).***The Oromo of Ethiopia:*** *A History 1570-1760,* Cambridge University Press
11. Tamrat Taddesse (1972) **Church & State in Ethiopia** 1270-1527: Oxford Studies on African Afaairs: Orford University Press
12. Tamrat**,** Taddesse (1986). **Process of Ethnic Interaction and Integration in Ethiopian History:** The case of the Agaw. *The Journal of African History* 29(1), Special Issue in Honour of Roland Olover, 5-18
13. Teshome Amenu (2008) **The rise and expansion of Islam in Bale of Ethiopia:** *Socio-cultural and political factors and inter- religious relations,* The Norwegian Teacher Academy Department Of Philosophy Of Religious Education
14. Toleeraa Tasammaafi Hundasaa Waaqwayyaa(1995) **Seenaa saba Oromoo fi Sirna Gadaa**
15. Tsega Etefa (2008) **Pan-Oromo Confederations in the Sixteenth And Seventeenth Centuries:** Journal Of Oromo Studies Vo15, N 1

16. እርቅይሁን በላይነህ (2006) የኢትዮጵያ ታሪክ ከኢመም አሕመድ እስከ ዐጤ ቴዎድሮስ፡ ያልተነገሩ፤ ያልተሰሙ፤ያልተነበቡ፤..... አዲስ አበባ
17. ይልማ ዴሬሳ (1959) **የኢትዮጵያ ታሪክ በአስራ 16ኛዉ ክፍለ ዘመን**፤ ብርሃንና ሰላም ቀዳማዊ ኃይለ ስላሴ ማተሚያ ቤት
18. አለሙ ካሳ ረታና ሲሳይ መንግስቱ አዲሱ (2005) የራያ ሕዝብ የማንነት ጥያቄ እና የማዕከላዊ መንግስታት ምላሽ ከአፄ ዮሐንስ 4ኛ እስከ ኢህአዴግ፤
19. አለቃ ኪዳነ ወልድ ክፍሌ (1948) **መጽሐፈ ሰዋሰዉ ወግስ፤ ወመዝገበ ቃላት ሐዲስ፤አዲስ** አበባ

BOQQONNAA AFUR:

HAALA JIREENYA HAWAASA OROMOO (1700-1840)


4.1 Seensa

Seenaa ummata addunyaa keessatti yeroon bar-dhibbee 18ffaa fi bar-dhibbee 20ffaa gidduu ture yeroo ta'iiwwaan gurguddoon garaagaraa itti raawwataman ta'uun yaadatama.Yeroon kun yeroo ummattoonni addunyaa ardilee garaagara keessa turan gama siyaasaa, dinagdee, saayinsiifi teeknolojiitin warraaksota gurguddoo itti taasisan ture.

Yeroon sabboonni baayy'een tokkummaan wal-faana ka'anii finciluun biyyoota mataa isaanii itti hundeefatan ture.Akkasumas, yeroo ummattoonni ardiilee Afriikaafi Eesiyaa faa kolonii biyyoota Awwurooppaa jalatti itti kufan ture.Gabaabumatti yeroon kun yeroo ta'iiwwaan gurguddoon seenaa ummata addunyaa jijjiiran itti raawwataman ture jechuun nidanda'ama.

Baroota warraaksa qolannaa roorroo booda turan (1700-1840) kana keessa haala jireenya hawaasa Oromoo irratti jijjiiramni garaagaraa raawwateera.Hammi jijjiiramaa sadhataan wal haa darbuuyyu malee yeroo kana keessa hawaasa Oromoo kutaalee biyya Oromoo keessa jiraata turan hunda irratti jijjiiramni sirna siyaasaa, ilaalcha amantii, sirna dinagdeefi hawaasumaa mullateera.

Mata duree kana jalatti jijjiiramoota sirna jireenya yeroos hawaasa Oromoo irratti mullatan san kallattii lafa qubsumma isaanii irratti hundaa'un gargar qoqqode wal duraa duuban dhiyyeessuuf yaala.



Diyaagiraamii-21: Caasaa Hawaasafi Sirna Bulchiinsa Sirna Gadaa Oromoo (Cherri Reni Wemlinger, 2008:24, Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16ffaatti)

4.2 Haala Jireenya Oromoota Kaabaa

Akka qabiyyee kitaaba kanatti galeen Oromoota kaaba jedhu kun hawaasa Oromoo kutaalee kaaba Impaayera Itoophiyaa (Walloo, Gondor, Goojjamifi Tigraay) keessa jiraataa turan/jiran ibsa.Hawaasni Oromoo kutaalee kaaba Impaayera Itoophiyaa keessatti argaman kunneen hawaasa Oromoo Orom-duroofi Gamaa-galii jedhaman of-jalatti kan hammatu yoo ta'u Orom-duroon hawaasa Oromoo gadaa qolannaa roorrootin dura naannicha keessatti cichanii turan bakka bu'a.

Gamaa-galiin immoo hawaasa Oromoo bara warraaksaa keessa, bara gadaa Harmufaa (Baareentuu)/Hambisaa (Boorana), 1563-1570 gidduu naannicha keessa deebi'anii qubatan ibsa jechuudha. Gamaa-galiin konfadireeshinii Booranafi Baareentuu irraa kan walitti bahan yoo ta'u dhiiga Oromoota Arsii, Ituu, Marawwaa, Karrayyuu, Maccafi Tuulama qabachuu isaanii maddeen seenaa irraa hubachuun nidanda'ama. (Alamaayyo Hayilee, 1999).

Qubsumafi caasaa bulchiinsa isaanii irratti hundaa'un Oromoonni kaabaa iddoowwan gurguddoo saditti addaan qoqqoodu dandeenya.Oromoota Walloo, Yajjuufi Raayyaa jechuu kooti. Akkuma maqaan isaatuu ibsu Oromoonni Walloo kutaa biyya Walloo keessa jiraataa turan/jiru. Oromoonni Yajjuu kutaa biyya Gondor keessa kan jiraatan yoo ta'u, Oromoonni Raayyaa immoo kaaba Walloofi kibba-baha Tigraay (Raayyaa) keessa jiraatu.

Gama yaada mata-duree irraa ka'eetti yoon deebi'u, seenaa saba Oromoo keessatti Oromoonni kaaba (Yajjuu, Raayyaafi Walloo), qomoo Oromoo sirna gadaa gad dhiisuun sirna bulchiinsafi amantii alagaa fudhatan keessaa warra jalqabaa ta'uu seenaan ragaa baha. Oromoonni kaabaa dhiibbaa humnoota ollaa irraa itti dhufaa turen sirna alagaa dursanii fudhatanis seenaa qabsoo Oromoo keessatti qooda Leencaa fudhataniiru. Har'as taanan jarreen kanaaf gootummaan mallattoo eenyummaati.

Keessattuu, Oromoota Raayyaatif. Oromoonni Raayyaa jireenya horsiisee bultummaa gaggeessa turuurra kan ka'e akka Oromoota Yajjuufi Oromoota Walloo wiirtuu siyaasaa dhaabata tokko ijaarrachuu hindandeenye. Kanumam kan wal qabate oolmaa isaanii seenaa saba Oromoo keessatti hanga isaaf malu ol ka'ee hinmullanne. Oromoonni Yajjuufi Walloos akkuma Oromoota Raayyaa warra bulchiinsa sirna gadaa gaddi dhiisun amantii Islaamaafi sirna bulchiinsa fiwudaalisimii dursanii fudhataniidha.

Addatti, Oromoonni Yajjuu naannoo bara 1777tii kaasee kutaa biyya Gondor har'aa keessatti mootummaa Islaamaa "Warra Sheekii" jedhamu ijaarrachuun hanga bara 1853 daj. Kaasaa Hayiluun moo'amanitti woggoota dhibba tokkoo oliif seenaa siyaasa kaaba Itoophiya keessatti shoora guddaa taphachaa turaniiru.Amantiin Islaamaa Yajjuu keessatti babal'achuu kan nama Sheek Umar jedhamun akka ta'e himama.

Sheek Umar nama naannoo bara 1538 kibba-Oromiyaa (Arsii) irraa ka'uun Yajjuu keessatti amantii Islaamaa lallabaa tureedha.Barreesitoonni akka Maraaris Amaan (2009:277) Sheek Umar nama deeggarsa waraana Ahmad Giraanyif biyya Arabaa irraa naannicha keessatti hafe ta'uu ibsu.Kanas ta'ee sana "Warra Sheekii" jedhamuun maqaa mootummaa Oromoota Yajjuu seenaa Sheekicha kanaa waliin akka hidhata qabu tilmaama.

Mootummaan Oromoota Yajjuu bara Sheek Umarii kaasee kan ture ta'us mootota kiristaanaa-Habashaa biratti beekamti kan argate dhaloota ja'a booda, bara Abbaa Seeruu Goowanguul Abbaa Gatiyyee kiristaanomuun sirna bulchiinsa isaanii hordofuu jalqabee kaasetti.Sababni Abbaa Seeruu Goowanguul akka hundeessaa mootummaa Yajjuutti ilaalamuufis kanarra madda (Marriiraas Amaan, 2009: 277).

Maqaan "Yajjuu" jedhu kun jecha afaan Oromoo "Jajjuu" jedhu irraa dhufe warri jedhan akkuma jiran warri jecha afaan Amaaraa "Yeijuu, የእጁ" jedhu irraa dhufe jedhanis jiru (Taaboor Waamii, 2006).Oromoonni Yajjuu bara bulchiinsa Axee Susoonyoosii (1606-1632) kaasee siyaasaa Abyisiiniyaa keessatti qooda fudhachaa akka turan galmaa'era.Susanyoos ilma Garaam-Faasil yoo ta'u, Garaam-Faasil immoo Abeeto Yaaqob.Abeeto Yaaqob ilma Axee Libina Dinaagil (1508-1540) ta'uun beekama.

Susoonyoos naannoo bara 1572 waraana Oromoo Booranaa (Walloo)tiin ega booji'amee booda nama Bokkuu jedhamu harkatti akka guddate galmaa'era. Afaan, sirna bulchiinsafi tooftaalee waraana Oromoo shakalaa guddate jechuudha. Birmadummaan boode immoo durbii abbaa isaa, Axee Sartsa–Dingil (1603-1604) jalatti seera bulchiinsa mootummaa Habashaa barateera.

Walitti bu'iinsa du'a Axee Sartsa-Dingil hordofee dhaaltota aangoo Siyaasaa (Za dinaagilifii Abeeto Yaaqoob) gidduutti uumame baqachuun Susoonyoos ammas deebi'e Oromootatti koolu gale. Bara 1606/7 immoo deeggarsa Oromoota Walloo irraa argatetti fayadamuun Axee Yaaqoob fonqochuun aangoo Siyaasaa Amaaraa dhuunfate.

Mootummaa isaatif Gondor irratti masara hundeessun siyaasaa Habashaa lafa qubataa/wiirtuu dhabee sochaa'a turetti bakka hore.Gara jalqaba bara bulchiinsa Axee Susoonyoos qondaaltonni waraana Oromoo muraasni bulchiinsa masaraa Gondor keessatti qooda fudhataa turan.

Ta'us, waliigalten isaan gidduu ture isaan gidduu ture boora'a dhufuudhan Susoonyoos bara 1608 keessa Wuqroofii naannawwaa ishee irratti taasiseen dhiira-dhalaa, jaarsa-jaartii, xiqqaa-guddaa jedhee osoo adda hinbaasin duula tasaa si'a tokkichaatin naannoo Oromoota 12,000 lafarraa haaxawe.

Duula kana booda miirri diinummaa Oromootafii qondaaltota Amaaraa gidduu ture deebi'ee qajjise. Haa ta'u malee, turtii yeroo muraasatiin booda namni Bakkaafaa jedhamu sababuma wal fakkaatun Oromootatti kooluu gale.Dhalootan Bakkaafaan ilma mootii Iyyaasuu 1ffaa, obboleessa Axee Takla Haymaanot (1704-1708) 1ffaati. Bakkaafaan du'a abbaa isaa hordofee yeroo wal-diddaan maatii warra isaa giddutti uumamu Oromoota Walloo biratti koolu galuun yeroo dabarfate.

Booddeerra gargaarsa humna waraana Oromoo Wallootin naannoo bara 1721 mootii Waag, Tigree, Laastafi Bahiir Midir ta'ee muudame.Bakkaafan akka Susoonyuus oolmaa Oromoota Walloo oolaniif osoo hindagatin aangoo siyaasaa masaraa Gondor hamma tokko qoodefi. Bara mootummaa Susoonyuusitti aanee Oromoonni Walloo gara maasaraa Gondoritti kan deebi'an bara Baakkaafaa keessa ta'uu isaati.Haa ta'uyyu malee, Bakkaafan osuma baayy'ee hinturin naannoo bara 1730tti dhukubsatee du'e.

Du'a Baakkafaa hordofee haati warraa isaa giftii Mintiwaab bakka bu'ummaan tayiitaa siyaasaa maasaraa Gondor kan qabatte yoo ta'u yeroo muraasa booddee ilmi ishee "Iyyaasuu II"n aangoo Siyaasaa dhuunfate. Mintiwaab, haati warra Axee Bakkaafaa qaccee Oromoo Gondor, Quwaara(Cilgaa) yoo taatu aangoo mootummaa Gondor gama warra isheetti naannessuf yaalii godhaa turteen waliigalteen isheefi Oromoota Walloo gidduu ture hir'achaa deeme.

Wal-diddaan isaan gidduu ture kun gama walitti bu'iinsati jijjiiramus mo'ichi kan Oromoota Walloo ta'e. Yeroo kana soddummaa siyaasaatif jecha intala baalabbaata Warra-Qaalluu Wabii (Wabee) jedhamtu ilma Bakkaafaa, Iyyaasuu II jedhamu fuusisan. Baalabbaanni Warra-Qaalluu yeroosii nama Amixoo jedhamu ture. Wiirtuun siyaasaa Warra-Qaalluus magaala Ayina-Ambaa jedhamtiWabiinis "Walatta-Barsaabeehet" jedhamtee moggaafamuun giiftii Abisiniyaa (1730-1755) taate.Ilma Iyoo'as jedhamu Iyyaasuu II dhaf deesse.

Iyoo'asis bara 1755, yeroo abbaan isaa du'e mootii Abyisiniyyaa (1755-1769) ta'ee muudame.Akkuma Suusonyoos, Bakkaafaafii Iyyaasuu 2ffaa Oromoo aangoo maasaraa Gondooritti muuduu itti fufe.Gaafa gara aangootti dhufu obboleessa akahoo isaa kan jalqabaa, Raas Luboo Amixoo jedhamu 'Indarasee/gargaara' isaa godhate.

Obboleessa akahoo isaa isa biraa Birrilee Amixoo jedhamu immoo aangoo dajaasmaachummaa kennufidhaan Baggeemidir irratti moosise.Bara Iyoo'as afaan Oromoo afaan hojjii maasaraa Gondor ta'uun tajaajilaa akka ture himama.



Birrilee Amixoo (Henry Salt, 1809:336)

Bara 1766 keessa yeroo obboleessi Mintiwaab du'u Iyoo'asifi isheen aangoo irratti wal dhaban.Kana booda Mintiwaab humna waraanaa gama warra ishee akkasuma Iyoo'as warra gara fira haadha isaa Walloo irraa walitti qabachuu jalqaban.

Harold G. Marcus (1994:28) ta'ii kana "In 1766, civil war broke out between assimilated Kwaran (Amarized Oromo) and non-assimilated Wello Oromo" jechuun ibse.Isaan inni galee "Amarized Oromoo", ykn 'Oromoota-Amaaroman' jechuun ibse Oromoota Quwaara ykn garee giiftii Mintiwaab ta'uu isaaniti.Raas Mikaa'el Sahul carraa kanatti fayadamun daangaa bulchiinsa isa hanga Iaga Hangaribiitti babal'ifate.

Itti aansun Oromoota naannicha keessatti aangoo siyaasaa qaban rukutuun Axee Iyoo'as deeggarsa dhabsiise.Bara 1968 keessa eesumman Iyoo'as (Lubboofi Birrilee) gara kibba Goojjam (Daamotitti) daheefatanii jiraate turan irratti duule moo'e. Bara 1769 keessa Iyoo'as irratti himannaa sobaa banuun ajjeesise.

Oromoota Iyoo'asin deegaranis baayy'ee fixe.Oromoonnis gumaa dhiiga isaanii baafaachuuf duula bal'aa mootummaa Habashaa Gondor jiru irratti banan.Raas Mikaa'el duula Oromoo kana too'achuuf carraqqii guddaa taasisus osoo itti hinmilkaa'in bara 1780 keessa du'aan boqote.

Yeroo inni du'u du'u ilma isaa Daj. Wolda Mikaa'el jedhamu bakka abbaa isaa bu'e.Gama Oromootatiis ilmi Abbaa Seeru Gwangul, Alii Gowaangul ykn Alii guddicha (1777-1789) jedhamuu dandii Abbaa isaa hordofee moo'icha argachaa dhufuun Dabra Taabor irratti wiirtuu mootummaa Oromoota Yajjuu "Warra Sheekii" hundeesse.

Naannicha keessattis olaantummaa argate.Sanyii Solomoon ta'uu dhabuun aangoo mootummaa kiristaana-Habashaa kallattiin qabachuus baatu masaraa Gondor keessatti gargaaraa (Indaraase) ta'uun mootummaa Abyisiniyyaa harka wayyaa jalaatiin bulchuu jalqabe.

Bara Oromoonni Yajjuu ol-aantummaan guutummaa Abyisiniyyaa bulchaa turan aangoon gargaaraa (Indaraase) mootii muuduufi mulquu dabalata. Aangoon gargaaraa angoo Mootiitii ol-ta'uu isaati

"Raas Mika'el Sahul domination of Gondor politics was itself short-lived. In the last quarter of the 18th century a strong man by the name of Ali Gwangul had emerged a powerful figure and kingmaker. He intiated what came to be known as the Yejju dynasity, after their place of origin in present day northern Wallo. From their base Dabra Tabor, successive members of this dynasity controlled the throne for eighty years, (Bahiru Zawude, 2002:11)."

Alii guddichi dhugaatii hammaa ol akka jaalatufi sababuma kanaan bara 1788 akka du'e himama.Bara 1788 yeroo Alii guddich du'u obboleesi isaa Algaaz Gwaangul aangooti darbe. Raas Algaazin baruma aangoo qabate sana keessa waraana iddoo *"Madab"* jedhamutti taasisen ilma Raas Mikaa'el Sahul, daj.Wolda ajjeese.

Bara 1803 kaasee ilma obboleetti Alii guddichaa, kan Kafaay Gwanguul deesse, Gugsaa guddicha (Raas Gugsaa Marsuu) jedhamu aangoo siyaasaa Oromoota Yajjuu dhunfachuun Goojjam, Laastaa, Baggeemidir, Sameen, Yajjuufi Walloo bulcheera. Bara bulchiinsa Raas Gugsaa keessa Masgiidonnifi Siidawwan baayy'een naannicha keessatti akka ijaaraman himama.

Bara 1825 yeroo Gugsaa guddich du'u ilmi isaa Raas Yimaam Gugsaa (1825-1828) jedhamu aangoo Abbaa isaa dhaale.Raas Yimaam amantii Islaamaa naannicha keessatti jabeesse babal'ise.Baroota 1828 fi 1831 gidduu ilmi Raas Gugsaa inni biraa Maariyyee jedhamu moo'e.

Bara 1831 kaasee ilmi Raas Gugsaa Marsuu inni 3ffaan Raas Doorii jedhamu teessoo warra isaa fudhate. Baruma kana keessa mootii Tigree Dajaasmach Saabagadis jedhamu waliin adda waraana *May Islaamayitti* jedhamutti wal-waraanun moo'icha argate.Daangaa bulchiinsa isaas hanga Aksumitti babal'ifate.

Yeroodhuma wal-fakkatutti Daamoot obboleessa Raas Doorii, Raas Goobana Marsuu jedhamuun, Dambiyaafi Quwaaran obboleessa Raas Gugsaa, Raas Aluula Marsuu jedhamuun bulaa ture.Yeroo Raas Aluulan du'u ilmi isaa Raas Alii 2ffaan (1819-1866) Dambiyaafi Quwaara bulchuu itti fufe.Raas Alii 2ffaan gara haadhatiin intala Liiban Amdee/durbii Gugsa Marsuu giftii Menan, ishee gara booddeerra mootii Tigree Yohaannis 3ffaatti heerumuun giiftii Abyisiiniyaa taaterra dhalate.


Raas Alii 2ffaan bara 1838 mootummaa Amaaraa Gondor jiru irratti duulun moo'ee hanga bara 1853 daj. Kaasaa Hayiluu isa Quwaaraatin mo'amutti guutummaa kabaa Itoophiyaa irratti olaantummaa argachuu danda'e ture.Lammiillee Ingiliizi Axee Teewodiroosin hidhaman keessaa tokko kan ture Henry Blanc haqa kana irratti yaada armaan gadii kennee ture.

"The Wallo Gallas are a fine race, far superior to the Abyssinian in elegance, manliness and courage…they excelled so greatly the Amharas in horsemanship and in courage, that not only did they overrun the land, but lived for years on the resources of the country in imprudent security."

Barreesitoonni Habashaa bara hawaasni Oromoo qondaalota isaanii irratti moo'icha argachuun naannicha ol-aantummaan bulchaa itti turan kana "Zamana Masaafinit" jedhanii waamu.Zamana Masaafinit jechuun bara bulchitoonni naannoo bayy'een itti wal-morkaa turan, bara dukanaa, bara….. akka jechuutti hiiku.

Hiikaan isaanii kun seenaa kibra-Nigastiifi ilaalchaa isaanii "Oromoon mooti ta'u hindanda'u" jedhu sana irraa kan madde ta'us seenaa raawwate dabree tokko beekamtii dhorkachuun haqa seenaa jijjiiru hindanda'u.Oromoonni Walloo (Yajjuu) kara kallattiinis ta'ee alkallattiitin wooggoota 70 oliif guutummaa bulchiinsa Abiyiisiniyaa (Gondor, Goojjam, Walloofi Tigraay) irratti olaantummaa argataniiru.Marraaris Amaan (2009:278) haqa kana akkasitti ibseera.

"……በንጉሥ ተክለጊዮርጊስ ዘመነ መንግሥት ትልቁ ራስ አሊ ወደ ጎንደር ሄዶ የእንደራሴነት ስልጣን ሲይዙ የነበስታት ስልጣን በሙሉ ለእንደራሴዎች ተላለፈ::ይሂው ራስ አሊ ኧሚ፤ ሻሪ፤ፈቸና አሳሪ ሆነው የነበስታቱን ልጆች በመሳፍንት ትእዝዛ እየነገሱ ለስሙ ዘውድ ደፍተው በፋሲል ግንብ ውስጥ እንዲቀመጡ ተደረገ::…… (Marraaris Amaan, 2009:278)"



Diyaagiraamii-22: Hidda latiinsa Baalabbaatota Yajjuu

Gartuu Oromoota kaabaa 3ffaa kan ta'an Oromoonni Walloos akkuma obboloota isaanii amantii Islaamaa fudhachuufi bulchiinsa sirna gadaa gad-dhiisun warra warraan mootummoota xixxiqoo mata mataa isaanii ijaarachuun warra jalqabaati.

Walloo keessatti mootummooleen warrraa lakkoofsan ja'a ta'an bifa sanaan ijaaramanii turan.Mootumoota warraa kanneen keessaa kan warra Himanoo inni walakkaa bar-dhibbee 17ffaa keessa nama Godaanaa Baabboo jedhamuun hundeeffame seenaa Impaayera Itoophiyaa keessaatti iddoo guddaa qaba.Mootummaan warra Himanoo kun "Mootummaa Warra-Mamudootaa" jedhamuunis nibeekama.

"On the southern side of the Bashilo river, where Islam is believed to have had established previous to the Ahmad Gragn period, the Muslim Oromo and Oromo elements were more pronounced.The region became to be identified as Wallo, after the most important tribe that had settled in the area.

Towards the end of 18th century, a dynasity known as the Mammadoch and based at Warra Himanu established its hegemony over the whole region. The name of the dynasity was apperantly derived from its founder Mahaammad Ali (more known by his horse name Mahaammad Abba Jebo). The deathe of his grandson Abba Jiru Liban in 1825 marked the decline of Mammadoch power, as his descendants began to fight among themselves for supremacy, (Bahiru Zawude 2002:12)."


Seenaa mootummaa "Warra Himanoo ykn Mahamudoota" keessatti Godaanaa Baabboo akka angafa warratti waamamus mootummaa warraa kana kan hundeesse "Imaam Mahaammad Alii Godaanaa"ti.Abbaa Jabboos jedhame maqaa Fardaa isaatiin niwaamama. Mootummaan Warra Himanoo Imaam Mahaammad Aliitti aanee Imaam Amdee Mahaammad (Amdee Kolaase 1799-1815)fi Imaam Liiban Amdee (Liiban Abbaa Jiruu, 1815-1825)tiin bule.Bara Liiban Abbaa Jiruu, 1825 booda wal-morkii ijjolee isaa gidduutti uumameen mootummaan warra Himanoo iddoo saditti addaan qoqqoodame.

Bu'uruma ta'ii seenaa kanan wal-qabatee naannoon Maqdalaa, Imaam Amdee Liiban/Abbaa Meejjaa (1825-1838)tiin, bara 1838-1857tti ilma isaa Imaam Liiban Amdee bulaa ture. Bara 1857 yeroo Imaam Liiban Amdee du'u ilmi isaa Imaam Amdee Liiban (Abbaa Waxoo) umriidhan baayy'ee xiqqaa waan turef aangoo siyaasaa kan qabate haadha warra isaa giiftii Mastaawot turte.Haaluma kanaan bulchiinsi isaanii tokko lama jedhee hanga bara Imaam Abbaa Jabbaalitti (1881-1893) itti fufe.

Gama biraatiin, qaama bulchiinsa mootummaan warra Himanoo, naannoon Koram ilma Liiban Abbaa Jiruu kan biraa Imaam Bashir Liiban jedhamuun dhaalame.Kutaan kaaba Walloo immoo Imaam Alii Liiban/Alii Abbaa Bulaa (1825-1852)tiin dhuunfatame.Ammas kutaan bulchiinsa isaa kun du'a isaatin booda ilmaan isaatin iddoo lamatti gargar hirame.

Gamni kibba kutaa bulchiinsa isaa maqaa ilma isaa giiftii Warqituu irraa argate, Imaam Amdee Alii(isa Axee Teewudiroosin qalame)tin qabame.Gamni kaaba immoo ilma isaa dubarti biraa irraa argate Imaam Mahaammad Alii(Raas Mikaa'el)'n qabame.

Addaan hiramaa dhufuun bulchiinsa mootummaa warra Himanoo kun qondaalota naannichaa gidduutti walitti bu'iinsa uumuudhan wal-irratti isaan diinomse. Tokkummaa isaanii laaffisaa deemun harka diinatti isaanii kufisse.Sirni jireenyaafi tokkummaan isaanii laafaa deemun harka diinatti kufanis warraaksaa qolannaa roorrootin booda Oromoonni kaabaa (Walloo, Yajjuufi Raayyaa) naannoo woggoota 200tif walabummaa isaanii eegatanii naannicha keessa jiraachuu danda'anii turan.



Diyaagiraamii-23: Hidda Latiinsa Baalabbaatota Walloo

4.3 Haala Jireenya Oromoota Lixaa

Akka qabiyyee kitaaba kanaatti Oromoota lixaa jechuun hawaasa Oromoo konfadireeshinii Maccaa jalatti argaman hunda ilaallata. Kutaa qubsuma Oromoota Maccaa kana irratti baroota dheeraaf qorannoowwaan garagaraa adeemsifamaa waan tureef irra caalli dhugaa isaanii gurra ummataatti jira jechuun nidanda'ama.Akkuma beekamu qubsumnni Oromoota Maccaa naannoolee lixaafi kibba lixa Shawaa, Horroo Guduruu, Leeqaa Lamaan, Shanan Gibee, Iluu AbbaaBooraafi Daamot(Goojjam kibbaa) uwwisa.

Oromoonni Maccaa Oromoota Wallootti aananii warra sirna gadaa gad-dhiisun sirna Fiwudaalisimii dache Oromoo keessatti hundeessan ta'uun beekamaadha. Abbootin gadaafi qaalluuwwan Oromoota Maccaa sababoota gad-fageenyan qoratamu qabaniin jalqaba bar-dhibbee 19ffaa keessa kaasee duudhaa Oromoofi heerota sirna gadaa cabsuudhan sirna mootummaa gonfoo ijaarrachuu jalqaban.

Mootummoota kanneen keessaa: mootummoota Shanan Gibee (Liimmuu-Inaariyaa, Geeraa, Gumaa, Jimmaafi Gommaa), mootummoota Leeqaa (Leeqaa Naqamteefi Leeqaa Qeellam) akkasumas mootumoota kutaa biyya Iluubbaaboorifi Horroo Guduruu keessatti ijaaraman maqaa dhahuun nidanda'ama (Tasammaa Ta'aa, 1986:44-66).

Liimmuu-Inaariyaa (1800-1891) Saqaa irratti maatii Ibsaa Abbaa Bogibotiin, Geeraa (1830-1887) Gaattiraa irratti maatii Tulluu Gunjiitin, Gumaa (1795-1891) Dambii irratti maatii Ooncho Jiilchatiin, Jimma (1800-1941) Jireen irratti maatii Abbaa Jifaarin akkasumas Gommaa (1800-1886) Aggaroo irratti maatii Abbaa Booqaatin, Iluubaaboor maatii Abbaa Boraa/Caalii Shoneetin (Diima Caalii, Gogeessaa Diima, Fattansaa* Iluufi Firrisaa Abbaa Foggii faadhan) bulaa akka turan niyaadatama.

Gama biraatin Leeqaa Naqamtee maatii Bakaree Godaanatiin (Morodaa Bakaree, Kumsaa Morodaafi Hambisaa Kumsaa faadhan), Leeqaa Qeellam maatii Jootee Tulluutiin, Horroo-Guduruu Abishee Garbaatin,… kan bulaa turan yoo ta'u, kanneenin alattis naannicha keessatti mootummoonni xixxiqqoon kanneen akka: Leeqaa Billoo, Leeqaa Hordaa, Noolee Kaabbaa, Jimmaa Gannatiifi kkf qubsuma Oromoota Maccaa keessatti ijaaramanii turan.Oromoonni Daamot, kibbaa Goojjam keessaa jiraatanis bara 1325 yeroo amantii kiristaanaa fudhatanii kaasee amantii Waaqeffannaafi duudhaa sirna gadaa gad-dhiisun qondaalota Amaaraa waliin wal ta'anii aangoo kiristaanota Habashaa hirmaachuu jalqaban(Alamaayoo Hayilee, 2007:258).

4.4 Haala Jireenya Oromoota Giddu Galeessaa

Oromoota giddu-galleessaa jechuun koo Oromoota Tuulamaa(Daaci, Bachoofi Jiille) isaan walakkeessa biyyatti keessa jiraatan jechuu kooti.Akkuma hawaasa Oromoo kutaalee garaagara keessa turanii Oromoonni giddu galeessaa walakkaa bar-dhibbee 19ffaa keessa kaasee gosa gosaan adda wal-hiranii bulchiinsa mataa mata ofiitin bulaa turan.Qondaalonni gosoota kunneenis adeemsa yeroo keessa duudhaa sirna Gadaa cabsuudhan naannicha keessatti sirna mootii hundeesan.

Lak	Maqaa Abbootii biyyaa	Iddoo ykn Gosa
1	Abbaa Maalleefi Badhaasa Guddaa	Saggoo
2	Nagahoo Gammadaa	Kuyyu
3	Shanoo Waaqee	Dagam
4	Goobanaa Daaccii	Abbichuu
5	Gojii Baarii*	H/Haboote
6	Fuursaa Dabboo*	Warra Jaarsoo
7	Gaarii Duufaa*	Mandiida
8	Goshuu Gissillaa	Darroo/Darraa
9	Jaankaa Nagahoo*	Oborii
10	Mojoo Botoraa	Lummee
11	Galatee Turee	Sooddo
12	Tufa Munaa	Gullallee
13	Habeebee Tufa	Eekkaa
14	Alii Maaree, Birraattuu Goolee	Bacho (Meettaa)
15	Cangaree Sookilee*	Bacho (Suubba)
16	Maarnee Bulii*	Bacho (Iluu)
17	Caakaa Roobii	Bacho (Garasuu)
18	Shabbuu Bordee	Bacho (Uru)

Gabatee-24: Qondaaltoota Oromoo giddu galeessaa

**=gootota Oromoo tolaan harka hinlaatin agarsiisa*

4.5 Haala Jireenya Oromoota Bahaafi Kibba Bahaa

Yeroo kana keessa akkuma hawaasa Oromoo kutaalee biroo sirna jireenya Oromoota gama bahaa, kibba-bahaafi kibba Oromiyaa irrattis jijjiiramni garaagara ta'era. Addatti,Oromoonni Arsii falaasama amantii Ismaalaa falaasama jireenya Oromoo waliin wal-nyaachisuun Oromummaa isaanii osoo hindagatin walabummaa isaanii eeggatanii jiraachaa turan.Wiirtuuleen akka Madda Walaabu, Dirree Sheek Huseenifi Suufi-Omar akkasumas caasaan waraana diddaa-gabrummaa Oromoota Arsii (kan bar-dhibbee 19ffaa) seenaa kanaaf ragaadha.

Bifuma wal-fakkaatun, irra-caalli Oromoota Ituu, Humbanaa, Afran Qalloofi Anniyyaa dhiibbaawwan gama amantii, aadaafi siyaasaatiin kallattii garaagaraa irraa itti dhufaa turan hunda dandammachuun hanga walakkaa bar-dhibbee 19ffaatti bulchiinsa sirna gadaatiin bulaa turan.Gama biraatiin Oromoonni Karrayyuu, Booranaafi Gujii warreen naamusa bulchiinsa sirna gadaa irratti cichanii turuudhan haaromsa seenaa saba Oromootiif raacita bu'uraa kaa'an keessaa sadarkaa duraa irratti argamu.

Barruulee Wabii-4

1. Abbas Haji Gnamo (2002) Islam, the orthodox Church and Oromo nationalism (Ethiopia), Cahiers d'études africaines
2. Asafa Jalata (2010) Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview
3. Beke T. Cherlas (1848) "**On the Origin of the Gallas**," Report to the 1847 meeting of the British Association for the Advancement of Science, 13-18.
4. Cherri Reni Wemlinger (2008) **Identity In Ethiopia: The Oromo From The 16th To The 19th Century,** A thesis submitted in partial fulfillment of the requirements for the degree of Master of Arts in History Washington State University
5. Gadaa Melbaa (1988) Oromia: An Introduction, Khartuom, Sudan
6. Girma Awgichew Demeke (2009) **The Origin of Amheric**, Addis Ababa, Ethiopia
7. James Bruce (1769) **Travel to Discover the Source of the Nile** in the Years 1768-73, Edinburgh

8. Lewis Herbert (1965) **A *Gala Monarchy Jima Abba Jiffaar; Ethiopia, (***1830-1332) University of Wisconsin Press
9. Liqa A'ilaaf Luba Balaay Mokonnin (2007) **Kiristaanummaafi Oromoo Dur Irraa Hanga Ammattii,** Finfinnee
10. Mohammed Hassen (1994) **"The Pre-16th Century Oromo Presence Within the Medieval Christian Kingdom of Ethiopia,"** *in Honour of Paul Baxter, D* Brokensha (ed),
11. Mohammed Hassen, (1990). ***The Oromo of Ethiopia:*** *A History 1570-1760,* Cambridge University Press
12. Mordechai Abir (1968) ***Ethiopia:*** The Era of the Princes; The Challenge of Islam and the Re-unification of the Christian Empire 1769-1855, London: Longmans
13. Tamrat Taddesse (1972) **Church & State in Ethiopia** 1270-1527: Oxford Studies on African Afaairs: Orford University Press
14. Tamrat**,** Taddesse (1986). **Process of Ethnic Interaction and Integration in Ethiopian History:** The case of the

Agaw. *The Journal of African History* 29(1), Special Issue in Honour of Roland Olover,5-18

15. Teshome Amenu **(2008) The rise and expansion of Islam in Bale of Ethiopia: *Socio-cultural and political factors and inter- religious relations,*** The Norwegian Teacher Academy Department Of Philosophy Of Religious Education
16. Toleeraa Tasammaa fi Hundasaa Waaqwayyaa(1995) **Seenaa saba Oromoo fi Sirna Gadaa**
17. Tsega Etefa (2008) **Pan-Oromo Confederations in the Sixteenth And Seventeenth Centuries:** Journal Of Oromo Studies Vo15, N 1
18. እርቅይሁን በላይነህ (2006) የኢትዮጵያ ታሪክ ከኢመም አሕመድ እስከ ዐጤ ቴዎድሮስ፡ ያልተነገሩ፤ ያልተሰሙ፤ያልተነበቡ፤..... አዲስ አበባ
19. ይልማ ዴሬሳ (1959) **የኢትዮጵያ ታሪክ በአስራ 16ኛዉ ክፍለ ዘመን፤** ብርሃንና ሰላም ቀዳማዊ ኃይለ ስላሴ ማተሚያ ቤት
20. አለሙ ካሳ ረታና ሲሳይ መንግስቱ አዲሱ (2005) የራያ ሕዝብ የማንነት ጥያቄ እና የማዕከላዊ መንግስታት ምላሽ ከአፄ ዮሐንስ 4ኛ እስከ ኢህአዴግ